XIINXALA ERGAA GEERARSA DABOO: HAALA GODINA JIMMAA AANAA SOKORRUU

QORATAAAN: NAGAASAA DINQAA

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUTIIN GUUTTACHUUF

QOPHAA'EE, YUUNIVARSITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OG-BARRUUF DHIYAATE

SADAASA, 2015

JIMMAA, OROMIYAA

YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANITIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

XIINXALA ERGAA GEERARSA DABOO: HAALA GODINA JIMMAA AANAA SOKORRUU

QORATAAN: NAGAASAA DINQAA

GORSITUUN DURAA: ALAMITUU OLII (PhD)

GORSAA GARGAARAAN: CIMDII WAAQUMAA (I/A PROF.)

SADAASA, 2015

JIMMAA, OROMIYAA

Yuunivarsitii Jimmaa

Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbaruu ittiin guuttachuuf Nagaasaa Dinqaa Qana'aa, mataduree ' *'Xiinxala Ergaa Geerarsa Daboo: Haala*

godina Jimmaa aanaa Sokorruu " jedhurratti qophaa'e adeemsa barbaachisu guutee dhiyaatedha.

Koree Qormaataa

Gorsituun Duraa:_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Gorsaa gargaraaan:_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Qoraa Keessaa:_____Mallattoo_____Guyyaa_____

QoraaAlaa:_____ Mallattoo_____Guyyaa_____

_____

Itti Gaafatamaa Muummee yookiin Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon kiyya armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uufi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaanne ta'uusaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Nagaasaa Dinqaa Qana’aa

Mallattoo _____

Guyyaa_____

Galata

Hunda dura hojii qorannoo kana na jalqabsiisee na xumursiisee Waaqayyo guddaa hundaa ol ta'e galanni haa ta'uufiin jedha. Itti annsuudhaan, gorsituu koo Dr. Alamituu Olii hamiileefi kaka'umsa daangaa hin qabneen dadhabbiifi nuffii tokko malee yeroo isaanii aarsaa gochuun gorsaafi hubannoo cimaa naaf kennuun hojii koof jabina naaf ta'aniru. Hamiileefi dandeettiin ittiin hojjedhu na gonfachiisuun hanga hojiin qorannoo eegalamee xumuramutti deggarsa gama hundaafi qabiyyee hojii koo qajeelchuun kan na faana ta'aniif galanni koo daanga hin qabu. Akkasumas, hojii qorannoo kana keessatti milkaa'ina hojii koof gorsaafi deggarsa ogummaa naaf kennuun kan na jajjabessan gorsaa gargaaraa koo Cimdii Waaqumaatiif galatni koo guddaadha. Gama biraatiin kanneen deggarsa maallaqaa, yaadaafi hamiilee naaf kennan haadhakoo Gonfee Tunnee, obbolaawwankoo Fiqaaduu Dinqaa, Gaarummaa Dinqaa, barsiistuu Boontuu Dinqaa, Awwaaqii Dinqaa, Sanbatoo Dinqaafi Badhaasaa Dinqaa galanni koo onnee irra madde isaaniif haa ta'u! Dhumarrattis, manguddootaafi dargaggoota aanichaa ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisu kennuun galma ga'insa qorannoo kanaaf ga'ee oolanaa gotaniifi b/saa Lammii Nugusaafi Tasfaayee Gammachuu suuraafi viidiyoo waraabuun kan na waliin turaniif galannikoo guddaadha.

BAAFATA

Qabiyyee Fuula

Galata iii

Jibsoo viii

Axereeraa ix

BOQONNAA TOKKO: SEENSA 1

1.1. Seen-duubee Qorannichaa 1

1. 2 Ka'umsa Qorannichaa 2

1. 3 Kaayyoo Qorannichaa 3

1. 3. 1 Kaayyoo Gooroo 3

1. 3. 2 Kaayyoo Gooree 3

1. 4 Barbaachisummaa Qorannichaa 3

1. 5 Daangaa Qorannichaa 4

1.6 Hanqina Qorannichaa 4

1. 7 Qindoomina Qorannichaa 5

1. 8 Ibsa Naannoo Qorannichaa 5

1.8. 1 Kaartaa Godina JimmaaAgarsiisu 6

Suuraa 1 Kaartaa Godina Jimmaa Agarsiisu 6

Maddi Toora Interneetii 6

1. 8. 2 Kaartaa Aanaa Sokorruu Agarsiisu 6

1. 8. 3 Haala Gurmaa'insootaafi Haala Uummataa 7

1. 8. 4 Haala Jiruufi Jireenya Hawaasa Aanichaa 7

1. 8. 5 Adeemsa Fuudhaafi Heeruma Hawaasa Aanichaa 8

1. 8. 6 Bakka Seena Qabeessaafi Hawwata Turizimii Aanichaa 9

1. 8. 7 Haala Itti Fayyadama Lafaa Aanichaa 10

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII 11

2. 1 Fookloorii 11
2. 2 Gooroowwan Fookloorii 13
2. 3 Afoolaa 13
2. 4 Goorowwan Afoolaa 14
2. 4. 1 Af-seenaa 14
2. 4. 2 Af- walaloo 14
2. 4. 3 Qareeyyii 15
2. 5 Afwalaloo 15
2. 6 Gooroowwan Afwalaloo 17
2. 7 Geerarsa 17
2. 8 Gooroowwan Geerarsaa 19
2. 9 Geerarsa Daboo 19
2. 10 Yoomessa Geerarsa Daboo 20
2. 11 Qabiyyee Geerarsa Daboo 21
2. 12 Faayidaa Geerarsa Daboo 21
2. 12. 1 Fayidaa Gama Hawaasummaafi Eenyummaa Cimsuun 22
2. 12. 2 Faayidaa Gama Dinagdee Cimsuun 22
2. 12. 3 Faayidaa Gama Hubannoo Siyaasaa cimsuun 23
2. 13 Yaadxina Qoranichaa 23
2.13.1 Yaadxina Foormulaa Afaanii (Oral-Formulatic Theory) 24
2. 13. 2 Yaadxina Faayideessummaa (Functional Theory) 24
2. 14 Sakatta'a Qorannoo Aantee 25
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO 27
3. 1 Saxaxa Qorannichaa 27
3. 2 Irraawwatama Qorannichaa 27
3. 3 Madda Ragaa Qorannichaa 27

3. 4 Iddattoofi Mala Iddatteessuu 28
3. 5 Meeshaalee Funaansa Ragaalee 29
3. 5. 1 Afgaaffii 29
3. 5. 2 Daawwannaa 29
3. 5. 3 Marii Garee 30
3. 6 Malleen Galmeessa ragaalee sassaabuu 31
3. 7 Ragaalee adda baasuu 31
3. 8 Malleen xiinxala ragaalee 31
3. 9 Naamusa (sakkoo) Qorannichaa 32
BOQONNAA AFUR: RAGAALEE XIINXALUUFI HIIKUU 33
4. 1 Geerarsa Daboo Qonnaa 33
4. 1. 1 Cimina ibsuuf 34
4. 1. 2 Waljajachuuf 46
4. 1. 3 Gaabbii agarsiisuuf 47
4. 1. 4 Barbaachisummaa Hojii Ibsuuf 48
4. 1. 5 Qeequuf 52
4. 1. 6 Akeekkachiisuuf 54
4. 1. 7 Rakkina ibsuuf 55
4. 1. 8 Komii agarsiisuuf 56
4. 1. 9 Hanqina mul'ate saaxiluuf 57
4. 2 Geerarsa Yeroo Midhaan Haamanii 58
4. 2. 1 Cimina Ibsuuf 58
4. 2. 2 Onnachiisuuf 60
4. 2. 3 Qeequuf 62
4. 3 Geerarsa Yeroo Calleessaa Midhaanii 64
4. 3. 1 Cimina ibsuuf 64

4. 3. 2 Barbaachisummaa ibsuuf 66

4. 4 Geerarsa Yeroo Mana Ijaaran 68

4. 4. 1 Cimina ibsuuf 68

4. 4. 2 Hawwii qaban ibsuuf 70

4. 4. 3 Inaaffaa Agarsiisuuf 70

4. 4. 4 Qeequuf 71

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO 73

5. 1 Cuunfaa 74

5. 2 Argannoo 74

5. 3 Yaboo 75

Wabiilee 77

Dabalee A i

Dabalee B ii

Dabalee C iii

Dabalee D iv

Dabalee E v

Dabalee F v

Dabalee G vi

Jibsoo

Af…….	**Tur**
Bodee……..	Eeboo
Dabi……..	Maqi/ gori
Efee……	Bakka/iddoo
Giidoo…….	Humna
Haaroo…….	Bo'oo /yaa'a
HammaQusumaa……	Hamma sii qabe/ Hamma si gahu
Haraama……	Cubbuu/Nagaroo
Miskiina…….	Hiyyeessa /Deegaa
Qoosaatti…….	Salphaatti
Quttoo……..	Awwaara/Dhukkee
Raaree……	Dhoqqee/Bacaqii
Ta'aabbii……	Ifaajii/ Carraaqqii
Waanjoo……..	Harqoota
Waraandhiigessa……	Nama nama waraanee biyyaa bade
Warra…….	Haadha manaa/Haadha warraa
Xaafitaa……..	Naccii

Axereeraa

Kaayyoon qorannoo kanaa xiinxala ergaa geerarsa daboo godina Jimmaa Aanaa Sokorruurratti kan xiyyeeffatedha. Ka'umsi qorannichaa qabiyyeefi faayidaan geerarsa daboo hojii irratti xiyyeeffatan maal maal akka ta'an xiinxalee ibsuuf, geerarsoota hojii akkamiifi yoomessa kami keessatti akka gaggeeffamu, adda baasuufi dhaloota ammaa ergaawwan geerarsa daboo kanaa hubachisuun dhalootni haaraa itti fufsiisu yaada jedhutu qorataa kana kakaase. Malli qorannoo Kun ittiin adeemsifames mala akkamtaati. Gosni qorannoo kanaas qulqulleeffataa yoo ta'u iddattoon itti dhimma bahames idattoo akkayyoofi iddattoo darbaan dabarsaati. Maddi odeeffannoo qorannichaas madda odeeffannoo tokkoffaa maanguddootaafi dargaggoota geerarsa daboo irratti hubannoofi muuxannoo qabu jedhamanii yaadaman aanaa Sokorruu keessa jiraatanidha.Meeshaalee funaansa ragaa qorataan itti fayyadamees afgaaffii, marii gareetiifi daawwnnaadha. Yaadxinni qorannoon kun bu'uureeffate yaadxina afaaniifi foormulaa yaadxina faayideessummaa fayyadamuun ergaa geerarsa daboo xiinxaluuf dhimma itti bahameera. Ragaaleen mala qorannoo akkamtaa keessaa xiinxala ergaa bu'uureffachuun argannoowwan armaan gadii qorannoo kanaan adda baheera.Isaanis: Yoomessa geerarsa daboo: geerarsa daboo yeroo qonnaa, geerarsa daboo yeroo haamaa midhaanii, geerarsa daboo yeroo ijaarsa manaa, geerarsa daboo yeroo calleessa midhaanii akka ta'e qorannoo kanaan adda baheera. Qabiyyeewwan geerarsa daboo ibsan: Hubannoo hawaasummaafi eenyummaa cimsuu, Diinagdee cimsuu, hubannoo siyaasaa cimsuu akka ta'e adda baheera. Ergawwan geerarsa daboo: cimsuuf, jajuu, gaabbii, barbaachisummaa ibsuu, qeequu, akeekkachiisuu, onnachiisuu, hawwii ibsuu, inaaffaa agarsiisuu akka ta'e qorannoo kanaan ibsameera. Faayidaa geerasi daboo: fedhiifi kaka'umsa hojii namatti horuun hojii oomishaatiif milkaa'ina kenna, hojiif miira namaa kakaasuuf, namoota gidduutti miira waliin dorgommii uumuun misooma saffisiisuun galii misoomaa kan olguddisu ta'uu ibsameera. Yaboo:Gamtaan hojjechuu keessatti hawaasichi (manguddoonni) qabiyyee geerarsa daboo dhiyaatan maalfaa akka ta'e, akkamitti akka dhiyaataniifi maaliif akka barbaachisan hawaasichi ijoollee (dargaggoota) barsiisuun hubannoo keessatti uumuun qajeelchuu qabuIlaalchota hordoftoonni amantii garaagaraa geerarsa daboo irratti qaban karaa abbootii amantiifi gaggeessitoota amantii sirraa'ee akka duudhaa uummatichaatti fudhatamee yoo kunuunfame gaarii ta'a.Waajjirri aadaafi tuurizimii, barsiisonni Afaan Oromoofi qaamni dhimma kana ilaalu biroon waliin ta'uun geerarsa daboo sassaabuun bifa dookumemteriifi barreeffamaan osoo kaa'anii dhaloonni dhufan akka irraa baratan taasisani gaariidha.

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon gaggeeffamu tokko maaliif akka geggeeffamu, bu'aa maalii akka buusu akkasumas eessaa hanga eessaatti akka deemu gabaabinaan kan qorataan kessatti ibsuudha. Qorannoon kaayyoofi sababa ittiin adeemsifamu qaba. Namni qorannoo adeemsisu tokko maaliif akka qorannoo sana adeemsisuufi galma akkamiirra gahuu akka barbaadutu sammuu qorataa keessa jira. Kana jechuunis qorataan kaayyoo qorannaa isaa bira gahuuf akkasumas sababa maaliif qorannoo isaa adeemsisuu akka barbaade deebisuudhaan galma barbaaderra akka gahu waan irratti xiyyeeffatu qaba jechuudha. Haaluma kanaan walqabatee qorannoon kunis boqonnaa tokkoffaa qorannoo kanaa keessatti qabxiilee kanneen akka: seen-duubee qorannichaa, ka'umsa qoranichaa, kaayyoowwan gooroofi gooree qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, qindoomina qorannichaafi seenduubee bakka qorannoo walduraa duubaan kan of keessatti haammateefi ibsa barbaachisaa irratti kennedha.

1.1. Seen-duubee Qorannichaa

Geerarsi afoola Oromoo unka gaggabaaboo qaban keessaa tokko ta'ee bifa walaloon kan dhiyaatuudha. Geerarsi sagalee geeraraan dhageessisuun dhiyaatee gochaanis deggeramee geerarama; walaloo ittiin dhiyaatu, yeedaloo ittiin dhiyaatuufi qabiyyee irratti dhiyaatu qaba. Geerarsi caasaa ittiin dhiyaatee geeraramu qabu hordofamee qaroominni qabiyyee isaa keessaa xiinxalame yoo ibsame dhaloota haaraaf dhiiyaatee, dhaloonni haaraan waan raaceta barreeffama walaloo ammayyaaf ta'uu malu ittiin hubatee itti gargaaramu danda'a. Haala amala afwalaloo geerarsa keessaa xiinxalani beekuun waan barreeffama walaloo ammayyaaf raaceta ta'u ittiin bu'uura buufachuf ta'a. Kana malees, qaroominni qabiyyeesaa keessaan waan jiruufi jireenya dhuunfaa ofiifi kan waliinii, akkasumas waan hawaasummaa, waan dinagdeefi dhimma siyaasa ittiin hubachuufi wal hubachiisuuf, ittin wal barsiisuuf, ittiin yaada ofii ibsachuufi kkf irratti faayidaa guddaa qaba.

Kana jechuun afwalaloon geerarsaa ijaarsa aadaa hawaasummaa, ijaarsa xiin- sammuu hawaasaafi ijaarsa dinagdeef ooluun faayidaa kennaa tureera; har'as kan tajaajila kennaa jirudha. Haala faayidaa walii galaaf-walaloo geerarsi qabaatu kana beekanii akka dhaloota haaraaf itti fufiinsaa faayidaa qabaatu gochuuf qabiyyeewwan geerarsa daboo maal fa'i? ergawwan qabiyyee geerarsa daboo maali? Faayidaa geerarsi daboo qabu maali? yoomessi geerarsa daboo maal fa'i? akka ta'e Kan xiinxaledha. Borsanyii (2012) Tasammaa (1994, f. 202) wabeeffachuun yoo ibsu, Oromoonni durii kaasanii daboo walii qotanii, waliin haamanii jigii walii bahanii dilbii kan olkaawwatan ta'uu dubbata. Daboon mallattoo

quufaafi badhaadhinaati. Yeroo quufaa kanas, weeddisuu, geeraruufi sirbuun waanuma jirudha. Wanti sirbamuu, geeraramuufi weeddifamu sunis bal'inaan dhimmoota hojii yookiin misooma hawaasichaa wajjiin walqabata.

Qorannon kunis kan barbaachiseef hawaasa Oromoo biratti dhimmoota jiruufi jireenya isaanii keessatti karaa al-idileen miireffannaaleefi quuqama yaada isaanii afwalaloon kan ibsatan waan ta'eef hawaasichi yeroo hojii daboon geerarsa achitti geeraraman haala galumsa aadaa hawaasaa keessatti Kan xinxalamedha. Akkuma milkaa'ina hojiif dhangaan nyaataaf dhugaatii barbaachisaa ta'e geerarsi daboo gahee olaanaa waan qabuuf hawaasa Oromoo godina Jimmaa aanaa Sokorruu biratti geerarsa daboo yeroo qonnaa, haamaa, mana jaarsaafi calleessaa midhaaniitti bal'inaan dhiyaatan Kan xiinxalamedha.

1. 2 Ka’umsa Qorannichaa

Yeroo ammaa itti fayyadamni geerararsa daboo xiyyeeffannoo dhabaa dhufeera. Kanaafis, sababa kan ta’e unkaaleen ogafaan garagaraa haala siyaasa, ayidoloojii, giloobaalaayizeeshinii, amantii ammayyaafi ammayyoomaan kan ka’e laafaa/xiyyyeeffannoo dhabaa deemuu isaati. Miidhaaleen roga adda addaan mul’atan afwalaloo hojirratti dhiibbaawwan karaa garaa garaa waan fidaniif akka dagatamaa dhufu ta’eera. Kanaafuu, qorannoon kunis ergaawwan geerarsa yeroo daboo raawwataman galumsa aadaa hawaasaa keessatti kan xiinxalamedha. Kana malees, dhiibbaawwan irra jiraniifi ilaalchota dogoggoraa aartii duudhaa raawwii hojii waliin walqabatanii hawaasa keessatti mul’atan kan ibsedha.Yeroo ammaa geerarsi daboo hawaasa aanaa Sokorruu biratti rakkoo hubannoo jiraachuunsaa odeeffannoo iddattoo aanichaarraa fudhadheen hubachuu danda’eera. Qabeenya hawaasichaa rakkoo hubannoon dagatamaa jiru kana badii irraa baraaruuf ammoo qorannoon kun barbaachise.

Kanaaf, qorataa kana kan kakaase qabiyyeefi faayidaan geerarsa daboo hojii irratti xiyyeeffatan maal maal akka ta’an xiinxalee ibsuuf. Akkasumas, geerarsoota hojii akkamiifi yoomessa kami keessatti akka gaggeeffamu, adda baasuuf qorannoo kana gaggeesse. Dhaloota ammaa ergaawwan geerarsa daboo kanaa hubachisuun dhalootni haaraa itti fufsiisu qabu yaada jedhu qabachuun qorannoo kana geggeesse.

waraqaalee qorannoo garaagaraa kanneen mata duree kana waliin walitti dhiyaatan muraasa sakatta’eera. Isaanis: qorannoo digirii lammaffaa Borsanyii (2012) mataduree ‘Xiinxala Afwalaloowwan Hojii Daboo Oromoo Maccaa, Aanaa Nuunnuu Qumbaa’ jedhu irratti Baha Wallaggaatti geggeeffame Irratti kan xiyyeeffateefi Dammituu Aagaa qorannoo digirii lammaffaa (2011) mata duree “Xiinxala qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa: Godina Wallagga Lixaa aanaa Boojji Dirmajiitti” geggeeffame irratti kan xiyyeeffatedha.

Qorannooleen kunniin dhimmoota afwalaloo Oromoo maccaa irratti hojjetamuun isaa qorannoo kanaa wajjiin walfakkeessa. Haata'u malee, kaayyoon isaaniis ta'e bakki qorannoo garaagara. Isaanis: Kan Borsanyii akaakuu afwalaloo yeroo daboo ta'ee sirba, weedduu, geerarsaafi eebba dabooirratti kan hojjetame yoo ta'u, kan Dammituu immoo duuchaadhumatti af-walaloo geerarsa Oromoo irratti kan xiyyeeffatedha. Walumaagalatti, qorannowwan lamaan gaggeeffaman baay'inaan kan irratti xiyyeeffatan afwalaloo Oromoo walitti qabanii xiinxaluurrattidha. Qorannoon kun immoo qaawwa qorannooleen kun lamaan qaban duuchuuf af-walalowwan Oromoo hedduu jiran keessaa geerarsa daboo qofa xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha. Haaluma kanaan, qorannoon kun gaaffiilee bu'uuraa armaan gadii deebisuuf gaggeeffame:

1.Yoomessi geerarsa daboo maal fa'i?
2.Qabiyyeewwan geerarsa daboo maal fa'i?
3.Ergaawwan geerarsa daboo maali?
4.Faayidaan geerarsi daboo qabu maali?

1. 3 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon tokko kaayyoo irratti xiyyeeffatee gaggeeffamu qaba. Qorannoon kun kaayyoo gooroofi gooree kanaa gadii irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamedha.

1. 3. 1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa qabiyyee geerarsa daboo haala godima Jimmaa aanaa Sokorruu xiinxaluudha.

1. 3. 2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooree qorannoo kanaa:
1.Yoomessa geerarsa daboo adda baasuu;
2.Qabiyyeewwan geerarsa daboo adda baasuu;
3.Ergaawwan geerarsa daboo ibsuufi
4.Faayidaan geerarsi daboo qabu ibsuu;

1. 4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo Kana keessatti Xiinxala ergaa geerarsa daboo aanaa Sokorruuu irratti xiyyeeffatanii Walitti qabaman ergaa ijoo qabiyyee isaanii karaa hawaasummaafi dinagdee adda baasuun kan ibsamedha.

Qorannoon kun hawaasni biyya tokkoo karaatti hawaasummaafi dinagdee isaanii keessatti cimina, barbaachisummaa, jajuu, qeequu, inaaffaa, gaabbii, gorsafi kkf. eenyummaafi qabeenya isaarra ga'e geerarsa dabootti fayyadamee kan ittin dhiyeessuufi hawaasa isaa daddamaqsuuf fayyadamudha. Kana malees, qorannoon kun qabiyyee geerarsa daboo cimina, barbaachisummaa, qeeqa, inaaffaa, gaabbii, onnachiisuufi kkf. funaanee xiinxaluuniifi galmeessuun dhaloota dhufuuf dabarsuudha. Gama biraatiin immoo qorratoota dhimma kanaafi kanaan kan walfakkatan irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka madda ragaatti fayyada. Qorannoo kana gaggeessuun qaamoota adda addaaf bu'aa kennuun danda'a. Isaaniis: namoota mata duree kana fakkaatu irratti qorannoo bal'aa adeemsisuu barbaadaniif karaa ni qabsiisa, geerarsi daboo kun karaa hawaasummaa, dinagdeefi aadaa gadfageenyaan xiinxaluun haala waliigala ummanni Oromoo keessa jiru agarsiisuf gahee ol'aanaa qaba, barnoota afaanii barsiisuuf qabiyyee isaa haala adda addaan gargaaramuun barnoota kennuu ni dandeesisa, guddina qorannoo fookiloorii Oromoof kan gumaachuufi qorannoon fookiloorii xiyyeeffannaa akka argatu ni taasisa, qabiyyee geerarsa daboo irratti hunda'anii geeraraman irratti dhalooni hubannoo isaanii akka cimsatan ni kakaasa.

1. 5 Daangaa Qorannichaa

Afoolli Oromoo bal'aadha. Damee hedduu ofjalatti hammata. Kanneen akka: durdurii, hibboo, afwalaloo geerarsa, weedduu jaalalaa, sirba gaa'eelaafi kkf maqaa dhahuun ni danda'ama. Dameewwan kanneen bakka tokkotti fidanii qo'achuun ammoo yeroo murtaa'e keessatti waan danda'amu miti. Baasii xiqqaanis nama hin ga'u. Kanaafuu, qorannoon kun kallattiidhaan kan irratti xiyyeeffatu xiinxala ergaawwan geerarsa daboo godina Jimmaa aanaa Sokorruu xiinxalurratti kan daanga'edha . Sababni Qoratichi godina Jimmaa aanaa Sokorruurratti daangeffateefis, qabiyyeefi faayidaan geerarsa daboo hojii irratti xiyyeeffatan maal maal akka ta'an xiinxalee ibsuuf. Akkasumas, geerarsoota hojii akkamiifi yoomessa kami keessatti akka gaggeeffamu, adda baasuuf qorannoo kana gaggeesse. Dhaloota ammaa ergaawwan geerarsa daboo kanaa hubachisuun dhalootni haaraa itti fufsiisu qabu yaada jedhu qabaachuun qorannoo kana geggeesse.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun yeroo gaggeeffamu qorataa hanqinaalee garagaraatu mudate jira. Kunis dhimmoota mata duree koon walqabatanii irratti hin xiyyeefatamiin: itti fayyadama afaanii geerarsoota kana keessaa Sirnaan ilaaluu dhabuu, caasaalee isaanii ilaaluu dhabuufi qorannoowwan adda addaa aantee ta'an baay'inaan dubbisuu dhabuu. Haa ta'u malee, tattaaffii qorataan taasiseen ragaa himtoota irraa

odeeffannoo argateefi hubannoo isaa dabaluun yoomessa, qabiyyee, ergaafi faayidaa geerarsa daboo xiinxalee qorannoo kana hojjetee xumureera.

1. 7 Qindoomina Qorannichaa

Waraqaan qorannichaa boqonnaawwan gurguddoo shanitti qoodame jira. Boqonnaan tokko seen-duubee qorannichaa waliigalaan ibsa. Kunis seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, qindoomina qorannichaafi ibsa naannoo qorannichaati. Boqonnaa lama sakkatta'a barruu walfakkiiti. Boqonnaa kana keessatti barruulee, yaadxinaafi barruu walfakkiitu dhihaate. Boqonnaan sadii mala qorannichaati. Mata duree kana jalatti saxaxa qorannoo, irraawwatama qorannichaa, madda odeeffannoo, iddattoo, meeshaalee funaansa ragaa, malleen xiinxala ragaaleefi naamusa qorannoofaatu dhihaate.

Boqonnaan afur ragaa xiinxaluufi hiikuudha. Kutaa kana keessatti ragaalee af-gaaffii, marii gareefi daawwannaan funaanamantu xiinxalamuun ibsamee jira, Boqonnaa shan keessatti gudunfaa, argannoofi yaboo qorannichaati. Mata duree kana jalatti xiinxala ragaalee irraa argannoowwan argaman duraa duubaan erga dhihaatanii booda argannoowwan kanneen irratti hundaa'uun qorataan hanqinoota jiran furuuf wantoota furmaata jedhee yaade kutaa kana keessatti dhiheessee jira.

1. 8 Ibsa Naannoo Qorannichaa

Akkuma daangaa qorannoo jalatti ibsamuuf yaalame qorannoon kun Godina Jimmaa Aanaa , Sokorruurratti fuulleffachuun kan gaggeeffame yoo ta'u odeeffannoon bakka qorannoo kanaa ibsu bifa armaan gadiin kan ibsamedha.

1.8. 1 Kaartaa Godina JimmaaAgarsiisu



Suuraa 1 Kaartaa Godina Jimmaa Agarsiisu

Maddi Toora Interneetii

1. 8. 2 Kaartaa Aanaa Sokorruu Agarsiisu

Kaabaan: Uummattoota Kibbaa Kibbaan: Botor Xollaayi Bahaan: Uummattoota Kibbaa Lixaan: Oommoo Naaddaa. Aanaan Sokorruu Magaala Jimmaarraa irraa km 98 irratti. Magaalaa Muummee Oromiyaa, Finfinnee irraa km 280 fagaattee argamti.



Suuraa 2 Kaartaa Aanaa Sokorruu Agarsiisu

Maddi: Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Sokorruu

1. 8. 3 Haala Gurmaa'insootaafi Haala Uummataa

Aanaan Sokorruu kun gandoota baadiyyaa 40 (afurtama) fi gandoota magaalaa 3 (sadii) walitti ganda 43 (afurtamii sadii) of keessaa qabdi. Gama baay'ina uummataatiin aanaan Sokorruu walii galaan dhiira 100,410 dub 100,209 ida'ama 200,619 kanneen keessaa magaalaa kan jiraatan dhiira 10,999 dubara 10,978 baadiyyaa kan jiraatan dhiira 89,410 dubara 89,232 ida'ama 178,642

(Maddi:Waajjira Bulchiinsa Aanaa Sokorruu)

1. 8. 4 Haala Jiruufi Jireenya Hawaasa Aanichaa

Haalli jiruufi jireenya hawaasichaa irra caalaa qonnarratti kan bu'uuredha. Hawaasni aanaa Sokorruu hawaasa yeroo gaddaas ta'e gammachuu bifa gamtaan waldeeggaree jiraatudha. Kallattiiwwan hawaasichi waldeeggaru keessaa afooshni iddoo olaanaa qaba. Hawaasni naannoo kanaa daboofi afooshaan walgurmeessuun hojii garaagaraa irratti waldeeggaruun beekama. Akkasumas hojii tola ooltummaa kanneen akka daboo waliif dhaquun walgargaaruun beekamu. Kanarraa ka'uun hawaasichi

hawaasa tokkomee jiraatudha. Aanaa qorannoon kun irratti gaggeeffame keessa hordoftoota amantaa garagaraatu jiraata. Isaanis: Hodoftoota amantii Musilimaa, Ortodoksiifi piroteestantiidha.

1. 8. 5 Adeemsa Fuudhaafi Heeruma Hawaasa Aanichaa

Fuudhaafi heerumni kallattii hawaasni ittiin bultii ijaarratee walgargaaree jiraatudha. Hawaasa aanaa Sokorruu birattis dhimmi kun haalan beekamaadha. Akka aanaa Sokorruutti gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa tokko nikaadha. Nikaan gosoota bultiin ittiin ijaaramu keessaa tokko ta'ee fedhii maatii gurbaafi maatii intalaa giddu galeeffatee kan raawwatudha.

Nikaan adeemsa mataa isaa kan qabu yoo ta'u adeemsa nikaa duriifi ammaa gidduu garaagarummaan jiraachuu mala. Akka dur turetti warri gurbaa erga warra intalaa irraa kadhachuu barbaadaniifi intala mucaasaniif taatu murteessanii booda, mucaan intala dhoksaan akka ilaallatu taasisu.

Raawwii kana booda waraqaa barreesssuun nama warra intalaatti dhiyaatuun gara maatii intalatti ergu.Kana booda maatiin intalaa firaa isaanii mari'achuun intala isaanii gurbaaf kennuufi dhiisuu isaanii waraqaa barreessuun namicha xalayyaa fidetti kennu. Namichis waraqaa warri intalaa barreessan sana deebisee warra gurbaatti kenna; warri gurbaas warri intalaa, intala isaaniif kennuufi dhiisuu isaanii waraqaa barreeffame sanarraa ni hubatu.

Yeroo amma garuu nikaan gurbaafi intalli erga walii galanii booda warraan ga'achuun adeemsi warroommii kan raawwachaa jirudha. Adeemsa kana booddee gurbaan jaarsolii gara warra intalaatti ergata. Jaarsoliin kunis yeroo mana warra intalaa dhaqaan waan qabatanii deeman qabu; Caatii, Sukkaaraafi lallaafaa kaasettaan, akkasumas qarshii hanga ta'e qabatanii deemu. Kana booda erga mana warra si'a lama deemanii guyyaa fuudhaa qabatanii galu. Guyyaa cidhaas gurbaan hiriyyoota isaa waliin deemuun intala fudhatee gala. Yoo barbaachisaa ta'es fedhii intalaafi gurbaan yoo ta'e guyyaan cidhaa osoo hinga'iin walfudhatanii galuunis nimul'ata.

Gosa fuudhaafi heerumaa inni lamaffaan waliin deemuu (fedhii) dha.Waliin deemuun kallattiin bultoon ittiin ijaaramu ta'ee wal jaalala gurbaafi intalaa giddugaleeffachuun intalli ykn gurbaan osoo maatishee hin beekiin gurbaa jaallatte sana waliin deemuuf murteessiti. Kana booda manguddoon gidduu galuun dubbii fixanii akka isaan bultii ijaarratanii waliin jiraatan taasisu.

(Maddi: obbo A/Olii A/Fiixaafi obbo A/Jihaad A/Diggaa)

1. 8. 6 Bakka Seena Qabeessaafi Hawwata Turizimii Aanichaa

Aanaan Sokorruu bakkeewwan hawwata turizimiif ooluu danda'an hedduu qabdi. Isaanis kanneen akka: Masjiida Saddeeqaa, barreeffama mufti saddeeqiyyii, holqa Cophaa, roobii laga Gibee, Tulluu Daraarfi Xapha Adaa Saddeeqaa

Suuraa 3 Bakkeewwan Seena qabeessaafi Hawwata Turizimii Aanichaa Agarsiisu

(Maddi Aadaafi Turizimii Aanichaa)

1. 8. 7 Haala Itti Fayyadama Lafaa Aanichaa

Aanaan Sokorruu bal`ina lafa waliigalaa hek 92,744 midhaan waggaa/annual crop hek 33, 858 midhaan yeroo dheeraa hek 11,000 lafa boosonaa hek 16,541 lafa dheedicha hek 6,003 kan fuldura misoomuu danda'u hek 9, 812 lafa ijaarsa adda addaaf ooluu danda'u hek 8, 900 lafa misoomuu hindandenye hek 5, 721 qabdi. (Maddi: Waajjira bulchiinsa aanaa Sokorruu)

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII

Qorannoo tokko geggeessuuf yaada hayyootaa mata duree qorannichaa waliin walitti dhufeenya qaban sakkatta'uun barbaachisaadha.Sababni isaas, dhimma qorannicha irratti geggeeffamu sana ilaalchisee beektonni dursanii maal akka jedhan sakkatta'uun qorannichaaf kallattii agarsiisuu danda'a waan ta'eef .Akka Dammituun (2011, f. 8) Berg B. (2001, f. 19) Wabeeffachuun ibsitetti, barreeffamoota armaan dura kan mata duree qorannichaan hidhata qaban sakkatta'uun faayidaa inni qabu keessaa tokko argannoowwan hojii qorannootiif barbaachisan gabbifachuudha. Qoratichis sakatta'a barruu kana keessatti mata dureewwankanneen akka fookiloorii, gooroowwan fookiloorii, afoolaa, gooroowwan afoolaa, af-walaloowwan, gooroowwan af-walaloowwanii, geerarsa, gooroowwan geerarsaa, geerarsa daboo, yoomessa geerarsa daboo, qabiyyee geerarsa daboo, faayidaa geerarsa daboo, yaadxina qorannichaafi sakatta'a qorannoo aanteewaliin walqabatan sakatta'ee qorannoo kana keessatti kaa'ee jira.

2. 1 Fookloorii

Uummanni kamiyyuu durii jalqabee qaroomina bu'uura eenyummaa isaa dhalootaa dhalootatti lufsiisaa ture niqaba. Beekumsi bu'uuraa sabni /hawaasni/ kun qabu keessaa tokko fooklooriidha. Fooklooriin eenyummaa uummataa calaqqisisuuf akka leecalloo guddaatti kan ilaalamudha. Fooklooriin aadaa, ilaalcha, amantii, duudhaa, safuufi sona hawaasa hunda ittiin ibsachuuf, labata haaraaf ittiin dabarsuuf, muuxannoofi beekumsa walgonfachisuuf akka meeshaatti kan tajaajiludha. Kana ilaalchise: Fooklooriin akka yaada kanaatti, ilaalcha hawaasaa, hubannoo hawaasaa, akkasumas akkaataa hawaasni tokko ilaalcha addunyummaa ittiin ibsatu, sonaafi amantii qaban ittiin ibsatu hunda hammata. Fooklooriin waantoota afaaniin darban firiiwwan afoolaa: muuziqaa, oguma keessattuu mammaaksaafi jechamootni yaada miira eenyummaafi hambaa seenaa akka ibsanidha. Sims and Stephens (2005, f. 8) fookiloorii yoo ibsan:

> Folklore is informally learned, unoffi cial knowledge about the world, ourselves, our communities, our beliefs, our cultures and our traditions, that is expressed creatively through words, music, customs, actions, behaviors and materials. It is also the interactive, dynamic process of creating, communicating, and performing as we share that knowledge with other people.

Ibsa isaanii kanarraa wanta hubatamuu danda'u duudhaan karaa hawaasni dhalootaa dhalootatti bararraa baratti kan afaaniin daddarbeefi barsiifata amantii aadaa kamiyyuu fookilorii ta'uu isaati. Dorson (1972, f. 5), gama isaatiin maalummaa fookiloorii yoo ibsu "Folklore is the part of the culture customs, belifes of society that is based on popular tradition. It is produced by the community an usual it transmitted or all your by demonstration" jedha. Yaada kanarraa wanti hubannu fookilooriin bal'inaan aadaa amantiifi duudhaa hawaasichaa irratti kan hundaaa'uufi isaanumaan uumamee yeroo baay'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbu ta'uu isaati. Maalummaa fookloorii, Gemeda (2007, f. 88) yeroo ibsu," Folklore refers to the selected body of knowledge or lore shared by the community as the representation of collective image and acconvinitional mode of human thought characterized by social philosophy and folk wisdom" jedha. Kana irraa hubachuun kan danda'amu fooklooriin qaama beekumsa hawaasaa ta'ee kan uummanni faalaasamaafi oguma qabu ittiin ibsatudha. Fooklooriin umrii dheeraa akka qabu amanama; umrii namaa waliin walitti dhiyaatas jedhama.

Haata'u maalee, maqaa amma qabu kana kan argate yeroo dhiyoodha. Jecha fookloorii jedhu kanas kan dursee gargaarame lammii biyya Ingilizii William John Thoms (1846), nama jedhamudha. Barri jechi kun moggaafame yeroo dhiyoo ta'us; qorannoon fookloorii bara kana dura gaggeeffamaa akka ture seenaan nimirkaneessa. Moggaafama fookloorii boodas hiikni/yaadrimeen hedduun dhiyaachaa tureera. Dundes (1965) 'folk' kan jedhu kun hawaasa kamiyyuu waan isaan walfakkeessu irraa ka'uudhaan, kanneen gamtaa uuman hundumaa ilaallata.Waan isaan tokko godhu akka isaan eenyummaa/identity/ walfakkaatu qabaatan isaan godha. Hawaasni eenyummaa wal isaanfakkeessu qabatee jiru kun 'folk' jedhama. Miirri eenyummaa kunis sabummaa, hojii, firooma dhiigaa, umrii, amantaa, korniyaafi kkf irratti hundaa'a. Gareewwan hawaasaa/folk groups/ kunneen lakkoofsaafi gosa garee hawaasaatiin isa eenyummaa isaaniif bu'uura ta'e irratti hunda'ee daangeeffama.

Kanaafuu akka 'Dundes' jedhutti jechi 'folk' jedhu garee kamiifuu hojjeta.kanaaf 'folk ' fookloorii ibsuudhaaf hedduu hin gumaachu yaada jedhudha. Dundes (1965, f.3), Fooklooriin maal akka ta'e caalaa maal akka hammatu tarreessuun hiike. Akka kanaan fooklooriin seeneffamoota, himamsa gootaa, durdurii, qoosaalee, mammaaksa, hibboo, shubbisawwan aadaa, nagaa walgaafachuu, eebba, abaarsa, akakuu, arrabaa, dheekkamsa, aarsuu, qoccoluu, jechamoota arrab-qareeyyii, uffata aadaa, amantaa, aadaafi kan kana fakkaatan hammata jechuun hiikni foooklooriif kennamus kanneen akka bu'uureeffatu ibsa. Propp (1968, f. 4) akka ibsetti," By folklore we mean only spiritual production, and only verval poetical products" jedha.Yaada kanarraas wanti hubatamu fooklooriin waa'ee afuuraa malee waa'ee waantoota qabatamaa akka hin dabalanneefi waantoota jechaan dubbatamu qofa irratti xiyyeeffata

jechuudha. Finnegan R. (1970, f. 3) akka ibsitutti, Fooklooriin dirreewwan saayinsii hawaasaan walqabatee madduun duudhaa, amantaafi aadaa hawaasa duriifi amma hin qoratamiin jiru ibsuu akka ta'e eerti. Yaada bal'aafi gadifagoo qabaachuu isaa irraan kan ka'e garuu jechi fookloorii jedhu kun hiika dhaabbataa hin arganne. Mormiin maalummaa fookloorii irratti ka'e yemmuu "William John Thoms" jecha itti moggaase jalqabe. Hiikni fooklooriif kennamaa ture adda addummaa akka qabu yaada hayyoota kanneen irraa hubachuun ni danda'ama. Haata'u malee, karaalee daddarbu keessaa tokko afaaniin ta'uusaarratti waan waliigalan fakkaatu. Sababni isaa, qabiyyeen hedduun isaan tarreessaan bakka tokko tokkotti walfakkaata. Ben Amos (1971, f.8), walquunnamtii dhama artii qabeessa garee miseensota xiqqaa qabu keessaatti adeemsifamu.Yaaliiwwan hiika kanaa oliitti yeroo adda addaatti mul'atan kun hubannoon dhimma fookloorii irraatti jiru jijjiiramaa dhufuu isaa argina.

2. 2 Gooroowwan Fookloorii

Richard Dorsan (1972, f. 2), fookloorii iddoo gurguddaa afuritti qooda. Isaanis: Waanta aadaa (material culture), Aartii sochii hawaasaa (perfoming folk art), afoola (oral literature) fi duudhaa hawaasaa (social folk costum), jechuun kaa'eera.

2. 3 Afoolaa

Afoolli kalaaqaalee sammuu keessatti yaadamuunkalaqamanii afaaniin himaman yookaan dhiyaatanidha. Afoola jechuunhawaasni tokko aadaa, muuxannoo, falaasama, aartii, amantii, afaan, uffannaa, nyaataafi meeshaalee isaa dhalootaa gara dhalootaatti kan ittiin eegee dabarsudha. Haalli ittiin dabarsuus raawwiidhaan yookaan himamsa afaanii ta'uu danda'a. Afoolli hambaa hawasaati; akkasumas, kalaqa sammuu kan ta'eefi seenaa, eenyummaa, aadaa, afaaniifi jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan calaqqisiisudha. Afoolli Oromoo qabeenyummaan isaa Kan hawaasaa yoo ta'u, damee ogbarruu jalatti akka ramadamu kan isa taasisu Kalaqummaafi ogummaa qabaachuu isaati. Afoola Oromoo akka cirracha galaanaa lakkaa'anii fixuun ulfaataadha.Isaan keessaa yoo muraasa maqaa dhoofne: mammaaksa, sheekkoo, geerarsa, hibboo, eebbaafi abaarsa, tapha ijoolleefi kkf. (Geetaachoo,2009, f.159) Yaada barreeffama kanarraa kan hubatamu, Afoolajechuun muuxxannoo hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti isa mudatu akkasumas wantoota adda addaa kan isaan kalaqan kan hammatu jechuudha. Dhimmoonni kunis dhalootaa gara dhalootaatti afaaniin darbaa kandhufe ammas darbaa kan jirudha.

Addunyaan (2014, f. 166). "Afoolli ogummaa (wisdom) labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbudha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumama, beekumsa, naatoofi baranee ittiin hubatuufi ibsu

jechuun ni danda'ama. Kana malees, sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godheemiidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun Kan dhiheessu sammuu Kan dammaqsu, miira kakaasee kan sissi'eessu, hojii uumee ta'uun isaas ifa "jechuun barreesseera. Yaada barreeffama kanaarraa wanti hubatamu, afoolli dhalootaa gara dhalootaatti afaaniin darbaa Kan dhufe ta'uusaa hubatama. Kana malees, afoolli jiruufi jireenya hawaasaa keessatti wantoota darbe kuusaa hawaasaa keessaa baasuun isaa hammam kan waliin kan madaalchisuf ooludha. Gama biraan immoo wantoota sammuu dhala namaa gammachiisuu danda'an akkasumas, miidhagina addaa gonfachuun kan sammuu ilma namaa sissi'eessu akka ta'e kan hubatamudha.

2. 4 Goorowwan Afoolaa

Afoolli bal'ina isaarraa kan ka'e al tokkotti qoratanii waliin ga'uun nama rakkisa. Kanaafuu, namni afoola qorachuu barbaade tokko dameewwan isaa sirrriitti hubachuun adda baafatee hin beeku taanaan,akka bararoo goondaa lixxee karaa ba'umsaa dhabdee ta'a. Kanaafuu, waa'ee afoolaa qorachuun hunda dura gosoota afoolaa beekuun murteessaadha. (Fedhasaa, 2013). Kunis, gosa afoola hawaasaa qoratanii bira ga'uudhaaf gosa gosaan kaa'uun barbaachisaa ta'uu agarsiisa. Kanaan walqabsiisee, Okpewho (1992: ff.127-150) afoola iddoowwan sadiitti qoode. Afseenaa, afwalaloo fi himoota gaggabaaboo yookiin qareeyyii dha. Ulaagaa hayyuun kun fayyadames seenaa qabaachuu, walaleeffamuufi unka gaggabaaboo qabaachuudha.Yaaduma hayyootaa kana bu'uura godhachuudhaan gosoota afoolaa sadeen Okpewho (1992) qoodaman akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

2. 4. 1 Af-seenaa

Af-seenaan akaakuuwwan afoolaa keessaa tokko ta'ee, dandeettii sammuun waa yaadachuu bu'uureffachuun waggoota dheeraaf darbaa dhufuun dhaloota har'aa bira kan ga'eedha. Ogumni kun dhalli namaa dhaloota irraa kaasee hanga du'utti adeemsa jireenyaa kan ibsu waan ta'eef, saba kam keessatti iyyuu kan argamudha. Kana malees, af-seenawwan ta'iinsota adda addaa duraa duuba isaa eeguudhaan hawaasichi jiruu fi jireenya guyyuu keessatti wantoota addatti muudatan irratti hordoftoota bashanansiisuu, barsiisuufi ergaa kaayyeffate haala dabarsuun kan dhiyaatudha.

2. 4. 2 Af- walaloo

Af-walaloon bifa walaloon kan dhiyaatuufi dhimmoota hawaas-dinagdee, hawaasummaan, siyaasaan, akkasumas gama seenaatiin gumaacha guddaa kan taasisu damee afoolaati. Af-walaloon Oromoos akkuma afoola isaan biroo afaanumaan kan dhaloota lufurraa dhaloota dhufutti darbu yoo ta'u, yeedaloo qabaachuu isaatiin afoolaawwan kaan irraa adda ta'a. Haaluma kanaan afwalaloon wantoota hawaasaa

jireenya guyyuu keessatti mudatan, wantoota uumamaan walqabatanii mudatan, falaasama hawaasichi qabu, beekumsa, ilaalchaafi kkf.afwalaloo bu'uureffachuun dhalootaa dhalootatti darba. Finnegan (1970: f. 109)

Af-walaloo Oromoo af-walaloo jaalalaa, faaruu gootummaa, af-walaloo seenaa, faaruu tiksee, faaruu ayyaaneffannaa amantaa, af walaloo qeeqaa, faaruu nama beekamaa fi afwalaloo dhimma hawaasaadha, (Sumner, 1996). yaada hayyuu kanarraa wanti hubatamu hawaasni kamiyyuu afwalaloo mataasaa kan qabaatu yoo ta'u, hawaasni Oromoos akkuma hawaasa kanneen biroo afwalaloowwan dhimma garaagaraaf itti gargaaraman qabaachuu isaati.

2. 4. 3 Qareeyyii

Qoqqooddiin kun bifa (unka) irratti kan hundaa'ee yoo ta'u, isaan kana keessaa adda durummaan kan ka'an kanneen akka: mammaaksaa, hibboo, af-walaloo geerarsaa kkf of keessatti hammata.Yaadrimeen "Qareeyyii" jedhu kana Fedhasaan (2013) yoo ibsu," Qareeyyiin gosa afoolaa bifa gabaabinaan qindaa'ee sammuu qaruuf fayyadudha.Yaadrimeen jechichaas, wantoota bifaan gabaabbatanii sammuu namaa qaran of keessaa qaba." jechuun lafa kaa'eera. Akka yaada kanaatti, qareeyyiin bifaan gaggabaabbatanii kan dhiyaatan yoo ta'an jijjiirama amalaa sammuu dhala namaarratti fiduudhaaf gaheen isaan qaban olaanaadha. Akkasumas, qalbii dhala namaa mo'achuufi suura waan tokkoo sammuu dhala namaa keessatti kaasuuf humni isaan qaban daran olaanaadha. Jechoota muraasaan ergaa bal'aa dabarsu.

2. 5 Afwalaloo

Afwalaloon meeshaa guddaayaada keessa ilma namaa ittiin bakkeetti baafatan ta'ee, waan yaadaan waa'ee jaalalaafi jibbaa , waa'ee abjuufi gara fuulduraa, waa'ee uumaafi uumamaa, waa'ee bareedinaafi fokkinaa, dhimma roorroofi dhiphuu, dhimma hojii, gaddaafikkf ittiin ibsatanidha. Kanas (Migaanuun, 2012, f 45) Zelalem (2003) wabeeffachuun yoo ibsu," Oromo Oral Poetry is one of those modes of expressions, that helps to externalize human feelings and imaginations, about love, dream, hope, thoughts, aspirations, and idea about gods, about nature, about beauty, other any things" and jechuudhaan lafa kaa'ani. Afwaloon hawaasa dubbisuu ykn barreessuu hindandeenyeen ykn danda'uun walaloo qindeeffamee afaaniin darbuudha.Yaadrimeen afwalaloo baayyee walxaxaadha. Akkasumaan irra keessa yoo ilaalamu garuu afwalaloon barreeffamaan osoo hin ta'iin afaaniin dhaloota tokko irraa isa ittiaanutti naannoo tokko irraa gara ollaatti kan darbuudha. Amma afwalaloofi barwalaloo adda baasuu kan danda'an qabxiwwan gurguddoo sadiitu jiru. Isaanis: qindeeffama, akkaataa lufummaafi

hurruubummaadha. Ta'us, gama kaaniin ogwalaloowwan hunduu walfakkaatu jechuun hindanda'amu Finnegan (1976, f. 17).

Ulaagaawwan afwalaloo barwalaloo irraa adda baasan keessaa inni jalqabaa qindeeffamni isaa afaaniin ta'uu isaati. Haata'u malee, qindeeffama afwalaloo ilaalchisee yaadxinoonni jiran yaada garaagaraa qabu. Yaadxinni inni tokko afwalaloo foormulaa wayii irratti hunda'anii akka qindeessan agarsiisa. Yaadxinni inni lammaffaan walaloowwan afaanii hurruubummaan qindeessuu danda'u yaada jedhu of keessaa qaba. Yaadxinni inni sadaffaan immoo dursanii qindeessuun akka hurruubuun danda'amu kan agarsiisudha.

Garaagarummaan yaada kana fakkaatu bakka jirutti qindeeffamni afaanii afwalaloofi barwalaloo akka ulaagaatti adda qooduudhaaf ga'aa ta'uu dhiisuu mala. Kanaafuu, afwalaloo salphaatti ibsanii darbuun akka hin danda'amne Fennegan (1976, f. 18) ni mirkaneessiti. Afwalaloon Oromoo yaada bilchaataafi falaasamoota adda addaatiin kan badhaadhedha. Kun immoo namoota hawaasa keessatti muuxannoofi beekumsaan beekamoo ta'antu dhimma itti ba'a. Afwalaloon Oromoo guddina barwalaloo Oromootiif gumaacha guddaa qaba.Afwalaloo uummatichaa keessa beekumsa hammaaramee hin dhumnetu jira Fennegan (1976, f. 19). Afwalaloon Oromoo akkuma afoola Oromoo kanneen biroo dhaloota irraa dhalootatti kan darbu afaaniin.Yeroo daddarbus kan yeedaloo qabu yeedaloo isaa waliin, kan hinqabnes akkuma jiruttidha. Keessumattuu kan afoola Oromoo adda godhu afwalaloon isaa kan yeedaloo faana darbuu danda'an kan akka weedduu jaalalaa, cidhaafi kkf yoo ta'u, kan yeedaloon isaa ifatti ba'ee hinmul'anne immoo kanneen akka oduu durii, hibboofi makmaaksaa fa'i. Walumaagalatti, uummanni Oromoo dirree ballaa irra qubatee kan jiraatu yoo ta'u iyyuu, iddoofi naannoodhaan osoo hindaangeffamin loogni isaa waliif kan hubatamu ta'ee argama.

Fekade, (1991, f. 86) yoo ibsu, afwalaloon dalagaan akkasumas haalli dhiyeenya isaa yeroo hedduu afaaniin kan darbu walaloo uummataati jechuun ibsa. Gama biraan, afwalaloon gosa aartii yeroo durii kaasee kan jiruufi dhalli namaa baroota dheeraaf gaddaafi gammachuu, hawwiifi fedhii, haala jiruufi jireenya, mudannoo isaanii haala adda addaan itti weeddisaniifi faarsaa turan jechuun addeessa. Gosa walaloo kana walaloo barreeffamaarraa wanti adda taasisu haala darbiinsa isaati. " folk poetry is different, for it is defined not only in terms of its form, but also in terms of manner of transmission," (Dorson, 1992, f. 85). Akka yaada kanaatti afwalaloon unka isaa qofaan osoo hintaane, haalli darbiinsa isaas adda isa taasisa. Afwalaloon kan dhalootarraa dhalootatti darbu barreeffamaan osoo hintaane himiinsa afaaniitiini yookiin dalagaan (performance) bifa sirbaa, geerarsaafi faarsaatiin darba. Unkisaa

walaloo barreeffamaa waliin tokkuma ta'ee walaloon barreeffamaa dhalootarraa dhalootatti kan darbu barreeffamaan yoo ta'u afwalaloon immoo afaaniin akka darbu yaadni armaan olii ni hubachiisa.

Walaloo barreeffamaafi afwalaloo adda baasuun hiikuun rakkisaa akka ta'e hayyoonni ni ibsu. Sababni isaas walfakkeenya hiika walaloo barreeffamaafi afwalalootiif hayyootaan kennamuuti. Beektonni tokko tokko walaloon jiran hunduu afwalaloodha jedhu. Isaan kaanimmoo afwalaloofi walaloon barreeffamaa walii lama; isaan lachuu gosa gara garaati jedhu. Sababni walfakkeenya hiika gosoota walaloo lamaanii (afwalaloofi walaloo barreeffamaa) afwalaloon hawaasa gara garaa biratti hiika adda addaa qabaachuusaati. Akka yaada kanaatti afwalaloon hawaasa tokko tokko biratti sirba waliin hiika walfakkaatu qabaachuu yoo ta'u, kaan biratti immoo kan bifa dubbii afaaniitiin yookiin yeedaloo malee darbu jechuudha. Kaan immoo walaloo kan jedhaman hundi afwalaloodha jedhu.

Afoolli hawaasa itti fayyadamu sanaaf bu'aa guddaa qaba. Damee afoolaa keessaa tokko kan ta'e afwalaloon geerarsaa eenyummaa saba tokkoo ibsuu irratti gahee guddaa akka taphatu himama. Kanas, Finnegan (1970: f. 260) yoo ibsitu, "Namoonni dur bineensota adamsanii ajjeesuun walaloo waa'ee isaanii ibsu bifa sagalee muuziqaa qabuun ibsachaa turanii; namoonni nageenya biyyaa eeganis haala keessa turan ittiin ibsachaa turan jechuun ibsiti.Yaadni kun namoonni haala jireenya isaaniin kan wal qabatu geerarsaan kan ibsatu ta'uu isaa namatti agarsiisa .

2. 6 Gooroowwan Afwalaloo

Afwalaloon gosoota adda addaa of keessaa qaba. Isaanis: geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebba/abaarsa, gumgummii, tabaallii, tapha ijoolleefi kan kana fakkaaan. Akaakuun afwalaloo kunniinillee birkiilee baay`ee of jalaa qabaachuu danda`u. Ta`us qabiyyee kana keessatti gosoota afwalaloo Keessa qoratichi kan irratti xiyyaaffate xiinxala qabiyyee geerarsa dabooti.

2. 7 Geerarsa

Af-walaloon Geerarsaa gosoota af-walaloo Oromoo keessaa isa tokkodha. Af-walaloonkun dur kan namoonni gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, rakkina, quuqama, muuxxannoofi mudannoo akkasumas gootummaafi jabinaa ofii kan ittiin calaqqisiifataniidha. Finnegan (1977, f. 11) yoo ibsitu , " Oral poetry is one type of war song. It is a means of expressing feelings." jetti. Akka ibsa kanaatti af-walaloon geerarsaa gosa faarsaa lolaa keessaa isa tokkodha. Kunis, karaa namni tokko miira isaa ittiin ibsatudhajetti. Haaluma walfakkaatuun Hinseenee (2010, f. 56) yaaduma kana yeroo cimsu " Af-walaloon geerarsaa madaa keessa ofii qaban ittiin bulgaafatu, dhiphinaa fi roorroo ofiis ittiin dubbatuu. Geerarsi humna nama onnachiisuufi kakaasu qaba. Xiiqiin akka nama qabu gochuullee danda'aa, gosa

sirbaati. Garuu sirba callisanii dhiichisan mitii.‟ jedha.Yaada barreessaa kanaarraa af-walaloon geerarsaa damee afoolaa amala walaloo qabuufi gootummaa waliin walqabate ta'uu hubanna.

Gosa sirbaati. Garuu sirba callisanii dhichisan miti. Kanaaaf, walaloon geerarsaa gooroo afoolaa amala walaloo qabanfi gootummaa (cimina) waliin wal qabate ta'uu hubannaa. (Addisuun, 1999) yoo ibsu immoo "Geerarsa has been the domain of men until recently, but wioth emergence of the Oromo national movement has begun to perform it as well." jechuun ibsee jira. Kana jechuun hamma yeroo dhiyootti geerarsa kan geeraru dhiira qofa ture. Haata'u malee, eega qabsoon biliisummaa uummata Oromoo jalqabame as dubartoonnis geeraruu jalqabaniiru. Geerarsi ogummaafi dandeettii uumamaan argatan kan ittiin gammachuufi gadda, quuqqaafi seenaa akkasumas duudhaafi booree ofii ittiin ibsatanidha. Geerarsi gosa wallee ykn sirba aadaa Oromoo ta'us kan geerarsa danda'u hunda miti. Akka ibsa kanaatti geerarsi gosa sirba aadaa Oromoo keessaa isa tokko ta'ee kan ittiin gaddaafi gammachuu, quuqqaafi booree akkasumas seenaa ofii ittiin ibsataniidha. Af-walaloon geerarsaa aadaa Oromoo keessatti baay'ee beekamaadha. Sababni isaas namoonni dhageettii keessoo isaanii, aarii, gaddaafi gammachuu qaban ittiin ibsatu" (Fedhasaa, 2013, f. 51). Geerarsi gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee uummanni bakka adda addaatti dhimma kan itti ba'uudha.

Geerarsi gosa afwalaloo ta'ee kan namoonni muuxannoo qaban haala jiruufi jireenya keessa darbaniifi fuulduratti raawwachuu barbaadan, gaddaafi gammachuu, hiyyummaafi badhaadhina, gamnummaafi gowwummaa, misoomaafi gadadooisaanii kan yeedaloo itti godhanii ittiin ibsataniidha. Uummata Oromoo biratti geerarsi iddoo guddaa qaba. Namoonni umurii walfakkaatarra jiran kan walirraa fuudhuun geeraran yoo ta'u, kanneen jalaa cookanis ni jiraatu. Akkasumas, geerarsaan tuttuuqaanii akka geeraran ni taasiifama.

Sababiin isaa hawaasni nama akka geeraru barbaadan sun tutuqanii geerarsiisu waan ta'eef. Geerarsi bakkee adda addaatti geerarama: bakka cidha, daboo, dirree lolaa, bakka ajeechaa ykn adamoo, iddoo tikaafi kkf itti sababa garagaraatiif geerarama. Isaan kunnin ammo, yoomeessa geerarsaa ta'uusaanii agarsiisu. Isaanis dhaba ibsuuf, roorroo yookaan kn diddaa ibsuuf, cabsaafi gootuummaa agarsiisuuf oomisha cimsuuf lammii faarsuuf, injifannoo argataniif, onnee kakaasuufi kkf geerarama. Addunyaan (2018: f. 173), Yaada kana yoo cimsu,

> Geerarsi gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee uummanni bakk adda addaatti dhimmakan itti ba'uudha.Geerarsi tokko yoo ,eessattiifi maaliif geeraramu addaan baasaniibeekuun ni danda'ama.Geerarsa eenyuyyuu geeraruu danda'ullee,hawaasni namabu'aa buusee geeraru jalaa

qaba.Kun ammo barbaachisummaa qabiyyeerratti hundaa'a.Geerasa qabiyyee isaa bu'uureffachuun xiinxaluun kan danda'amu yoo ta'u,kanas bakkaafi yeroo tokkotti qaacceessanii fixuun rakkisaa ta'a,"jedha. Qabiyyeegeerarsaa muraasa haala kanaan kaa'a.Kan lammii faarsuu, kan ajjeessaa, kan qonnaa, kan rakkinaa, kan fincilaafi kan daldalaafi kkf niidha.

2. 8 Gooroowwan Geerarsaa

Geerarsa dhimmoota geeraramurratti hundoofnee qooduu dandeenya. Isaanis: Geerarsa ajjeesaa/gootaa, geerarsa dabeessaa/lugnaa, geerarsa hiyyeessaa, geerarsa xiiqii, geerarsa sooressaa, geerarsa haadhaa/abbaa, geerarsa biyyaa, geerarsa lammii, geerarsa daboofi kkfnidha. Fufaa Jiraataa (2016) Asafa (2004: f. 17) wabeeffachuun yoo ibsu, geerarsa kan aadaafi kan ammayyaa jechuun bakka lamatti ilaaleera. Akka Asafaan jedhutti geerarsi aadaa faarsuufi adamoo kan xiyyeeffatu yoo ta'u; kan ammayyaa immoo fincila yookiin mormii kan xiyyeeffatudha. Ergaa geerarsaa irratti hundaa'uun

Abarraafi warri kaan (1991: ff.51-69) geerarsa ajjeesaa, geerarsa kan dhabee galee, geerarsa cabsituu, geerarsa komee, geerarsa raajii, geerarsa mormii, geerarsa akeekkachiisaa, geerarsa ciigoo, geerarsa of jajuu, geerarsa faaruu, geerarsa ilma xinnaa, geerarsa nama hidhamee, geerarsa bara himu, geerarsa haala jeeqamaa ibsu, geerarsa shakkiifi geerarsa gaabbii jechuun qoodaniiru. Fufaa Jiraataa (2016) ammas Abarraafi warri kaan (1993: ff. 39-50) wabeeffachuun yoo ibsu, qabiyyeefi buusaa geerarsa Oromoo Maccaa bal'ina gosa geerarsaa gara shaniitti xiqqeessuun, geerarsa ajjeesaa, geerarsa roorroo, geerarsa daboo, geerarsa faarfannoo, geerarsa duulaa jechuun kaa'aniiru. Gosoota geerarsaa jiran keessaa qoratichi geerarsa daboorratti xiyyeeffateera.

2. 9 Geerarsa Daboo

Geerarsi aadaa Oromoo keessatti kan Uummanni Oromoo aadaafi seenaa isaanii ittiin calaqqisiifatan keessaa isa tokkodha. Bukenya (1994, f. 93) waa'ee faayidaa geerarsaa yoo barreessu, amala, gocha, ilaalcha yookiin shaakala hawaasicha gidduutti mul'atan, garuu kan uummatichi jibbu tokko tokko qeequudhaan akka sirratu akeekkachiisa. Geerarsi sagalee muuziqaa yookiin yeedaloo, walaloo of keessatti qabatee tapha humnaafi annisaa qabudha. Geerarsi aadaa Oromoo keessatti beekamaafi bakka guddaa kanqabudha. Aadaa Oromoo keessatti geerarsi iddoo olaanaa kan qabudha. Namni geeraru waa malee hin geeraru. Oromoon waan onnee isaa tuttuqu geerarsaan miidhagsee gadi baafata. Abarraan (1999, f. 8) akka barreessetti, geerarsi walitti dhufeenya namaa ni jabeessas; akkasumas ni qeeqas,kan jedhudha. Akkaatuma ibsa kanaatiin geerarsi yaada gaarii ta'e jajjabeessuufi kan hin barbaachifne qeequuf kan gargaarudha.

Borsanyii (2012) (Geetaachoo, 2003) wabeeffachuun yoo ibsu, Geerarsi dandeettiifi ogummaa uumamaan argatan kan gammachuufi gaddaa, quuqqaafi seenaa, diddaafi booree ofii ittiin ibsatanidha .Godinaalee Oromiyaa adda addaa keessatti akkaataan sagaleefi yeedaloo itti baasaniifi geeraranis ta’e sirni irratti geeraran adda addummaa xiqqaa yoo qabaateyyuu irra caalaa walfakkaachuu isaa ibsa.

Geerarsi waa malee callisee hin geeraramu. Geerarsi seenaafi gootummaa ibsa, onnee dammaksa, rakkoo keessa jiran kan ittiin calaqqisisanii ergaa dabarsanidha, haaloo kan ittiin ibsatanidha, hojii misoomaaf kan nama onnannichiisu, aadaa Oromoo keessatti iddoo guddaa kan qabuufi jaallatamudha. Kaayyoon geerarsaa inni guddaan onnee namaa dammaksuu, aadaa tursiisuu, eenyummaa ofii beeksisuu, kaayyoo tokkummaafi dhaabbata cimaa baay’ee barbaachisaa ta’an sammuu namaa keessatti kan uumudha. Geerarsi gosoota afwalaloo keessaa tokko ta'ee dhimmoota hedduuf geeraramuu kan danda'udha. Isaan keessaa geerarsi yeroo hojii daboo isa tokkodha.

Borsanyii (2012) Ayyaanaa (1991, f. 46) wabeeffatee yeroo ibsu, "geerarsi gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee, karaa ittiin fedhii, eenyummaa, komii, gaddaa fi gammachuu, cimminaafi laafina kan ibsu yemmuu ta'u innis lafa daboo, jigii fi waamichaatti kan geeraramudha" jedha. Uummanni Oromoo geerarsa dhimmoota hedduuf itti gargaarama. Akkuma beekamu uummatichi waggoota hedduuf gita bittaa nafxanyaa jala turuun isaa beekamaadha.Yeroo kana keessatti quuqqaa gama siyaasaa, roorroofi cunqursaa isaa geerarsaan ibsachaa kan turedha.

Geerarsi gosa ogumaa waan ta'eef oromoon ittiin of himata, akkasumas seenaafi bu'aa bayii jiruufi jireenya isaa ittiin ibsata jechuun lafa kaa'a. Geerarsi daboo kaka'umsa hojii kan namatti horu yoo ta'u daboon walii walii isaaniif qeeqa qabu afwalaloo geerarsaan kan ibsudha. Kunis hojicharratti laafina yookiin dadhabina kan qabu qeequun miira dorgommii itti horuuf kan geeraramu yoo ta'u jajjabina kan qabuufi gootota misoomaa jechuun faarsuun cimee akka itti fufuuf geerarama.

2. 10 Yoomessa Geerarsa Daboo

Gooroowwan afoolaa baay’een isaan kan yeroofi bakkaan murtaa’aniidha kana jechuunis kan isaan hojiirra oolan yeroo beekamaa ta’e tokko keessatti. Fakkeenyaaf, hibboo yoo fudhannee kan ijoolleen hibbifachuun taphatan galgala waan ta’eef. Kana ilaalchisuun hayyoonni garaagaraa yaada garaagaraa kennu. Geerarsi (afoolli) tokko yoom, eessattiifi maaliif akka geeraramu addaan baasanii beekuun ni danda’ama. (Addunyaa, 2014, f. 214) jedha.

Geerarsi afwalaloo Oromoo keessaa tokko yoota`u, bakka inni itti geeraramu bay`eedha. Lafa daboo, iddoo cidhaa, yookaan waamichaatti geeraramuu danda`a. Geerarsi sababa adda addaaf kan geeraramu yoo ta`u, dhageettii keessoosaanii, aarii, gaddaafi gammachuu qaban ittiin baafatu. Kana malees, tokko ajjeesee geerara, kaan immoo yaalee waan milkaa`uu dhabeef aariin geerara. Tokko qabeenya isaan yoo geeraru kaan immoo dhabee deegarratti geerara. Kanaafuu, geerarsi dhimma adda addaaf geerarama. Asafaa (2004)

2. 11 Qabiyyee Geerarsa Daboo

Qindaa'inni sagaleefi jechoonni walaloo geerarsaa muraasni ergaa bal'aa qabiyyee isaa ibsuufi humna guddaa qaba. Haala kana Sumner C. (1996, f. 68) yoo ibsu ," Two words express the content of war and hunting songs, praise for the hero, contempt for the coward. " jechuun ibsa. Yaadni kun jechoonni af-walaloo geerarsaa muraasni yaada geerarsaa bal'aa ibsuuf akka humna qabeessa ta'an nama hubachiisa .Dubbii ibsuuf geerarsi muuxxannoo namoonni bara dheeraadhaaf qaban gaddas ta'e gammachuu ,hadhaawaas ta'e mi'aawaa, ibsuuf, calaqqisiisuuf gahee olaanaa qaba.

Gabaabumatti geerarsi jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti haala dhuftee seenaa, mudannoo, muuxxannoo, falaasama beekumsaa, gufuufi gufaata hawaasa tokkoo haala hubatamuu danda'uun ibsuuf humna guddaa ofkeessaa qaba. Safuu eegsisuuf sabni tokko duudhaa mataa isaa ni qabaata. Kanaafuu, aadaa amantaafi barsiifata itti jiraatu kan dhalootaa gara dhalootaatti darbee hojiirra akka oolu barbaada. Waanta Oromoon itti gammadu kan cabse, kan dabse, kan hanqiseefi safuu kan wallaale ammo hawaasa Oromoo maal jedhuu hin beektu jechuun qeeqa, dheekkama, gorsa, barsiisas.

2. 12 Faayidaa Geerarsa Daboo

Afwalaloon hawaasaaf faayidaa hedduu qaba. Merria (1969) afwalaloon beekumsa hawaasaa ibsuuf miira namaakakaasuuf akka gargaaruibsitee jirti. Haaluma kanaan afwalaloon yeroo hojii daboo dhiyaatan hojiitti nama kakaasuuf, hojiitti cimsuufi nama jajjabeessuuf kan gargaarudha. Taaddalaa qorannoo itti guuta digirii lammaffaa isaa keessatti Biraanuu (2009) wabeeffachuun yemmuu ibsu." Afwalaloon muuxannoofi kalaqa hawaasaa akkuma jirutti hunda isaa barreeffamatti jijjiiruun hin danda'amne innis ogafaaniin dhalootaaf daddarbudha" jedha. Yaadni wabeeffannaa kanarraa hubatamu afwalaloon hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti kalaqee itti fayyadamaa tureefi itti fayyadamaa jiru barreessinee fixuun kan hin danda'amneefi afaaniin kan daddarbu ta'uu nu hubachiisa.

Afwalaloon dhimmoota uummata darbanii ittiin dhaloota ammaatti himuuf isa amma rafee jiru dammaksuufi jiruuf jireenya fuulduraa toora qabsiisuuf kan gargaarudha. Misgaanuu (2012, f. 33) irratti

akka ibsutti dhimmootiin hawwii, fedhii fi dhageettii dhala namaa karaa afwalalootiin ifa bahuu ibsa. Kun immoo wantootni faayidaa isaa faana illee walqabatan marti eenyummaa isaa illee dabalatee walaloo uummatichaa faana hidhata guddaa akka qabaatanidha. Afwalaloon yaada ofii ibsachuuf, haqa dhokate mul'isuuf, barsiisuufi bashannansiisuuf, raawwii seenaa agarsiisuu fi miidhagina ibsuuf kan ooludha. Faayidaawwan Afwalaloo gama hawaasummaan, dinagdeenfi siyaasaan haa ilaallu.

2. 12. 1 Fayidaa Gama Hawaasummaafi Eenyummaa Cimsuun

Hawaasni Oromoo aadaa boonsaa hedduu qabu keessaa tokko aadaa waliin jireenyaati. Geetaachoo (2008, f.141). Ogafaan eenyummaa hawaasa tokkoo mirkaneessa jechuun nidanda'ama jedha. Dabalataanis Geetaachoo (2009, f. 141) irratti faayidaa afoolaa yoo ibsu, "Afoolli faayidaa hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni aara itti galfachuuf, aadaa, duudhaa, seenaa, amantaa, kabajaafi jireenya hawaasaa ibsa" jedha. Hawaasni Oromoo yeroo rakkinaas ta'ee bal'inaa, yeroo gaddaafi gammachuu waliin ta'uun qooddata. Faayidaan afwalaloo daboo gama hawaasummaatiin qabu hawaasni waliin hojjetu hariiroofi walitti dhufeenya isaa cimsachuun akka waliin jiraataniif gargaara.

Kunis safuu hawaasichaa eeguun kabajniifi jaalalli isaan gidduu akka jiraatu taasisa. Hawaasummaan walitti dhufeenyaafi hariiroo namaafi nama gidduu kan cimsudha. Afwalaloon geerarsa yeroo hojii daboo keessatti dhiyaatan tokkummaafi jaalala hawaasichaa kan cimsudha.Yeroo daboo, geeraruun, sirbuun, weeddisuufi daboo eebbisuun kan aadeffatame qofaa osoo hin taane jaalalaafi gammachuu walii isaanii cimsuu akka danda'u waan hubatamudha.

2. 12. 2 Faayidaa Gama Dinagdee Cimsuun

Afwalaloon yeroo daboo hojii kaka'umsaafi miira onnachiisummaa nama gidduutti uumuun faayidaa hojiifi fedhii hojii qabaachuu kan ittiin wal hubachiisanidha. Addunyaa (2014, f. 180) geerarsi qonnaa kan namoonni bu'aa qonna irraa argataniifi gufuu qonna irratti isaan mudate, furmaata rakkochaafi fedhii qonnaaf qaban ittiin ibsatanidha" jechuun tajaajila afwalaloo geerarsaa ibsa. Namni daboo kadhatu hojii guddaa of harkaa qabaachuu qaba.

Namni tokko fedhii daboo waammachuu yoo qabaate dursee oomishaafi oomishtummaan isaa akka dabalu taasisa. Kunis namni hunduu kan namaa hojjechuu qofa osoo hin taane ofiis hojjechiifachuu fedha akka qabaatu taasisa. Kun immoo namni hundumtuu haala gaariin karoora hojii akka qabaatu godha. Wayita daboon weeddisaa, sirbaafi geeraraa waliin hojjetu dadhabbiifi mukuun kan itti hin dhaga'amne yoo ta'u hojiif miira kaka'umsaa qabaata. Faayidaan daboon yeroo hojii Afwalalootti gargaaramuufis mukuu walbaasuuf, walqeequufi wal jajjabeessuuf kan ooludha. Walumaagalatti,

daboon mallattoo quufaafi badhaadhinaa yoo ta'u, hawaasni waliin sirbaa, weeddisaafi geeraraa tokkummaan hojjetu galii dhuunfaafi biyyaa kan guddisu ta'a.

2. 12. 3 Faayidaa Gama Hubannoo Siyaasaa cimsuun

Ummanni Oromoo waggoota hedduuf roorroofi cunqursaa jala kan ture yoo ta'ellee afoolatti gargaaramee sodaa tokko malee dhiibbaa gama siyaasaan isa irra gahaa ture kan waliif ibsaa tureefi akkamiin ciqilee diina isaa akka of irraa kuffisu karaa afwaloowwan garaagaraa bakka waliin ta'utti yookiin waliin hojjetutti kallattii waliif kaa'aa kan turanidha. Afwalaloon daboo tokkummaafi jaalalaan akka waliin oomishuuf akkuma gargaaru nageenya uumuuf illee qooda olaanaa qaba. Namni kamiyyuu aadaa hojii akka qabaatu gochuun hojii dhabdummaafi hirkattummaan akka dhabamuuf gahee olaanaa qaba. Dabalataanis hawaasni waliin hojjetee, waliin nyaatee dhugeefi waliin sirbee geerare michoominniifi wal mararsiifannaan isaanii waan dabaluuf mufannaafi jibbi isaan jidduutti kan hin babal'anne ta'a. Kunis jaalalaan, tokkummaan, nagaafi tasgabbiin isaan gidduu waan jiraatuuf hundumtuu rakkoo nageenyaa irraa wal abboomee jiraata.

2. 13 Yaadxina Qoranichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf, yaadxinoonni bu'uura ta'uu beektonni dubbatu. Yaadxinoonni kunniin ciminaafi hanqinaa ofii qabu. Hanga yoonaatti yaadaxinni guutuufi filataamaa ta'e hin argamne. Yaadxinni tokko isa biroo waan qeequuf, hundi faayidaa mataa isaanii qabu. Qorannoon afoolaa walakkeessa jaaraa 19ffaa keessa xiyyeeffannoo guddaa akka argate Ruth Finnegan (1970, f. 27) yoo ibsitu: '---- until the mid-century there was no available evidence to refulte the popular European image of Africa as totally with out literary pretension. By about the 1850s the position changed, African linguistic studies were emerging as a specialist and schoolarly field'

Haaluma kanaan namoonni qorannoo afaaniif xiinhawaasaa (sociology) dirree qorannootti lakkaayaa akka turanis hubachiifteetti. Baayyinaan namoota ogummaa afaanii funaanaa turan. Isaanis: mishinaroota warra sanyii (ethnographers), xiin-qooqa (linguistics) fi taa'umsa lafaa (geograhers) qoratan akka ta'e hubachiifteetti.

> .....One of the striking contributions of these early collectors' missionaries, Linguists, ethnographers is the frequent recognition that the texts they recorded Could be truly regarded as a type of literature, fundamentally analogous to the Written fiction, history and poetry of European nattiions Finnegan (1970, f. 30).

Qorannoo kanaaf yaadxinoota kanaa gaditti heeramanitti qoratichi dhimma baheera.

2.13.1 Yaadxina Foormulaa Afaanii (Oral-Formulatic Theory)

Akka Yaaxxina kanaatti caasaa, sirba gootaa, sirba jaalalaa, sirba seenaa, geerarsaafi durduriif akka bu'uuraatti kan ilaalamuu qabu nama afoola sana seenessuufi hurrubuudha. Leellistoonni yaaxxina kanaa beektota kanneen akka Milman parry, Albert Lord and David Bynum fa'i. Beektonni kun qu'annoo garaagaraa kanneen afoolarratti geggeessan yommuu ta'an, ergaa afoola tokkoo hubachuuf adeemsa seenessaan itti gargaaramu, walqabatiinsa yaadaa, seenaa garaagaraa gidduu jiru dubbii seenessaa keessaan arguun barbaachisaadha.

Akkasumas, hurrubaan akkaataatti hurrubu, duraa duuba qindoomina gochaa gargaaramuu , qindoomina raawwii itti fayyadamu walumaagalatti, gama seenessaatiinis ta'e hurrubbaatiin tartiibni hojiirra oolmaa gochaa itti gargaaramanii xiyyeeffannoo kan barbaaduufi qo'annoo afoolaafis bakka guddaa kan qabudha. Akka yaada yaadxina kanaatti ergaan afoola tokkoo kan argamu akkaataa seenessaafi hurrubbaarraa ka'uuni. Kanaafuu afoola garaagaraa keessatti nama seenessaafi hurruubu qaamaan argachuun murteessaadha. Kanaafuu, qorannoo kana keessattis tajaajila qabiyyeen geerarsi daboo Oromoo qabuufi bifa kamiin akka ibsaman xiinxaluuf odeeffannoo kennitootarraa walqabatinsa yaadaafi sochii qaamaa kan akka: irree, mataa, ijaafi miila adda baasuuf yaadxina foormulaa afaanii fayyadameera.

2. 13. 2 Yaadxina Faayideessummaa (Functional Theory)

Yaadxinni fayyideessummaa uummata yookaan gartuu fook (Folk group) keessatti looriiwwan garaagaraa argaman uummaticha yookaan garee fookiitiif faayidaa inni kennuuf hawaasicha keessatti hiika akkamii akka qabu agarsiisuuf xiyyeeffannoo kan taasisuudha. Yaadxinni kun dur duriiwwan, afseenawwan, mammaaksota, amantiiwwanfi looriiwwan biroo hawwaasummaan, dinagdeen ,siyaasaan, aadaadhaafi faayidaawwan biroo kennuuf hawaasicha biratti hiika akkamii akka qabaatu xiyyeeffachuun yaaxxina dhimmoota fookloorii xiinxaluudha.Yaaxxinuma kana ilaalchisuun Dammituun (2011) Simsfi Stephens (2005) Wabeeffatte keessatti yommuu ibsan :

> "Folklore communicates: it is an on going process of experessingInformation and beliefs with in folk group when we talk about Interpreting folk lore, many times people ask,'what does This folklore communicates to member of the group who are sharing it? One of the waysfolklorists consider meaning to examine the way Folk Lore functions in the community."

Akkuma yaada kanarraa hubatamu, fooklooriin odeeffannoo waa'ee waan gareen hawaasa tokko irra jiru itti amanuun ni ibsa.Waa'ee hiika fookloorii yoo dubbannu yeroo baay'ee uummanni kan gaafatu ,fooklooriin kun waa'ee garee hawaasaa beekumsa waliin qooddatee maal dubbata? Karaalee hayyoonni fookloorii hiika ittiin xiinxalan keessaa tokko haala itti hawaasa keessatti tajaajiludha.Yaadxini faayidaalessummaa kun gahee geerarsi daboo jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qaban adda baasanii qorachuuf filatamaadha. Kanaafuu, qorannoo kana keessattis tajaajila qabiyyeen geerarsa daboo Oromoo qabuufi bifa kamiin akka ibsaman xiinxaluuf fayyadeera.

2. 14 Sakatta'a Qorannoo Aantee

Iddoo kanatti mata dureewwan kanaan dura qorattoota adda addaan qorannoon irratti adeemsifame kan mata duree qorannoo koo kanaan walitti dhiheenya qaban dhiyaataniiru. Haaluma kanaa, qorataan waraqaa qorannoowwanii kana kan isaa waliin walitti dhiheenya qaban hojjetamaniiru jedhee yaade sakatta'uudhaan haala itti aanee jiruun ibsee jira.

Waraqaa Qorannoo Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Dammituu (2011) kan "Xiinxala qabiyyee afwalaloo geerarsa Oromoo Maccaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Boojji Dirmajii" jedhu irratti gaggeessitedha.Walfakkeenyi qorannoo kanaa wajjin qaban lamaanuu mala qorannoo (Akkamtaa), gosa qorannoo (qulqulleeffataa), Meeshaalee funaansa ragaalee (afgaaffii, daawwannaa fimarii garee)fi yaaxxina qorannoo (yaadxina foormulaa afaaniifi yaadxina faayidessummaa) qorattuun duraa fayyadamteetti; qorataan kunis fayyadameera. Kana malees, walfakkeenyi isaanii qorattuun duraa, Madda ragaa tokkoffaatti dhimma baate; qorataan kunis madda ragaa tokkoffaatti dhimma kan bahedha.

Haa ta'u malee, garaagarummaa guddaa qabu. Garaagarummaan isaaniis, waraqaan qorattuu duraa Xiinxala qabiyyee afwalaloo geerarsa Oromoo Maccaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Boojji Dirmajii" irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, Waraqaan qorataa kanaa immoo "Xiinxala qabiyyee geerarsa daboo Oromoo maccaa: Godina Jimmaa Aanaa Sokorruu irratti kan xiyyeeffatedha".

Gama biraan immoo Garaagarummaan isaanii qorattuun duraa mala iddattoo kaayyeffataatti dhimma baate; Qorataan kun immoo mala iddattoo kaayyeffatafi mala iddattoo darbaan dabarsaatti dhimma kan bahedha. Qorattuun duraa Maalummaa af-walaloo geerarsa sakkatta'uun ibsuu, Caasaa af-walaloo geerarsaa addeessuu, Yoomessa af-walaloo geerarsaa ibsuu, qabiyyee af- walaloo geerarsaa ibsuufi bifiyyee (unka) af-walaloo geerarsaa addeessuu irratti kan xiyyeeffattedha. Qorataan kun immoo qabiyyeewwan geerarsa daboo maal akka ta'an adda baasuu, ergaawwan qabiyyee geerarsa daboo

ibsuu, faayidaan geerarsi daboo qabu ibsuu, yoomessa geerarsa daboo adda baasuufi itti fufinsi geerarsa daboo dhimmoota hawaasummaa ceesisuu keessatti qabu ibsuu irratti kan xiyyeeffatedha.

Waraqaa qorannoo sagantaa digirii lammaffaa (MA) guuttachuuf Borsanyii (2012) mataduree 'Xiinxala afwalaloowwan hojii daboo Oromoo maccaa, aanaa Nuunnuu Qumbaa' jedhu irratti Baha Wallaggaatti geggeessedha. walfakkeenyi inni qorannoo kana waliin qaban lamaanuu Oromoo Maccarratti geggeessuu, Afaan Oromoon gaggeessu, mala qorannoo (akkamtaa), gosa qorannoo (qulqulleeffataa), meeshaalee funaansa ragaalee afgaaffii, daawwannaafi marii gareetti qorataan duraa gargaarameera; qorataan kunis gagaarameera.

Haa ta'uyyuu malee garaagarummaas qabu. Innis, qorataan duraa yaadxina tajaajilaa fayyadame; qorataan kun immoo yaadxina afaaniifi yaadxina tajaajilaa fayyadaeera. Qorataan duraa afwalaloo yeroo daboo dhiyaatan yaadota ijoo irratti hundaa'uun qoqqooduu, qabiyyeewaniifi ergaawwana afwalaloon gama misoomaan mul'atan xiinxaluu, fayidaalee afwalaloo yeroo daboo jiruufi jireenya hawaasaa keesatti qaban ibsuu, sadarkaa afwalaloon daboo yeroo ammaa irra jiru ibsuun furmaata itti kennuu irratti kan xiyyeeffatedha. Qorataan kun immoo qabiyyeewwan geerarsa daboo adda baasuu, ergaawwan qabiyyee geerarsa daboo ibsuu, faayidaan geerarsi daboo qabu ibsuufi yoomessa geerarsa daboo adda baasuufi irratti kan xiyyeeffatedha. Kana malees, qorataan duraa madda ragaa tokkoffaafi lammaffaatti gargaarameera; qorataan kun immoo madda ragaa tokkoffaatti gagaarameera.

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

Malleen qorannoo keessatti wantoonni yookiin mata dureewwwan haammataman kanneen akka malleen qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, madda odeeffannoo, iddattoofi mala iddatteessuu, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaannaman, adeemsa ragaa sassaabuu, ragaa adda baasuu, malleen xiinxala ragaaleefi naamusa qorannichaa kan ofkeessatti haammatedha.

3. 1 Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf yookaan gaaffilee bu'uuraa qorannoo kanaa galmaan deebisuuf qorannoon kun saxaxa qorannoo ibsa akkamtaa(qualitative descriptive) mala qulqulleeffataa (qualitative research method) hojiirra oolcheera. Sababni isaas qorannoon kun dhimmoota geerarsa daboo aanaa Sokorruu keessaa ragaa himtoota irraa walitti qabaman hubannoofi muuxannoon hawaasichaa gadi fageenyaan qorachuun yoomessa, qabiyyee, ergaafi faayidaa isaan of keessaa qaban xiinxalee baasuudhaan dhiyeessee jira.

3. 2 Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun naannoo Oromiyaa godina Jimmaa keessatti aanaalee argaman keessaa aanaa Sokorruu filachuun, ergaa geerarsa daboo xiinxaluurratti kan xiyyeeffatedha. Sababni qoratichi godina Jimmaa aanaa Sokorruurratti daangeffateefis, qabiyyeefi faayidaan geerarsa daboo hojii irratti xiyyeeffatan maal maal akka ta'an xiinxalee ibsuuf. Akkasumas, geerarsoota hojii akkamiifi yoomessa kami keessatti akka gaggeeffamu, adda baasuuf qorannoo kana gaggeesse. Dhaloota ammaa ergaawwan geerarsa daboo kanaa hubachisuun dhalootni haaraa itti fufsiisu qabu yaada jedhu qabachuun qorannoo kana geggeesse.

3. 3 Madda Ragaa Qorannichaa

Maddi raga qorannoo kana keessatti hojiirra oole madda raga tokkoffaati. Maddi ragaa tokkoffaan manguddootaafi dargaggoota aanaa Sokorruu yoo ta'an isaanis namoota geerarsa daboo irratti hubannoofi muuxannoo qabu jedhamanii yaadamanii filatamanidha. Sababni isaas, maddi ragaa tokkoffaan hawaasa dhimmichi kallattumaan ilaallatu waan ta'eef, kallattiidhaan gara jamaa qorannichaa jechuunis, gara hawwasa godina Jimmaa aanaa Sorruutti imaluudhaan hawaasa kallattumaan dhimmichi ilaallatu keessaa namoota yoomessa, qabiyyee geerarsa daboo, ergaafi faayidaa geerarsa daboorratti hubannoofi muuxannoo qabu yookaan nibeeku jedhamanii yaadamanirraa odeeffannoo walitti qabachuun waan danda'ameefidha. Yaada kana kan dhugoomsu Fileen (2019, f. 62) yoo ibsu, "mataduree qorannoo tokkoofis maddeen ragaalee kanneen keessaa filaachuudhaaf

murteessaan ka'umsa qorannoo, gaaffilee bu'uuraafi kaayyolee qorannoo, akkasumas, malleen xiinxala ragaaleeti " jedha.

3. 4 Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorataan Tooftaa hammamtaas ta'e akkamtaatti gargaaramee odeeffannoo funaanuuf iddattoo filachuu qaba. Kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta'eef, iddattoo filataman irraa odeeffannoo argaman bu'uura taasifachuun argannoo isaa qaamolee dhimmichi ilaallatu mara filchuun ni danda'ama. Iddattoo haala kanaaf ta'u garuu ogummaa gaafata. Sababni isaas, kanneen akka iddattootti filataman bakka bu'aa ta'uu qabu. Kanaafuu, iddattoo filachuun dura dhimmoonni murtee barbaadan jiru. Isaanis: Maddaafi kallattii odeeffannoon irraa argamu, caasaa iddatteessuu, tooftaa iddattoo, yoomessa, meeshaalee barbaachisaniifikkf. Addunyaa (2011, f. 65)

Haaluma kanaan namni qorannoo gaggeessu tokko tooftaalee adda addaatti gargaaramuu danda'a. Tooftaalee kunniinis akkaataa qorannicha waliin deemuu danda'anitti ilaalamanii kan qorataan filatamanidha. Maloota kana keessatti iddattoo hedduu fayyadamuurra iddattoo dhimma qorannoon irratti gaggeeffamu waliin walitti dhufeenya cimaa qaban muraasarraa odeeffannoo gahaa ta'e funaanuu irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, qorataan kunis iddatteessuu miti carraa keessaa mala iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) fi iddattoo darbaa dabarasaa (Snow ball sampling) fayyadamee jira.

Haaluma kanaan qorataan kun gosa iddattoo mit-carraa keessaa iddattoo kaayyeffataa (Purposive sampling)fi iddattoo darbaan dabarsaa gargaaramuun gandoota aanicha keessatti argaman keessaa gandoota jahaa isaaniis: ganda Dannabaa, Unkurree, Cophaa, Caalaa, Geebjiroofi Wiidaay filatee qorannoo isaa gaggeesseera. Namoota daboon hojjetaa turaniifi geerarsa daboo fayyadamuu irratti hubannoofi muuxannoo qabu jedhamanii yaadaman ganda Dannabaa manguddoota sadii fi dargaggoota lama, ganda Unkurree manguddoota sadii dargaggoota lama, ganda Cophaa manguddoota lamaafi dargaggoota lama, ganda Caalaa manguddoota lama dargaggessa tokko, ganda Geebjiroo manguddoota Sadiifi dargaggoota lama, ganda Wiidaay manguddoota lama fi dargaggeessa tokko mala iddatteessuu darbaa dabarsaan ammo ganda Dannabaa manguddoo tokko, ganda Unkurree dargaggoo tokko, ganda Geebjiroo manguddoo tokkoofi dargaggoo tokko, ganda Caalaa manguddoo tokko walii galatti manguddoota (kudha saddet (18) keesaa mangoddoota kudha toorba (17)fi dargaggoota kudha lama (12) Keessaa dargaggoota sagal (9) irraa ragaan funaanameera.

Sababni qoratichi mala iddattoo kaayyeffataa filateef namoota murtaa'oo filate kanarraa ragaa gahaa ta'e argachuu na dandeessisa jedhee waan itti amaneefi. Yaaduma kana kan dhugoomsu Addunyaan

Berg (2001:f. 32) Wabeeffachuun yoo ibsu, ”when developing a purposive sample, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects whore present this population” jechuun ibsa.

Mala iddatteessuu darbaa dabarsaa iddattoo akka filatamu sababa kan ta’e qorataan hawaasa aanaa iddatteeffame keessa jiratu keessaa kanneen geerarsa daboo irratti hubannoofi muuxannoo qaban ofii mala iddatteessuu kaayyeffataa fayyadamuun bira ga’uu cinatti odeeffannoo haaraan kan jiraatu yoo ta’e akka hinhafne mirkaneeffachuuf namoota biroorraa funaanuu waan barbaadeef namoota biroo sana namoonni mala iddatteessuu kaayyoon filataman akka eeran taasiseera.

3. 5 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo tokko geggeessuuf ragaa funaanuun murteessaadha. Ragaan kun immoo meeshaalee ittiin funaanaman garaagaraa qabu. Qorataan qorannoo kanaas meeshaalee funaansa ragaa jiran keessaa, af-gaaffii, marii garee xiyyeeffannoofi daawwannaa gargaarameera.

3. 5. 1 Afgaaffii

Dhimma murtaa’e tokkorratti ragaafi odeeffannoo argachuuf jecha qajeelfa gaaffiifi deebii nama dhuunfaa ykn nama muraasa waliin godhamudha. Qoratichis qajeelfamoota barbaadaman dursee waraqaarratti qopheeffachuudhaan deebbii kennaa waliin bakkaafi yeroo duraan dursee itti walbeellamanitti argamuudhaan walfuuldura taa’anii ykn immoo walirraa fagaatanii (Bilbilaan), sirna qorataan (gaaffii dhiyeessaan) itti gaaffii isaa dhiyeeffatuufi deebbii kennaan immoo deebbii isaa itti kennudha. (yaaddessaa, 2016: f. 107).

Qoratichis ragaa himtoota isaaf adeemsaafi tooftaa dhihaannaa af-gaaffii miti caaseffaamaa ta’ee af-gaaffii miti caaseffamaa bilisaa (banaa) afur (4) kan walqabataa deeman dhiheessuun odeeffannoo walitti kan qabatedha. Sababa qoratichi af-gaaffii miti caaseffamaa banaa filateefis ragaahimtoota gaaffilee dhiyaateefii yaada bilisaafi waan ragaa kennan sanarratti muuxannoofi hubannoo qaban akka kennaniif. Akkasumas, yaada maanguddoonniifi dargaggoonni kennan ragaalee sadan walbira qabuun ragaa gabbataafi qabatamaa ta’e argateera.

3. 5. 2 Daawwannaa

Yaaddessaa (2016: f.115) akka ibsutti, daawwannaan meeshaa funaansa ragaa keessaa isa tokko. Daawwannaan qoratichi amalaafi gocha namootaa yookaan waantootaa yookaan to’ataa ija agartuu isaatiin ilaalaa/daawwachaa wanta daawwate sana qayyabachuudhaan yookaan yaadannoo isaatti

qabachuudhaan tooftaa ittiin ragaa funaannatudha. Daawwannaan bakka iddattoo qorannichaaf filataman bakkeetti argamuudhaan tooftaa haalotaafi amaloota jijjiiramootaa ija keenyaan arginee, miira keenyaan dhamdhamneefi hubannee bifa ragaatiin sassabnudha jedha. Qoratichis tooftaa daawwaannaa namaa yookaan meeshaafi daawwannaa hirmaachisaafi miti hirmaachisaa raawwatamuuf dursee unka daawwannaa (Cheek-listii) qopheeffachuun kan daawwatedha.

Akkasumas, qoratichi lafa ragaa gahaafi amansiisaaan af-gaaffii dhuunfaafi marii gareetiin argachuun rakkisaa ta'etti yoomessa uumamaa argamerratti manguddootafi dargaggootarraa yoomessa geerarsa daboo adda baasuu, qabiyyeewwan geerarsa daboo adda baasuu, ergaawwan qabiyyee geerarsa daboo ibsuufi faayidaa geerarsa daboo ibsuuf si'a sadii daawwate. Daawwannaan jalqabaa yeroo mana ijaaran namoota baay'inni isaanii kudha shan (15) ta'an gaafa 17/09/2014 daawwatame. Daawwannaa lamaffaa yeroo midhaan calleessan namoota baay'inni isaanii Sadii(3) ta'an gaafa 18/09/2014 daawwataman. Daawwannaan sadaffaan immoo yeroo qonnaa qotan namoota baay'inni isaanii kudhan(10) ta'an gaafa 28/10/2014 daawwatamedha. Qoratichi tooftaa daawwannaa namaan yookiin meeshaan raawwatamu gargaaramuun ta'iiwwan bakka daawwanaa sanatti ta'an daawwatee suuraadhaan, viidiyoodhaan sagalee waraabbachuufi yaadannoo qabachuun ragaalee barbaachisoo ta'an qabatamaatti walitti qabatee kan xiinxaledha.

3. 5. 3 Marii Garee

Tooftaan kun namoota dhimmi isaan ilaalu bakka tokkotti waamuudhaan haasofsiisuudha. Mariin garee gaaffiilee mata duree yookaan yaada ijoo dubbii irratti mari'atamuufi yaadota ragaa baasisu duraan dursa qopheessuudhaan kan raawwatamu yommuu ta'u, kan mariin gaggeeffamus marii gaggeessaa yookaan haala mijeessaa jedhamee moggaafamuunidha. Haaluma kanaan mariisisaan yookaan ragaa funaanaan wantoota /dhimmoota irratti mari'achuuf qophaa'an tokko tokkoon kaasuudhaan mari'attootaaf ibsuu, yaada mari'attoonni kaasanis calaqqisiisuu akkasumas, ragaaleefi odeeffannoo mariirraa argaman barreeffachuutu isarraa eegama.Yaaddessaa (2016: ff. 113- 114) qoratichis yaada hayyoota ka'umsa godhachuun yeroo marii garee adeemsise waltajjicha to'achuun dubbii namootaaf gatii kennee caqasuun, ija keessa ilaalaa sochii qaamaan yaadasaanii deeggaruun, carraa hirmaannaa walqixa kennuufiin yaadannoo qabachaa deemuun ragaalee gahaa ta'an kan argatedha.

Qorataan qorannoo kanaa namoota muuxannoofi hubannoo geerarsa daboo irratti qabu jedhamanii yaadaman maloota filatamoo ta'aniin hawaasa keessaa filachuun mariisiseera. Marichas garee namoota lamatti qooduun ganda Geebjiroofi ganda Wiidaay irraa namoota filataman ganda Geebjiroorratti namoota 6 (jahaa) gaafa guyyaa 17/09/2014 turtii yeroo daqiiqaa 45' mariisiseera. gandoota Dannabaa,

Cophaa, Unkurreefi Caalaa irraa namoota filataman ganda Dannabaarratti namoota 10 (kudhan) gaafa guyyaa 6/10/2014 sa'aatii 1:00f mariisiseera. Namoonni qabxii marii gareen kennameef irratti akka mari'ataniif qorataan qorannoo kanaa qabxiilee marii baay'inni isaa 8 (saddet) ta'an qopheessuun yeroo marichi adeemsifamu bakka heyyamamoo ta'anitti namoota mari'atan suuraa kaafachuu, sagalee isaanii waraabuufi yaadannoo qabachuun ragaa sassabbatee xiinxaleera.

3. 6 Malleen Galmeessa ragaalee sassaabuu

Qorannoo tokko gaggeessuuf odeeffannoon funaanamuun murteessaadha. Bu'uuruma kanaan, qorannoon kun kan gaggeeffame qabiyyee geerarsa daboo qonnaa, haamaa, calleessaafi yeroo ijaarsa manaa sagaleedhaan meeshaalee elektiroonikii moobaayilaan, viidiyoofi kaameeraadhaan manguddootaafi dargaggoota iddattoon filataman irraa argame funaanuun odeeffannoo argaman irratti dha. Qabiyyeen geerarsa daboo sagaleedhaan karaa iddattoota filatamaniiwalitti qabuuf, meeshaaleen akka laaptooppii, moobaayilii, kaameeraa funaansa ragaa qorannoo kana gaggeessuuf dhimmi itti bahamee jira. Qabiyyee geerarsa daboo afgaaffii, marii gareefi daawwannaadhaan 72 (torbaatamii lama) ta'an sassabameera.

3. 7 Ragaalee adda baasuu

Qorannoon kun kan gaggeeffame ragaa manguddootaafi dargaggoota irraa karaa afgaaffii, marii gareefi daawwannaan argaman sakatta'uun odeeffannoo argame irratti hunda'uunidha. Geerarsa daboo torbaatamii lama (72) ta'an sassaabaman keessaa geerarsa qonnaa 44 (afurtamii afur) geerarsa yeroo haamaa 13 (kudha sadii) geerarsa yeroo calleessa midhaanii 6 (jahaa) geerarsa yeroo mana ijaaran 9 (sagal) irratti kan xiyyeeffatamedha.

Geerarsa daboo waaraabamanii adda bahan sirnaan irra deddeebiin dhaggeeffachuun walaloo isaanii sagaleedhaan jiru jecha jechaan waraqaa irratti barreeffamatti (transcription) jijjiiruun barreeffameera. Bu'uuruma kanaan, geerarsi daboo qonnaa 44 (afurtamii afur) ta'an barreeffamatti erga jijjiiramee fuula 21 (digdamii tokko) yemmuu ta'uu kan yeroo haamaa 13 (kudha sadii) ta'an barreeffama fuula 6 (jahaa) ta'eera. Haaluma wal-fakkaatuun, geerarsi yeroo calleessa midhaanii 6 (jahaa) ta'an barreeffama fuula 3 (sadii) yemmuu ta'uu kan yeroo ijaarsa manaa 9 (sagal) barreeffama fuula 6 (jahaa) ta'eera.

3. 8 Malleen xiinxala ragaalee

Malli ragaan ittiin xiinxalame tooftaa madda ragaan irraa funaanameef hiikni itti kennamedha. Akkaataa Fileen (2019, f.112) ibsutti "odeeffannoon saxaxa qorannoo akkamtaadhaaf tooftaaleefi meeshaalee adda addaatiin walitti qabamu kallattii adda addaan xiinxalamuufi qaacceeffamuu danda'a" jedha.

Malleen xiinxala ragaalee jiran keessaa malli akkamtaa daraan irratti kan xiyyeeffatu odeefffannoo argame jechootaan, gaaleedhaan, ciroodhaan, mallattoolee, adda addaaf xiyyeeffannoo kennuun ibsuudha.Yaadrimeen akkamtaa jedhu kuni yaada yookaan ergaa odeeffannoo keessa jiru tokko akka ummanniifi hawaasni jedhutti, ilaalutti, ibsutti, hiika itti kennutti ibsuufi qaaccessuu irratti xiyyeeffata Fileen (2019, f. 110).

Haaluma kanaan, malli xiinxala ragaalee akkamtaa qorannoo keessatti qorataan dhimma itti bahe xiinxala qabiyyee (content analysis) dha. Akkaataa Addunyaan (2011, f. 71) ibsutti, "qaaccessa odeeffaannoo akkamtaa keessatttti odeeffannicha qopheeffachuun, irra deddeebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qorattuun hordofuu qabdu keessaa warra muraasa" jedha. Jalqaba qabiyyee geerarsa daboo irratti xiyyeeffatan walitti qabuun adda baheera. Itti ansuudhaan, geerarsoota daboo adda bahan sirnaan irra deddeebiin kan waraabaman dhaggeeffachuudhaan walaloo isaanii waraqaa irratti barreeffamattii jijjiiruun (transcription) Kan barreeffamaan walitti qabaman immoo dubbisuudhaan geggeeffameera. Erga barreeffamatti jijjiiramanii booda haala qabiyyeefi ergaa isaaniin irra deddeebiin dhaggeeffachuun; dubbisuun qoqqoodamaniiru. Haala qabiyyee qoodameen qabiyyeefi ergaan geerarsa daboo kanaa xiinxalameera.

Bu'uuruma kanaan, ergaa qabiyyee geerarsa daboo kana keessatti walitti dhufeenya hawaas-dinagdee hawaasni afoola isaa keessatti ibse haala ummatni Oromoo itti jiru walsimuu isaa sakatta'uudhaan xiinxaluun gahee qorannoo kanati. Ergaa geerarsa daboo kana keessaa kanneen ijoo (major themes) ta'an qabiyyee isaanii irratti hunda'uun xiinxalli gaggeeffameera.

3. 9 Naamusa (sakkoo) Qorannichaa

Hojii qorannoo keessatti naamusni qorannoo gahee guddaa qaba. Neuman, (2007: f. 5) akka barreessetti, seeraafi naamusa karaa seera qabeessaan eeguun qorataan icciitii irraa qoratu eeguufi hawaasa isaa qoratu kabajuun odeeffannoo barbaachisaa fudhachuuf kan adeemsisu ta'uu ibsa. Kunis, qorannoo geggeeffamu keessatti icciitii hawaasichaa eeguun qulqullinaafi amanamummaa qabaachuun hawaasichaaf akka oolu gochuu keessatti qooda guddaa qaba. Qoratichi ragaa himtoottootaaf of ibsuufi xalayaa seeraa qorannichaa akka gaggeessuuf kennameef agarsiisuun aadaa, safuufi duudhaa hawaasichaa kabajuun odeeffannoo isaa walitti qabatee kan xiinxaledha. Kanas suuraa adda addaa waraqaa kanarratti maxxanfaman irraa hubachuun ni danda'ama.

BOQONNAA AFUR: RAGAALEE XIINXALUUFI HIIKUU

Boqonnaa kana jalatti ragaaleen gaaffilee bu'uuraa boqonnaa tokko keessatti ka'aniif deebii argachuuf kaayyoo qorannichaa mirkaneessuuf ragaalee raga himtoota af-gaaffii, marii gareefi daawwannaan funaanaman wal duraa duubaan mala akkamtaa gargaaramuun xiinxalamanii jiru. Akkaataan itti xiinxalame yoomessa, qabiyyee, ergaafi faayidaa geerarsa daboo aanaa Sokorruu bu'ureffachuun yommuu ta'u ragaaleen meeshaalee funaanaansa ragaa armaan olitti eeramaniin funaanaman qoqqoodamanii duraa duuba isaanii eeggachuun xiinxalamaniiru. Ragaalee raga himtootarraa af-gaaffii, marii gareefi daawwannaan funaanaman akka agarsiisutti yoomessi geerarsa daboo: geerarsa yeroo qonnaan qotamu, geerarsa yeroo haamaa, geerarsa yeroo midhaan calleeffamuufi geerarsa yeroo manni ijaaramu ta'uu, yoomessoonni kunneen ergaawwan geerarsa daboo garaagaraa akka qaban. Isaanis: cimina ibsuuf, barbaachisummaa hojii ibsuuf, qeequuf, inaaffaa agarsiisuuf, jajachuuf, hanqina mul'ate agarsiisuuf, hawwii ibsuuf, gaabbii agarsiisuuf, onnachiisuuf akka ta'e adda baheera. Akkasumas, yoomessa, qabiyyee geerarsa daboo, ergaa geerarsa daboofi faayidaan geerarsa daboo ergaa xiinxalame keessatti kaa'amee jira. ergaawwan kunneenis tokko tokkoon akka armaan gadiitti xiinxalameera.

4. 1 Geerarsa Daboo Qonnaa

Jiruuf jireenya hawaasa tokkoo keessatti bu'aa bahii jireenyaa injifachuuf hojiin gamtaan yookiin gareen hojjetaman ni jiru. Hojiilee kanneen yeroofi haala barbaadamuun raawwachuuf namoonni karaa adda addaa waltumsu. Isaanis: yeroo qonnaa, haamaa, midhaan calleessuu, fi kkf ta'uu danda'a. Kanneen keessaa qonni immoo bu'uura dinagdee yookiin lafee dugdaa biyya tokkoo ta'ee waqtii Arfaasaa kaasee hanga sassaabamee mana galutti xiyyeeffannaa guddaan kan itti kennamudha. Dur akka naannoo keenyaatti daboo qonnaa irratti kan abbaan daboo kadhaterratti soddaan dabalataan fiduun hanga sangoota cimdii soddomaa oliin daboon qonnaa qotama. Yeroo ammaa garuu laafaadha. Yoo baay'ate sangoota cimdii kudhan hin caalleen daboo qonnaa waliif qota. Sababni isaas, Yeroo ammaa baay'inni namootaa dabalaa waan dhufeef lafti qonnaaf oolu xiqqaachaa dhufe. Akkasumas, afoolli yeroo daboo qonnaa kana itti dhimma bahamaa ture laafa dhufeera. Sababni isaas, namoonni akka durii walitti dhufuu dhabuu, nyaanniifi dhugaatiin durii dhibamuu, Afoolatti gargaaramuun akka haraamaatti ilaalamuu, ammayyummaafikkf.

Kanaaf namni daboo qonnaaf kadhatu wantoota barbaachisu qopheeffatee namoota sangaa cimdii tokkoofi isaa ol qaban erga adda baafatee booda akka isaaf qotan kadhata. Egaa akka durii yoo ta'uu baates, namoonni daboo qotan kunneen wal bohaarsaa qotu. Sangaa yookiin qotiyyoo faarsu. Nama

sirriitti hin qonnes ni qeequ. Abbaa daboos ni faarsu, ni qeequ Jalqaba qeeqa kanaa ta'uu kan danda'u namoota hubannoofi muuxannoo qaban jedhamanii yaadamaniifi manguddoota ta'an irraa jalqaba.

Kunis ka'umsi isaa haaloof osoo hin taane hojiin nama daboo sanaa akka jalaa hin harkifanne namoota hojii daboo qonnaarratti bobba'an haamilee horatanii bifa kaka'umsa qabuun akka hojjetan taasisuuf kan gargaarudha. Kanaafuu, ka'umsi geerarsa sirna daboorratti dhihaatu bifa kanaan geerarsi qonnaa kan namoonni bu'aa qonnaarraa argatan , gufuu isaan mudate, tooftaa ittiin rakkoo isaan mudate furatan fedhii qonnaaf qabaniifi wkf. ittiin ibsatanidha (Maddi Meeshaalee Funaansa Ragaaleerraa Argamedha).

4. 1. 1 Cimina ibsuuf

Geerarsa daboo qonnaa keessatti wal jajjabeessuun nimul'ata. Kunis yeroo dhadhabbiin qottuu ykn qotiyyoo keessaa isa tokkotti dhufu dadhabbiifi mukuu keessaa wal ykn of baasuuf wal/of jaajjabeessu. Dadhabbiin kunis rooba, aduu, sa'aan hojii dheerachuufikkf. ta'uu danda'a. Obbo Awwal A/Fiixaa jedhamuu jiraataa ganda Cophaati af-gaaffii (gaafa 18/08/2014) dhiyaateef irratti hirmaatan himanitti, yeroo daboo qottuun cimina ofii isheefi qotiyyoo ishee geerarsaan baaftee ibsatti kunis bal'inaan yeroo hojiirra jiramu hojjetaa kan geeraramudha jechuun himu. Fakkeenya isaan kennan akka itti fufutti xiinxalameera.

Fkn. 1 Qotiyyoon qottuu wayyaa

Kan qottee ganna baatuu

Qottuun gabaabduu wayyaa

Kan hordaa jala baatuu

(Maddi: Afgaaffii obbo Awwal A/Fiixaa gaafa 18/08/2014fi marii garee 2ffaa gaafa 6/10/2014)

Afwalaloon geerarsaa bo'oo tokkoffaan ' qotiyyoon qottuu wayyaa' jedhu kun cimina qotiyyoo isaa Arfaasaadhaa hamma Birraatti utuu hin dadhabiiniifi addaan hin kutiin fullaasuu ishee kan ibsudha. Akkasumas bo'oo 2ffaa irratti 'kan qottee Ganna baatu' kan jedhu gahumsa qonna irratti qabu kan ibsudha. Wayita kanas namoonni qotiyyoo dadhaboon qotaa jiran geerarsichi akka isaan qeequuf geerarame kan hubatan ta'a. Hamma danda'ametti namni guyyaa daboo qotiyyoo isaa sirriitti nyaachisuun akka isheen haala gaariin tattaafattee qottu taasisuuf yaala. Afwalaloon geerarsaa bo'oo sadaffaan ' qottuun gagaabduu wayyaa' kan jedhu kan inni ibsu hawaasa keessatti kan mul'atu bakka tokko tokkotti qotiyyoon utuma qottuu osoo qonni hin xumuramiin dadhabuun addaan kutuun kan

mul’atudha. Bakka tokko tokkotti immoo namichi qonna osoo hin raawwatiin sababa dhiyeessuun addaan kutuun waan mul’atuuf kanneen akkasii qeequufi hojiitti galchuuf kan geeraramudha. Dabalataanis jabina qotiyyoo isaaniifi ofii isaanii qonna irratti qaban geerarsaan ibsatudha.

Fkn. 2 Maarashaa guddaa binnaa

Dhakaraa baal’aa binnaa

Ittumaan bajjii lixnaa

Yommus deega ofirraa kunnaa

(Maddi: Afgaaffii Obbo Abdoo Sheek Shariif Gaafa 25/08/2014)

Afwalaloon bo’oo tokkoffaafi lammaffaan kan ibsan meeshaalee hojiif barbaachiisan hunda qopheeffatanii oomishaa isaanii keessatti haamileefi gootumaadhaan onnatanii yoo hojjetan deega ofirraa kutuun akka danda’amu kan ibsudha.Yeroo kana dhibaa’ummaan waan hinjirreef hiyyuummanis dhaabamuu kan danda’u ta’u hubachiisaa. Bo’oo sadaffaan ‘ittumaan bajjii lixnaa’ kan jedhu meeshaa haaraa bitanne kanaan lafa gabbataa qotamee hin beekne qonnee oomisha keenya guddiduun hiyyummaa ofirraa kunnaa kan jedhu kan ibsudha. Kana malees, namni tokko oomisha oomishatu keessatti meeshaaleen waan isa barbaachisuuf ulaagaa isaa guuttachuun isaa barbaachisaa ta’uu mul’isa. arfaffaan ‘yommus deega ofirraa kunnaa’ kan jedhu kutannoon yoo hojjenne hiyyummaa keessaa bahuu dandeenyaa kan jedhu kan ibsudha.Ergaan geerarsa kanaa osoo lafa hojii hin deemiin dura meeshaalee nu barbaachisan itti yaadnee qopheeffachuun hojii keenya ciminaan akka hojjennu nu hubachiisa

Fkn 3 Ittan beeka hundattuu

Gindoo jajjallataa muruu

Mataaf udduu uruu

Ittiin bajjii unkuruu

Xaafii adii gurguruu

Beelatti muka muruu

(Maddi: Afgaaffii Obbo Abarraa Tulluu Gaafa 28/08/2014)

Afwalaloon geerarsaa bo'oo tokkoffaa ' ittan beeka hundattuu' kan jedhu kan ibsu geeraraan hojii qonnaa kamitti iyyuu ga'umsa qabaachuu isaati. Yaadni afwalaloo bo'oo lammaffaa ' gindoo jajallataa muruu' kan jedhu meeshaa qonni ittiin qotamu innis muka irraa kan tolfamu yoo ta'u, bo'oo sadaffaan 'mataafi udduu uruu' kan jedhu mukti gindoo ta'u kunis hudduu irraaniifi mataa irraan kan Uramudha.

Geeraraan kunis meeshaalee qotisaa tolchuuf illee ga'umsa kan qabu yoo ta'u namni hundi garuu akka hin dandeenye kan qeequdha. Bo'oo arfaffaa irratti 'ittiin lafa bajjii unkuruu' kan jedhu, unkuruun lafa gabbataa qotamee hin beekne asiif achi gaggalagalchanii bulleessuu yoo ta'u, bo'oo shanaffaan 'xaafii adii gurguru' kan jedhu lafti bajjii haala gaariin qotame sirriitti xaafii kan kennu yoo ta'u garuu dandeettiifi cimina kan nama gaafatudha. Bo'oo jaaffafi inni dhumaa 'beelatti muka muruu' kan jedhu deega akka isheen lamuu ol hin jenne gochuun dhabamsiisuu ibsa.

Fkn. 4 Dilbiin qoosaatti hin dhufuu

Gindii lafatti cufuu

Jilbaan lafatti kufuu

Beelatti Karaa cufuu

Wanjoo yaa gooleekoo

Gindii yaa mogoleekoo

Situ baase booreekoo

(Maddi:Afgaaffii Obbo Abarraa Tulluu Gaafa 28/08/2014)

Yaadni afwalaloo bo'oo tokkoffaa ' dilbiin qoosaatti hin dhufu' kan jedhu badhaadhinni haala salphaan kan dhufu osoo hin taane ta'aabbii guddaa kan gaafatu ta'uu agarsiisa. Dilbiin qabeenya irraa hafaa yoo ta'u, innis immoo jabaatanii hojjechuun kan argamudha. Hiyyummaa balleessuun kan danda'amu jabaatanii hojjechuun akka ta'e mul'isa. . Bo'oo lammaffaan 'gindii lafatti cufu' bo'oo sadaffaan 'jilbaan lafatti kufu' kan jedhu gindii lafatti cufuun lafa uranii qotuuf humnaan hordaa qotisaa gadi qabuu gaafata. Bo'oo arfaffaa 'beelatti karaa cufu' kan jedhu kan ibsu cimanii hojjechuun hiyyummaan maatiitti akka hin galle taasisuu jechuudha. Bo'oo shanaffaan 'waanjoo yaa gooleekoo' kan jedhuufi bo'oo jahaaffaan 'waanjoo yaa mogoleekoo' kan jedhu qonni jiruufi jireenya hawaasaaf hundee ta'uu

kan ibsudha. Bo'oo toorbaffaafi inni dhumaa 'situ baase booreekoo' kan jedhu hiyyummaa keessaa bu'uuf bu'aa bayii bay'ee keessa kan darbamu ta'uu hubachiisa.

Fkn. 5 Qallattee milli hincabduu

Tirattee tabbaa baati malee

Rakkattee dhiirri hinbadduu

Xaarrattee keessaa baatii malee

(Maddi: Afgaaffii Obbo A/Jabal A/Bulguu Gaafa 15/09/2014)

Afwalaloon bo'oo tokkoffaa 'qallattee miilli hin cabdu' kan jedhu kun kan ibsu, hammam yoon hiyyoomellee yoo cimee hojjete akka keessaa bahudha. Bo'oo lammaffaan 'tirattee tabba baati malee' jedhu hiyyummaakeessaa bahuuf kutannoo, human, yeroo, obsa yoo qabaatan hiyyummaa seenaa gochuun akka danda'amudha. Bo'oo sadaffaan'rakkattee dhiirri hin baddu' kan jedhu dhiirri hammamuu yoo rakkateyyuu hiyyummaaf harka hin laatu kallatti socho'uu danda'uun humna isaatiin hojjeteehiyyummaa keessaa baha malee. Afwalaloon bo'oo arfaffaafi inni dhumaa' xaaarrattee keessaa baati malee' kan jedhu dhalli namaa hiyyummaa isatti dhufeef taa'ee sabababa kan dhiyeessu osoo hin taane jabaatee tattaafatee keessaa akka bahuu danda'uuf namni kamiyyuu haamilee godhatee yookaan akka onnatee hojjetu gochuuf kan geeraramudha. Kanaafuu, namni tokko kutannoon onnee godhatee humna guutuu qabuun oomisha isaatti bobbaa'ee akka hojjeetu gochuuf kan geeraramedha.

Fkn 6 Dhadhaabbataan qotiyyoo

Koobii marga isaa jigsee

Biyyoo isaatti boorrataa

Tattaafataan qotee bulaa

Qaljiin mar'immaan jigsee

Callaasaatti boorraataa

(Maddi: Afgaaffii Obbo A/Jabal A/Bulguu Gaafa 15/09/2014)

Afwalalloon geerarsaa bo'oo tokkoffaa 'dhadhaabbataan qotiyyoo' kan jedhu qotiyyoo cimaa giidoo qabu sirriitti qotudha. Bo'oo lammaffaan 'koobii marga isaa jiksee' kan jedhu sangaan cimaan kun lafa margaa tuulamee jiru sirriitti qotuu kan ibsudha. Bo'oo sadaffaa 'biyyoo isaatti boorrata' Sangaa cimaan kn lafa margaa kana sirriitti qotee bulleessuun biyyoo isaatti boorrachuu agarsiisa. Afwalaloon geuerarsaa bo'oo arfaffaa 'tattaaffataan qotee bulaa' kan jedhu qonnan bulaa jiruuf jireenya isaa jijjiiruuf karoorfatee adeemu jechuudha. Akkasumas,q otee bulaa cimaan kutannoon beelaafi dheebuu, qorraafi rooba, akkasumas aduu damdamatee humna isaafi haamilee isaa guutuun hojiitti kan tattaafatuudha. Afwalaloon geerarsaa bo'oo shanaffaan 'qaljiin mar'ummaan jiksee' kan jedhu lafa gabbataa osoo hin qotamiin ture qotee caallaa gaarii irraa argachuun jireenya isaa fooyyeessuun jiraatu ta'uu kan ibsudha. Afwalaloon geerarsaa bo'oo jahaaffaafi inni dhumaa' calla isaatti boorrata' kan jedhu kun kan agarsiisu namni kamuu jiruuf jireenya isaa jijjiiruuf carraaqqii guddaa yoo taasise jireenya qannoo akka jiraatu hubachiisuuf kan geeraramedha.

Fkn.7 Bara baraan adeemuun

Adeema namaa godhaa

Bara baraan barachuun

Barataa namaa godhaa

Kan adeemuu hingabbatuu

Kan waa yaadu hinrafuu

(Maddi: Afgaaffii obbo A/Jihaad A/Bulguu Gaafa 15/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa bo'oo tokkoffaa ' barabaraan adeemuun ' kan jedhu kan agarsiisu jiruuf jireenya ofii fooyyeffachuu dhiisanii asiifi achi deemuun gaarii akka hin taane. Yaadni Afwalaloo geerarsaa bo'oo lammaffaa 'adeemaa nama godhaa' kan jedhu kan ibsu hojii dhiisanii asiifi achi jechuun kashalabbee nama taasisaadha. Yaadni afwalaloo bo'oo sadaffaa 'barabaraan barachuun' kan jedhuufi bo'oo arfaffaan'barataa nama godhaa'kan jedhu kan ibsu sababa quubsaa hin taanee wagga waggaan daree tokkotti deddeebi'anii barachuun maqaaf barataa nama jechisiisaa garuu, bu'aan hin buune kan jedhu kan agarsiisudha.Afwalaloon geerarsaa bo'oo shanaffaan ' kan adeemu hin gabbatu' kan jedhu namni jiruuf jireenya isaa dhiisee asiifi achi deemu waan dhaabbataa ta'e tokko waan hin qabneef keessi isaa yaaddoo qabaachuu kan mul'isudha. Yaadni afwalaloo bo'oo jahaaffaafi inni dhumaa ' kan waa

yaadu hin rafu' kan jedhu kan mul'isu namni jiruufi jireenya koo fooyyeeffadha jedhuufi dheebuu maallaqaa qabu irriba gaarii akka hin qabne agarsiisa. Innis halkan yaadaan kan hubamuufi namni yaadni itti heddummatu immoo akka huqqatu mul'isa. Dhaamsi geerarsa kanaa inni ijoon nuffii dhiisanii hojii ofharkaa qaban seeraan akka dalaganiif jecha kan geeraramedha.

Fkn. 8 Harree keessa yaa mollaa

Kan qunnaa sagal baatuu

Deega keessaa yaa qullaa

Kan biyyaa namaa baasuu

(Maddi: Afgaaffii Obbo A/Olii A/Fiixaa Gaafa 15/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa bo'oo tokkoffaa ' harree keessaa yaa mollaa' kan jedhu kan ibsu harroota jiran keessaa isa cimaafi wadala ta'e jechuudha. Afwalaloon geerarsaa bo'oo lammaffaa' kan qunnaa lama baatuu' kan jedhu kan ibsu harree isa cimaa ba'aa ulfaataa baachuu danda'u jechuudha. Yaadni afwalaloo bo'oo sadaffaa ' deega keessaa yaa qullaa' kan jedhu kan ibsu namni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti hojjetee maatii isaa jiraachisuu hin danda'u taanaan akkuma qullaan yeelloo ta'e maatii sanaaf hiyyummaan yeelloo ta'uudha. Yaadni afwalaloo bo'oo arfaffaa ' kan biyyaa nama baasuu' jedhu kan agarsiisu jiruufi jireenya keenya fooyyessuuf hin dhamaanu yookiin hin hojjennu yoo ta'e hiyyummaan hawaasa waliin jiraannu waliin hariiroon keenya akka laafu kan taasisudha. Kanaaf, namni osoo hojjechuu danda'uu hiyyoomee tokko tokko hawaasa keessa jiraatu yeella'ee biyya isaa gadhiisee deema. Namni biyya gadhiisee iddoo biraa deeme kun halkaniifi guyyaa qaanii tokko malee waanta argate hunda tattaafatee hojjetee kan jijjiiramu jiraachuu kan agarsiisudha. Ergaan geerarsa kanaa namni jiruuf jireenya isaa jijjiiruuf humnaafi yeroo isaa sirnaan yoo itti hin fayyadamne yeelloo ta'uu kan agarsiisudha.

Fkn. 9 Handaaqqoo guutuu biluu

Saallaan lafa danqaraa

Giidookoo guutuu jiruu

Maalan Nama gabbaraa

(Maddi: Afgaaffii Obbo A/Olii A/Fiixaa Gaafa 15/09/2014

Yaadni afwalaloo geerarsaa bo'oo tokkoffaa 'handaaqqoo guutuu biluu' kan jedhu kan agarsiisu handaaqqoo sookkee mataa guutiyyee baafatedha. Afwalaloon bo'oo lammaffaa 'saallaan lafa danqara' kan jedhu kan agarsiisu' akkuma handaaqqoon sookkeen saallaa biqilfate sanaan dhaabbannaa isaa lafatti jabeeffatee deemu anis jiruuf jereenyakoo jijjiiruuf humnaafi yeroosaa qindeeffatee cimee oomisha isaa kan jijjiiru ta'uudha. Afwalaloon bo'oo sadaffaa 'giidookoo guutuu jiruu'Kan jedhu kan ibsu Rabbi fayyaa isaaf kenne kanaan cimee hojjetee jiruuf jireenyasaa jijjiiruu kan danda'u kan jedhudha. daboon ittiin seexaa walitti horuun wal onnoomsee misoomatti wal cimsuuf geeraramudha. Geeraraan afwalaloo kanaas giidoo qabuun hojjetee hiyyummaa keessaa bahuu akka danda'u kutannoo qabaachuu isaa agarsiisa. Yaadni afwalaloo bo'oo arfaffaafi inni dhumaa' maalan nama gabbaraa' kan jedhu kan ibsu geeraraan kun ammaan booda hirkattummatti hinjiraadhu ofii koon tattaafadheen rakkoo keessaa baha jedhee murtoo qabaachuu mul'isa. Akkasumas, ani fayyaa guutuu qabaadhee kana booda harka namaa biroo ilaaluu hin qabu kan jedhudha. Kanaafuu, humna guutuu qabaniin oomishaattii bobba'anii halkaniifi guyyaa osoo hinjedhiin onnee onnatanii kaka'umsaan akka hojjetan kan isaan gargaaredha.

Fkn. 10 Qawween kee naasii mitii

Wajagiraadha malee

Mucaan kee raatuu mitii

Fala fidaadhaa malee

Lafaan lixaadha malee

(Maddi: Afgaaffii obbo xayyib A/Boor Gaafa 20/09/2014)

Afwalaloon bo'oo tokkoffaa 'qawweenkee naasii miti' kan jedhu kan agarsiisu meeshaan qonnaakee ati itti fayyadamtu kan faayaaf hojjetame miti kan ittiin hojii hojjetanii bu'aa argamsiisanidha kan jedhudha. Afwalaloon bo'oo lammaffaa ' wajagiraadha malee' kan jedhu kan ibsu meeshaan qonnaakoo ani itti gargaaramu cimaadha kan jedhudha. Yaadni afwalaloo bo'oo sadaffaa ' mucaankee raatuu mitii' geeraraan kun beekaa cimina kan qabu ta'uu mul'isa. Dabalataanis gamnummaafi gootummaa qabaachuu isaa afwalaloo kanaan kan mul'isudha. Wanta hojjetu hundumaas haamileedhaan akka hojjetu agarsiisa. Bo'oo arfaffaan 'fala fidaadha malee' kan jedhu kan ibsu jiruuff jireenya isaa fooyyessuuf tooftaa oomishaa garaa garaatti kan fayyadamu ta'uudha.Toora dhumaa irratti 'lafaan

lixaadha malee' kan jedhu qottuu ta'uu agarsiisa. Kanaaf, geerarsi kun haamilee namaa kakaasee akka namni jiruuf jireenya isaa jijjiiruuf akka hojiitti galu yookiin si'atu gochuuf gahee kan qabudha.

Fkn. 11 Foolii funyaantu beekaa

Daarii magaaltu beekaa

Qayyoo qolataa beelaa

Keewwata isaa haleelaa

(Maddi: Marii garee 2ffaa gaafa 6/10/2014)

Afwalaloon geerarsaa armaan olii bo'oo tokkoffaafi lammaffaan akkuma foolii funyaan beeku qotiyyoonis yeroo qotu daangaa gahee deebi'u beekaa kan jedhu agarsiisa. Bo'oo sadaffaafi arfaffaan immoo qotiyyoon cimee qotuun beela nurraa kan ittisudha kan jedhu agarsiisa.

Fkn. 12 Qotiyyoon qottu booraa

Qottuun qottu booraa

Gurbaan qottu qondaalaa

Kormi qotu qotaa bookkisaa

Gurbaan qotu qotaa geeraraa

(Maddi: Afgaaffii Dargaggoo Gaalii A/Jihaad 15/09/2014 Obbo A/Biyyaa A/Waarrii 16/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa armaan olii kun Kan ibsu bo'oo tokkoffaafi lammaffaan Qottuun cimina ofiifi qotiyyoo isaa jajuu kan agarsiisudha. Bo'oo sadaffaafi arfaffaan immoo qottuun cimtuudha osuma qotuu geerara; Qotiyyoonis cimaadha osuma qotuu bookkisa jechuudha.

Fkn.13 Injiraan mataakootii

Hamma qusumaa nyaattee

Ka'ii narrraa godaanii

Yoo ati kana diddee

Gobaa butuu qaree

Mar’ummaankeen

Gumaakee nama gaafatun ilaalaa

(Maddi: Marii garee 1ffaa Gaafa 17/09/2014) Daawwannaa 18/09/2014

Afwalaloon geerarsaa bo’oo tokkoffaa ‘ injiraan mataakootii’ kan jedhu kan agarsiisu jiruuf jireenya isaa keessatti hiyyemmaa keessa turedha. Bo’oon walaloo lammaffaa’ hamma qusumaa nyaatte’ jedhu kun kan ibsu geeraraan kun kana dura sababa sirriitti hin qotatiiniif hiyyummaan akka barbaaddee gochaa turuushee agarssiisa. Bo’oo sadaffaan afwalaloo geerarsaa ‘ ka’ii narraa godaanii’ kan jedhu immoo amma cimee sirriitti hojjechuun hiyyummaa sana injifatee rakkoo keessaa bahuu isaa agarsiisa. Bo’oo arfaffaan ‘yoo ati kana diddee’ kan jedhu kan ibsu geeraraan kun jiruufi jireenya isaa fooyyessuuf tooftaa adda addaatti kan fayyadamu ta’uu kan agarsiisudha. Bo’oon walaloo shanaffaan ‘gobaa butuu qareen’ kan jedhuufi bo’oo jahaaffaan ‘ mar’ummaankee’ kan jedhu kan ibsu tooftaa oomishaa adda addaatti fayyadamuun oomisha isaa fooyyessee hiyyuummaa seenaa taasisuuf kan dhaaddatu ta’uudha. Bo’oo toorbaffaafi inni dhumaa ‘gumaakee nama na gaafatun ilaalaa’ jechuun dura sababa sirriitti hin hojjenneef hiyyummaan na rakkisaa turtee, amma immoo dammaqeee sirriitti hojjedhee hiyyummaakoo of irraa godaansiseera. Kanaaf, eenyutu maaf hiyyummaakee of irraa godaansifte jedhee na gaafataa jechuu agarsiisa.

Fkn:14 Qoti qonnaa yaa booraa

Qonnee gaara baanaa

Hamma efee handoodeetti

Hamma giidoo ijoolleetti

(Maddi: Afgaaffii Dargaggoo Rashaad A/Jihaad Gaafa 16/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa armaan olitti dhiyaate bo’oo tokkoffaan ‘ qoti qonnaa yaa booraa’ kan jedhuufi bo’oo afwalaloo lammaffaan ‘ qonnee gaara baanaa’ kan ibsu qottuun cimina ofii isheefi qotiyyoo ishee kan ibsudha. Bo’oo sadaffaan ‘ hamma efee handoodeetti’ kan jedhuufi bo’oo arfaffaan ‘hamma giidoo ijoolleetti’ kan jedhu immoo hanga humniifi yeroon nuuf hayyamutti qonnee oomisha keenya daballaa

hanga gaafa human qabnuutti jechuu agarsiisa. Ergaan geerarsa kanaas, hanga humniifi yeroon nuuf hayyamutti yookiin yeroo keenyatti fayyadamuun ni hojjennaa kan jedhudha.

Fkn.15 Gufuu kukkuffisee

Obbolaa koo guddisee

Gaara biduu kaachisee

Yaada jirun yaachise

(Maddi: Dargaggoo Rihaad A/Olii Gaafa 17/09/2014)

Geerarsi armaan olii kun bo'oo tokkoffaan 'gufuu kukuffisee' jedhuufi bo'oo lammaffaan afwalaloo ' obbolaakoo guddisee' jedhu kan ibsu qottuun lafa qonnaaf mijataa hin taane jireenya maatiisaa fooyyessuuf humnaafi yaada qabu cuunfee hojiiitti galuun Sirriitti qotee /hojjetee maatiisaa gargaaruusaa agarsiisa. Bo'oo sadaffaan 'gaara biduu kaachisee' jedhuufi bo'oo arfaffaan ' yaada jirun yaachise' jedhu immoo sirriitti qotee yaada jirus itti yaadee karoorfatee hojjechuusaa agarsiisa. Kanaaf, ergaafi faayidaan geerarsa kanaa namni jireenya isaa fooyyessuuf yaadda'uu akka hin qabneefi kutannoon hojjechuun barbaachisaa ta'uu agarsiisa

Fkn. 16 Haa qottu qotiyyoonii

Erga Waanjoo baattee

Haa loltu loltuunii

Eega taankii qabaattee

(Maddi: Marii Garee 2ffaa irraa Gaafa 6/10 /2014)

Geerarsi Armaan olii kun kan agarsiisu bo'oo tokkoffaafi lammaffaan qottuun qotuuf erga murteeffatani sirriitti qotuu akka qaban jechuudha. Bo'oo sadaffaafi arfaffaan immoo Yoo qotan sirriitti qotuu yoo lolanis sirriitti loluu, akka isa gara "citanitti citaa guuruu" jedhu Oromoon kan agarsiisudha. Walumaagalatti, ergaan geerarsa kanaa waan hojjetan tokko kutannoofi murannoon hojjechuudha.

Fkn. 17 Sangaafoo burreen qabaa

Gurreekoo mataa filaa

Yoo gabareen walgahuu

Sumatu dura jiraa

(Maddi: Afgaaffii Obbo A/Zinaab A/Garoo Gaafa 16/09/2014)

Afwalaloon geerarsa armaan olii kun kan agarsiisu bo'oo tokkoffaafi lammaffaan qonnaaf daboo namaa deemee sangoota koorraa shakkii hin qabu sirriitti qotuu kan jedhudha. Bo'oo sadaffaafi arfaffaan immoo yoo namoonni daboof walitti qabaman collummaan sangoota kootu dura jira jedhee jajachuusaa kan agarsiisudha. Walumaagalatti, ergaan geerarsa kanaa lafa kamittuu collummaan isaanii duraa jedhee jajachuusaa kan ibsudha.

Fkn.18 Sangaakoo adda booqaa

Yommuun camadadhu

Gabaree Duran cookaa

Diirra ishee hin garafsiisu

Masaanuutti hin agarsiisu

(Maddi: Afgaaffii Obboo A/Jihaad A/Diggaa Gaafa 18/09/2014)

Bo'oo tokkoffaafi lammaffaan geerarsa armaan olii kun kan agarsiisu sangaa isaa bifa booqaan qonnaa jalqabuusaati. Bo'oo sadaffaan "Gabaree duran cookaa" Kan ibsu hojii namni na kadhatetti hin dhibaa'u yeroon sangootakoo camadadheen namoota daboo kadhataman akka dadammaqan sagalee dhageesiseen akka dhufan taasisaa jechuu isaati. Bo'oo arfaffaafi shanaffaan immoo sangoonnikoo collummaa waan qabaniif dirra isaanii hin garafsiisu; yoon garafes inaaftuun waan nama gammadduuf hin agarsiisu kan jedhu ibsa. Walumaagalatti, ergaan afwalaloo geerarsa kanaa ani daboo namaa yoon deeme humnakoofi humna sagootakoo hin qusadhu yookiin dhibaa'ummaa hinqabu daboo nama kamiiyyuu yoo dhaqe bifa walfakkataa ta'een hojjedha kan jedhudha. Itti fufinsi geerarsa kanaa hawaasummaa keessatti dhibaa'ummaan akka hin barbaachifne hawaasa hubachiisa.

Fkn. 19 Deegakoo yaa laamshoftuu

Lamuu natti hin haasoftuu

Fiigeen si baqqa malee

Dhiiteen si cabsa malee

(Maddi: Afgaaffii Zaakiir A/Garoo Gaafa 21/09/2014

Bo'oo tokkoffaafi lammaffaa geerarsa armaan olii kun hiyyummaankoo isheen na rakkisaa jirtu ammaan booda narakkiftu jedhu kan ibsudha. Bo'oo sadaffaafi arfaffaan immoo hiyyummaa baqatanii jalaa hin bahani asiifi achi fiigee cimee hojjedheen of biraa si hambisaa kan jedhu ibsa. Ergaan geerarsa kanaa hiyyummaa cimanii hojjetanii malee baqatanii jalaa bahuun akka hin danda'amne kan hubachiisudha. Itti fufinsi geerarsa kanaa jiruufi jireenya keenya keessatti tooftaafi cimina ittiin hojii tokko hojjennu qabaachuu akka qabnu nu hubachiisa.

Fkn. 20 Kobbortaa narra jirtuu

Harkiseen of irraa baasee

Beela biyya jirtuu

Gototeen biyyaa baasee

(Maddi: Afgaaffii Zaakiir A/Garoo Gaafa 21/09/2014

Geerarsi armaan olii kun bo'oo tokkoffaafi lammaffaan kan agarsiisu dur hojii hin hojjedhuu uffata fufurdaa uffadheen asiifi achi deemaa oolaa kun immoo rakkoo keessaa nabaasuu dinnaan uffaticha ofirraa baaseen uffata hojiii uffadheen hojiitti galee kan jedhu ibsa. Bo'oo sadaffaafi arfaffaan immoo kaayyoofi karoorakoo gara hojiitti deebisuun hojjedhee hiyyummaa ofirraa balleesse kan jedhu ibsa. Akkasumas, of jijjiiruuf kutannoon barbaachisaa ta'uu agarsiisa.

Fkn.21 Ani beeka qalloonkee

Takka takkas nan qotaa

Akka beelli na dhaannee

Ani beeka qalloonkee

Takka takkas nan dubbadhaa

Akka seerri nan dhibnee

(Maddi: Afgaaffii Obbo Mahaammad A/Garoo Gaafa 20/09/2014

Bo’oon tokkoffaa, lammaffaafi sadaffaan geerarsa armaan olii anoo beeka waan hundattuu qonnas sirriittan qotaa akka beelli maatiikoo hin miinetti kan jedhu agarsiisa. Bo’oo arfaffaa, shanaffaafi jahaaffaan immoo anoo beeka hundattuu dubbiis karaa bahasheefi galashee yookiin waaan na nyaatuufi na baasu sirriittan beekaa kan jedhudha. Walumaa galatti, ergaan gerarsa kanaa gama hundaanuu haxxeee yookiin waan hundattan beekaa kan jedhu kan agarsiisudha..

Fkn. 22 Af- amman si jijjiiraa

Lafattan si dhidhiitaa

Tokko hin oolu baranaa

Yookiin biyyoo haanaa

Akkuma awwaldiigessaa

Yookiin biyyaa baanaa

Akka Waraan dhiigesssaaa

(Maddi: Afgaaffii Obbo Xayyib A/Boor Gaafa 20/09/2014)

Geerarsi armaan olii bo’oo tokkoffaafi lammaffaan tur hiyyummaakoo kana hojjedheen gara soorummaattan jijjiireen of biraa si hambisa kan jedhu ibsa. Bo’oo sadaffaa, arfaffaafi shanaffaan immoo bara kana murteeffadheera sirriitti akka awwal diigessaa lafa qotee hojjedhee of jijjiiruuf kan jedhudha. Bo’oo jahaaffaafi toorbaffaan immoo of murteessee hojjedhee yoon of jijjiiruu dadhabe biyya dhiiseen deemaa akka waraan dhiigessaa. “ Waraan dhiigessaa” jechuun nama nama waraanee biyyaa bahe jechuudha. Walumaa galatti, ergaan geerarsa armaan olii kun hojii hojjetan tokko of murteessanii Sirriitti hojjechuun of jijjiiruun akka danda’amuufi yoo bakki hojii hin mijannes bakka jijjiirratanii kutannoon hojjechuun barbaachisaa akka ta’e kan agarsiisudha.

4. 1. 2 Waljajachuuf

Ilmi namaa jiruufi jireenya waliin jiraatu keessatti bakkatti walqeequ ittiin walqeeqa; bakkatti waljajutti immoo waljajuun waliin jiraata. Garuu akka durii yoo ta’uu baates yeroo ammaa kanas afoola isaatti gargaaramee akkas jechuun wal jajata:

Fkn. 23 Anaa daadhu daadhee

Daadhii ishee biliillee

Dhugnee galla ilillee

(Maddi: Afgaaffii Obbo Abarraa Tulluu Gaafa 28/08/2014)

Afwalaloon geerarsaa armaan olii kun kan ibsu abbaan daboo daboo isaaf waan nyaatamuufi dhugamu haala gaarii ta'een keessummeesuusaati. Ergaan geerarsa kanaa abbaan daboo daboosaa haala gaariin keessummeessuun wal eebbisanii gammadaa galauusaanii kan agarsiisudha.

4. 1. 3 Gaabbii agarsiisuuf

Geerarsi daboo qonnaa gochoota raawwatamanii darban duubatti nama deebiisee yaadachisuun ergaa gaabbii ibsuuf ykn dabarsuuf tajaajila. Kunis namoonni osoo hojjechuu qabanii sababa adda addaan osoo hin hojjetiin yoo hafan badii isaaniiduraa irranfachisee murtoo isaanii gara fuulduraa haareessuu danda'a. Namichi hojiisaa kana duraatti gaabbe geerarsa gaabbii qabu akkas jechuun ibsata:

Fkn. 24 Boqqolloon birraa dhufaa,

Baaduun arfaasaa dhufaa,

Eessa abbaa kootii fuudheen ,

Walitti nyaadheeilaalaa,

Humni ganama dhumaa,

Qalbiin galgala dhufaa,

Essa abbaakootii fideen,

Wal bukkee Kaa'ee laalaa?

(Maddi: Afgaaffii Obbo A/Zinaab A/Gumbul 18/09/2014)

Qabiyyeen geerarsa armaan olii gaabbii agarsiisa. Gaabbiin kunis waldhabuu humnaafi yaadaati. Waldhabinsa kanas jechoota ganamaafi galgala jedhanitti dhimma bahuun kan ibsamedha. Jechoonni kunneen dargagummaafi jaarsummaa bakka bu'an. Bara dargaggummaa humnatu jira maleebilchinni hin jiru. Kanaafuu, hojii ijoollee jedhama. Yeroo dulloomaa deeman garuuhumnatu dhumaa deema.

Ba’aniigaluu dadhabuutu dhufa. Rakkoo mudate keessaa ba’uuf humniifi yaanni walsimachuu qabu. Yeroo dargaggummaa yaadaafi human walsimsiisee itti fayyadamuu dadhabuun gaabbii keessa galcha; degas itti fida. Kanaaf ergaan geerarsa kanaa humnaafi yeroo qabnutti seeraan fayyadamuu akka qabnuufi waan hojjetamu tokko yeroo hojjetamuu qabutti hojjechuu akka qabnu nu hubachiisa.

4. 1. 4 Barbaachisummaa Hojii Ibsuuf

Hawaasni barbaachisummaa qonnaa ibsuu keessatti qotiyyoon murteessaa ta’uu afwalalootti gargaaramee ibsa. Kanas akka jechuun barbaachisummaa qotiyyoo qonnaaf qabu geerara:

Fkn. 25 Kilaashiin mana jirtuu,

Gaafa lolaaf qorichaa.

Qotiyyoon mana jirtuu,

Gaafa qonnaaf qorichaa.

(Maddi: Marii garee 2ffaa Gaafa 6/10/2014)

Af walaloon geerarsaa armaan olii kun kan agarsiisu qotiyyoo dallaadhaa qabaachuun qonnaaf baay’ee barbaachisaa ta’uu mul’isa. Akkasumas, akkuma kilaashiin mana jiru gaafa rakkoof barbaachisu qotiyyooonis gaafa beelli dhufuuf murteessaa ta’uu hubachiisa. Kana malees, ergaansaa akkuma mammaaksi Oromoo “wanti of hakaa qaban warqeedha “ jedhaniiti.

Fkn. 26 Qoti qoti yaa addaataa

Qonna maaltu fakkaataa

Qoti qoti yaa daalee

Qotisa maaltu caalee

(Maddi: Marii garee 2ffaa Gaafa 6/10/2014)

Bo’oo 1ffaa keessatti jechi “Addaataa“ jedhu moggaasa maqaa qotiyyoof kennamu innis bifa qotiyyichaa adii kan ta’edha. Walumaa galatti afwalaloo geerarsa armaan olii irraa kan hubannu qonnaan bulaan kana geerare barbaachisummaa qonnaa sirriitti hubachuun kutannoon cimee kan hojjetaa jiru ta’uudha.

Fkn. 27 Gababina deeguuree

Dheerina gugguufuuree

Humna jirtu deeguuree

Deega jirtu taa'uuree

Deega Koo yaa farrisaa

Af amman si fannisaa

Muka arbaa daraarettii

Ilma abbaan abaaretti

(Maddi: Afgaaffii obbo Awwal A/Fiixaa Gaafa 18/08/2014)

Geerarsi armaan olii kana keessatti geeraraan osoo hojiirra jiruu kan geerare yoo ta'u, utuu humna qabanii hojjechuun murteessaa akka ta'eefi hojjennaan deega keessaa bahuun akka danda'amu dubbata. Akkasumas toora 5ffaarraa akka hubatamu geeraraan kun jireenya gadi bu'aa keessa jiraachuutu mul'ata. Dabalataanis gara fuula duraatti cimee hojjetee deega injifachuuf kutannoo akka qabaatu mul'ata. Akkasumas hojjetan malee duroomuun akka hin jirre kan mul'isudha.

Fkn. 28 Wanti garaan koo yaaduu

Sangaa gatiittii jirmaa

Isa bajjiin qotanii

Dhaltii gurruu barcumaa

Ishee xaabitaa nyaatanii

Kana yaadee bubbuleen

Foon maddii koo gurguree.

(Maddi: Afgaaffii Dargaggoo Ridaa A/Diggaa Gaafa 18/09 /2014)

Afwalaloo kana keessatti geeraraan kun jireenyi itti ulfaachuurraan kan ka'e lafa yaade kan hin geenyedha. Innis qotachuuf fedha utuu qabuu qotiyyoo ittiin qotatu yeroo bay'ee horachuuf yoo dhiphachaa turellee argachuu kan hin dandeenyedha. Kanaaf qotanii deega injifachuuf qotiyyoon murteessaa ta'uu nutti mul'isa.

Fkn. 29 Boora maalitti godhuu

Gaafa du'aa fannisuu

Dura dilbii horannaa

Isa du'aa fayyisuu

(Maddi: Afgaaffii obbo A/Tamaam A/Milkii Gaafa 25/08/2014)

Yaadni waliigala kanaa namni kamuu jiraachuuf hojiin murteessaa akka ta'e ibsa. Namni jiraachuuf nyaata waan isa barbaachisuuf qonni bu'uura waan hundumaa ta'uu agarsiisa. Dura dilbii horannaa kan jedhu keessatti dhangaa ykn miidhaan nyaataan of danda'uun of irraa hafaa ta'uu yoo ta'u, midhaan nyaataa qabeenya isaan kaaniin dursuu kan qabuufi kuun adeemsa keessa horachuun kan danda'amu ta'uudha. Geeraraan afwalaloo armaan olii kun hojii kamiinuu caalaa hojiin oomisha midhaanii barbaachisaa waan ta'eef filannoon isaa inni duraa oomisha ta'uu mul'isa.

Fkn. 30 Qaraaruu midhaan booyyee

Goosuu midhaan jaldeessaa

Namatu namaa ciraaree

Abbaatuu yaabee cirataa

Ishee miskiina rakkiftuu

Namatu namaa fidaaree

Abbaatu jooree fidataa

(Maddi: Afgaaffii Obbo A/Olii A/Fiixaa Gaafa 15/09/2014

Ergaan waliigala afwalaloo geerarsa armaan olii jiruufi jireenya dhala namaa keessatti qarshiin murteessaa yoo ta'u, namni hundumtuu kallattii garaagaraan bu'ee bahu, kan daldalu, kan baratu, kan

qotu, akkasumallee dalaga adda addaa irra kan jiran qarshii argatanii haala jiruufi jireenya ofii fooyyeeffachuufidha. Akkasumas, jireenya gaarii jiraachuufidha. Kanaafuu, jennaan qarshii kana namni namaa hinfidu, abbaatu bu'ee ba'ee, kufee ka'ee argata kan jedhu agarsiisa. Kanaaf jireenyi yoo carraaqqatan malee taa'ichatti namni namaaf akka hin fooyyessine mul'isa.

Fkn. 31 Ciccitaa waaroo manzee

Gaafa roobaaf qorichaa

Yaa cittuu lammii ofii

Gaafa roorroof qorichaa

(Maddi: Afgaaffii obbo xayyib A/Boor Gaafa 20/09/2014)

Af walaloon geerarsaa armaan olii kun nama abbaa daboo sanaaf sangaa qonnaa fidee dhufeef abbaan daboo kan geeraredha. Kunis yeroo rakkinaatti kan dafee nama qaqqabu lammii ofii ta'uu agarsiisa. Akkasumas, namni namaaf barbaachisaa ta'uu kan agarsiisudha. Kana malees, lammiin ofii yartuu hin qabdu jechuus ni ibsa. Dabalataan geerarsi kun dhimmoota hawwaasummaa ceesisuu keessatti namni gaafa gaddaafi gammachuu walbira dhaabbachuun wal jajjabeesuun barbaachisaa ta'uu agarsiisa.

Fkn. 32 Arfaasaa si'a galee

Qotiyyoo qindiin karraa

Keessummaa dhiha dhufee

Niitii beektuutu warraa

(Maddi: Af-gaaffii A/Zinaab A/Garoo Gaafa 16/09/2014) fi marii garee 2ffaa 6/10/2014)

Geerarsi armaan olitti ibsamee jiru bo'oo tokkoffaafi lammaffaan Arfaasaan yeroo jalqabu ykn facaasaan yeroo jalqabu qotiyyoon qindii tokko loon karra tokkoon qixxee ilaalamuu agarsiisa. Bo'oo sadaffaafi arfaffffaan immoo keessummaan yeroo kamittuu yoo dhufe niitii beektuun fuula ifaafi waanuma jiruun Keessummaa keessummeessuu agarsiisa. Walumaagalatti, hawaasni biyya tokkoo kara fuulduraatti Waqtii waqtisaatti waan isa barbaachisu hunda itti yaadee akka karoorfataa tureefi ammas karoorfataa jiru nu hubachiisa.

Fkn 33 Gurgur x2 naan jettaa

Maafan gurgura gurreekoo

Gurree mataa gunfuraa

Beelli ijoollee sugguraa

(Maddi: Daawwannaa Gaafa 28/10/2014)

Geeraraan kun namatu sangaakee kana yoo gurgurte gatii bareedaa siif baasaa jennaan lakki gurree mataa gunfuraa yoon gurgure beelli ijoolleekoo sugguraa/miidha. Kanaaf, beellii ijoollee isaatti akka hin dhufneef hin gurguruu jedhee geeraruusaa agarsiisa. Kanaaf geeraraan kun qotiyyoon qonnaaf hangam barbaachisaa akka ta'e kan agarsiisudha.

Fkn. 34 Yoo qotteef Furma duraa

Yoo diddeef dabina duraa

(Maddi: Marii garee 1ffaa irraa Gaafa 17/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa armaan olii kun kan agarsiisu bo'oo tokkoffaan ' yoo qotteef Furma duraa' kan jedhu kan agarsiisuYoo oomisha gaariin argadha jette Furma/Amajjii keessa waa hunda qopheeffattee qonnaa eegaluu qabdaadha. Bo'oo lammaffaan afwalaloo geerarsaa ' yoo diddeef dabi naduraa' kan jedhu kan agarsiisu yoo kana hin taasisne dabi najalaa jechuu mul'isa. Kanamalees, qonnaa waqtiisaatti yoo hin hojjenne oomishni ati argattu gahaa ta'uu dhiisuu danda'a jechuus agarsiisa.

4. 1. 5 Qeequuf

Hawaasni afwalaloo geerarsaatti gargaaramee namoota hojii hin jaalanne niqeeqa. Qeeqani isaanii kunis namichi akka of aguufidha. Kanas akkas jechuun qeeqa isaanii geerarsaan dabarfatu:

Fkn. 35 Tuttuulanii fe'anii

Wadala hin komatanii

Tuulamanii taa'anii

Rabbiin hin komatanii

(Maddi: Afgaaffii Obbo Abdoo Sheek Shariif irraa Gaafa 25/08/2014)

Tarree 3n tuulamanii taa'anii jedhu osoo hin hojjetiin taa'anii rabbiin eeggachuunis ta'ee komachuun akka hin barbaachisne mul'isa. Kanaaf geeraraan kun ofii hojjetachaa kan jiruufi namoota hojii hin jaallanneef immoo yoo hojjetan malee furmaatni akka hin jirre kan hubachiisudha.

Fkn. 36 Attam qottiree qottuun

Tabba jala deebiftee

Gindooshee wawwarraaqsiftee

Akkam Sobdiree sobduun

Diinqa keessa deddeebitee

Hidhii mummunyuuksitee

(Maddi: Marii garee 1ffaa irraa Gaafa 17/09/2014)

Walaloo geerarsa kun ammo , Nama qonnaa hin jaallanne dhiqatee dibatee mandara keessa asiifi achi deemee dubartoota waliin haasaa daneessu ittiin qeequuf kan geeraramu ta'uu agarsiisa. Akkasumas, Namni qeeqamu kun akkuma nama daboo hojjetaa oolee galagala yeroo daboon galtu bakka oolu oolee duukaa gala. Yeroo kana nama isaan waliin hin oolle beeku waan ta'eef geerarsa armaan olii kanaan namicha qeequ. Dabalataan Nama qonnaa kadhatamee hafee yeroo nyaataafi dhugaatii akkuma nama isa hojjetaa olee daboo waliin galutu arrabsamuu agarsiisa. Ergaan geerarsa kanaa namni hawaasummaa keessatti hin hirmaanne namootaa akka qeeqamu agarsiisa. Faayidaan geerarsa kanaas namichi geerarsi kun ilaallatu of beekee gara hawwaasummaatti akka dabalamuuf gargaara. Itti fufinsi geerarsa kanaas, hawaasummaa keessaa bahanii qofaa jiraachuun ulfaataa ta'

Fkn.37 Qottee Balbalaa hin qabduu

Qochoo balbal duubaa hin qabduu

Buqqeemmoo balbalaa hin dhabduu

(Maddi:Marii garee 1ffaa irraa Gaafa 17/09/2014)

Geerararsi armaan olii kun bo'oo tokkoffaafi lammaffaan nama hojii hin jaallanne maasii fuulduree manaafi boroo isaatii qaburratti oomisha gosa kamiiyyuu kan hin oomishne kashalabbee ta'uusaa kan agarsiisudha. Bo'oo sadaffaan immoo dur ijji buqqee gataa garaa garaa keessatti waan argamuuf akka

carraa balbala isaarratti kan biqile ta’uusaa kan ibsudha. Walumaagalatti, namni tokko tokko lafa qonnaa bareedaa osoo qabuu lafa isaa seeraan misoomsuu dhabuun ofuma isaan hiyyummaa akka ofitti fidu kan ibsudha.

Fkn. 38 Anaa daadhu daadhii

Daadhiin gadi wixxisaa

Gorduubaa dhufuuf gadi

Abbaan daboo ol ittisaa

Borduuba dhuguufii

(Maddi: Afgaaffii Obbo A/Rashaad A/Boor Gaafa 20/09/2014

Afwalaloon geerasaa armaan olii kun kan ibsu daboon hojjetaa oolee galgala yeroo gara mana abbaa daboo deemanii nyaatanii dhugu. Abbaan daboos daboo isaaf nyaataafi dhugaatii haala gaarii ta’een dhiheessuufii qaba. Garuu, abbaan daboo tokko tokko daboo isaaf osoodhuma nyaanniifi dhugaatiin jiruu haala gaarii ta’een hin kennu. Yeroo kana afoolatti gargaaramuun abbaan daboo waan dhugamu daboo isaaf seeraan dhiyeessuu dhabuusaa kan ittiin qeeqanidha. Ergaan geerarsa kanaa afoolatti gargaramanii doqnummaa agarsiisuu kan danda’amudha. Faayidaan geerarsa kanaas dogoggora hubachiisuufi. Itti fufinsi geerarsa kanaa hawwaasummaa keessatti dogoggora ofii uumneen maqaan akka nu hinbanne nu hubachiisa.

4. 1. 6 Akeekkachiisuuf

Akka odkennaan kun jedhanitti geerarsi daboo qonnaa ergaa kallattii garagaraatiin dabarsuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Hawaasni Oromoo waan tokko irratti osoo tarkaanfii hinfudhatiin duraan dursa namni sun dogoggora isaarra akka deebi’uuf karaa geerarsaan cina qabee itti hima. Jiruufi jireenya keessatti wal dorgommiin hojii kan hinolledha. Namni dorgomaa kan ta’u immoo yoo hojjetedha. Kanaaf hawaasni namni yeroofi humna qabutti fayyadamee hojii hojjetamu tokko akka hojjechuu qabu karaa geerarsa daboo qonnaa kanaan namichi akka waan gochaa jiru irraa akka deebi’uuf dursa ergaa akeekkachisaa dabarsaaaf. Kanas akkas jechuun geeraraaf:

Fkn. 39 Arfaasaa qotan malee

Birraa maal makaratuu

Qeerrummaan qotan malee

Warra fuudhaan maal nyaatuu

(Maddi: Afgaaffii Obbo Abdoo Sheek Shariif irraa Gaafa 25/08/2014

Geerarsa kana keessatti namni yeroo humna qabutti oomisha isaa oomishee yeroo dargaggummaa ofii dhibaa'uummaa hir'isani humna ofiif onnee ofii guutuun yoo hojjetan booda gaafa warra fuudhan jireenya gaarii nijiraatu. Kana hintaane yoo ta'e, rakkoon booda jiraachuu isaa geerarsa kana irraa hubachuun nidanda'ama. Kanaafuu, namni kamuu haala gaariin tattaaffatee yoo oomishatti seene jireenya boonsaa akka jiraachuu qabuufi tattaaffatee jireenya isaa fooyyeeffatuuf kan akeekkachiisudha.

Fkn. 40 Surreen butaantaa hinqabnee

Qullaadha malee maarree

Namni iddoo qarshii hingeenyee

Du'aadha malee maarree

(Maddi: Afgaaffii obbo A/Jihaad A/Bulguu Gaafa 15/09/2014)

Dhalli namaa iddoo yaade gahuu kan danda'u tattaafatee yoo dalagedha. Kana hintaane taanaan homti tokko akka hinjirree beekamaa ta'uu walaloon armaan olii kan ibsudha. Yeroo akkasii geerarsi kun haamilee namatti horee bakka garaa isaanii akka isaan gahaaniif geerarama. Kunis, namni kamiyyuu qarshii barbaachaaf jecha haamilee horatee hojii irratti akka argamuuf kan geeraramudha. Daboon yeroo gamtaan qotu, taphatee wal taphachiisaa, mukuu tokko malee wal bohaarsaa miira walii onnachiisee hojii sana saffisiisaa hojjeta. Afwalaloon geerarsaa yeroo qotisaa dhiyaatus, kan namoonni bu'aa qonna irraa argatan, gufuu qonna keessatti isaan mudateefi kaka'umsa fedhii hojii qonnaaf qaban ittiin ibsachuuf itti gargaaramanidha.

4. 1. 7 Rakkina ibsuuf

Oromoon rakkoo isa qaqqabe ibsachuuf ni geerara. Rakkoon kun immoo kallattii dinagdee, siyaasaa, amantii, aadaafikkf.ta'uu mala. Rakkoon kallattii garaagaraa kunhagam ulfaataa akka ta'e, qabata maaliitiin akka mudateefi akkamiin fala argachuu akka danda'u of keessatti hammata.Hawaasas ta'e nam-tokkeen dhalootaa kaasee hanga du'aatti rakkoo isa mudatu, miixuu isarra gahu, keessaa bahuuf bu'aa ba'ii inni taasisu hunda ilaallata. Rakkoo kana ibsuufi akkas jechuun geerara:

Fkn. 41 Ganna naaf darbaa jedheen

Raaree boraafadhee

Bona naaf darba jedheen

Quttoo boraafadhee

(Maddi: Afgaaffii Obbo A/Jabal A/Bulguu Gaafa 15/09/2014)

Geerarsi kun rakkoo mudateefi rakkinicha keessaa bahuuf carraaqqii taasifame agarsiisa. Kunis bakkaafi yeroo hunda akka ta'e hubanna. Bona aduufi awwaara, Ganna roobaafi raaree osoo hin nuffiin carraaqqii taasifame agarsiisa. Itti fufinsi geerarsa kanaa ilmi namaa jiruufi jireenya isaa keessatti gufuulee isa mudatan obsaan keessa bahuu akka danda'an kan hubachiisudha.

4. 1. 8 Komii agarsiisuuf

Geerarsi daboo qonnaa komee qaban ibsachuun kan keessatti mul'atudha. Kunis yaada namaatti kan dhaga'amu tokko komachuun geerarsaan haguuguun dabarfachuudha. Kunis komii adda addaa ta'u danda'a. Namni jaalallee (abbaa manaa ykn haadha manaa isaarraa/ isheerraa komee qabeenyaa qabuu/du akkas jechuun geeraruun ibsata/tti**:**

Fkn 42 Huummoon gabbinaaf aaddii

Urunguun farraaf aaddii

Haati manaa baalageen

Abbaan manaa wanbadeen

Mana ganama bade

Galgala teessee aaddii

(Maddi: Af-gaaffii A/Zinaab A/Garoo Gaafa 16/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa kana jalatti immoo Namni osoo hin horatiin yoo walfuudhe jiruufi jireenya keessatti wal komachuun akka jiru ibsa. Kana malees, osoo humna qabanii innis isheenis yoo waa ol hin kaa'atiin ala dullooman taa'anii wal abaaruun akka jiru nu hubachiisa. Kanaaf, humnaafi yeroo qabnutti seeraan fayyadamuun waa olka'achuun barbaachisaa akka ta'e nutti agarsiisa.

Fkn. 43 Daarii caffee taa’uunkoo

Raacha dhaggeeffachuufi

Callisee itti dhiisuunkoo

Bara dhaggeeffachuufi

(Maddi: Afgaaffii Dargaggoo Ridaa A/Diggaa Gaafa 18/09/2014)

Afwalaloon geerarsa armaan olii kun komii kan agarsiisudha. Kunis namni daboo qonnaa kadhatamee yoo hafe abbaan daboo namicha hafe kana kan ittiin komatudha. Namicha daboo hafe kana abbaan daboo yoo arge nagaa qofa gaafata malee maaliif dabookoo hafte jedhee kallattiin namicha hin gaafatu. Garuu, bara eeggatee akka waa jedhudha.

4. 1. 9 Hanqina mul’ate saaxiluuf

Nama tokko jiruufi jireenya isaa keessatti rakkoon uumama fi nam-tolchee ni muudata. Rakkoo muudate kanas akka isatti dhagahameen namoota biroof haala jiruufi jireenya naannoo wajjin walqabisisee jechoota adda addaatiin rakkicha ibsa. Ergaan geerarsa daboo qonnaa biraan hanqina hawaasa keessatti mul’atu adda baasuudha.

Fkn. 44 Boqolloo qonnaan bade

Garbuu qonnaan maseene

Nutu wallaale malee

Yoggus beelli nu seenee

(Maddi: Afgaaffii Dargaggoo Ridaa A/Maoggaa Gaafa 18/09/2014)

Akkuma fakkeenya kana keessatti dhiyaate garbuufi boqolloon oomisha hawaasa Oromoo biratti baaay’inaan beekamudha. Akaakuun oomishaa Kun bannaan yookaan akka hawaasichi barbaadutti ta’uufii dinnaan, beelli dhufuu isaatiif mallattoodha. Gabaabumatti, geerarsicharraa oomishni baduun hawaasichatti beelli galuu akka ta’e hubanna.

Suuraa 4 daboo yeroo qonnaa agarsiisu

4. 2 Geerarsa Yeroo Midhaan Haamanii

Haamaan hojii daboon hojjetamu keessaa tokkodha. Haamaan akkuma qonnaa daboo kadhachuu kan barbaadu yoo hojiin itti baay'ate yookiin bokkaan yeroo isaa hin eegne yoo roobee midhaan balleessedha. Yeroo rakkooleen yookiin muddamni akkasii nama qunnamu daboo kadhatanii haamsifatu. Daboo haamaan kun gaafa guyyaa daboo yeroo haamaan eegalu abbaa dabootiin waasii/ wabii nuuf waami jedhuun.Namichi abbaa daboos waasii waamaaf. Waasiin waamamu kun nama obsa cimaa qabu ta'uu qaba. Sababiin isaa namoonni daboo hojjetan kun waamanii arrabsu/abaaru waan ta'eefi. Yeroo waasiin wamamu lama ta'uu qaba. Tokko guyyaa yoo ta'u tokko kan galgalaa ta'a (Maddi Afgaaffii obbo A/Olii A/Fiixaafi Obbo A/Zinaab A/Garoo) . Yeroo ammaa akka naannoo keenyaatti geerarsi daboo haamaa. Keesumattuu, dargaggoota tokko tokko biratti malee dargaggoonni baay'een geerarsa haamaa kana hin beekanu. Sababni isaas, dargaggoon aadaa dagachaadhufuu, abbootiirraa waa baruuf fedhii dhabuu, Afoola hawaasa keessa jiru akka gad aantummaatti ilaaluu, abboota birattis dhaloota barsiisuu dhabuun rakkoon ni mul'ata(Maddi: Marii garee 1ffaa Dargaggoo Riyaad A/Oliifi Gaalii A/Jihaad (17/09/2014)

4. 2. 1 Cimina Ibsuuf

Namni tokko cimaadha kan jedhamu kan namni tokko salphaatti gochuu yookiin hojjechuu hindandeenye tokko hojjetanii yoo argamanidha. Cimina isaa kanarraas hawaasni kan irraa baratuufi

gara fuulduraattis fakkeenyummaa qabu ta'uu qaba. Kanuma mirkaneessuuf geerarsi yeroo haamaa midhaanii cimina ibsuuf akka armaan gadiitt geerarama.

Fnk. 1 Kana gadiin galaa x2

Mana barjii baloo

Akka jabbii baloo

(Maddi: Afgaaffii A/Olii A/Fiixaa 15/9/2014)

Geerarsi Kun Kan agarsiisu bo'oo tokkoffaan haamaa keessatti namichi geeraru kun kan safaramee kennamameefii xumuree dhufuusaa agarsiisa. Bo'oo lammaffaafi sadaffaan immoo akka jabbii aannan quuftee dirreerra burraaqtu irra burraaqetan xumuree kan jedhudha. Ergaansaa ani nama naan dorgomu hin qabu jechuudha. Faayidaan geerarsa kanaa hojiitti nama kakaasuudha.

Fkn:2 Dinnichi buusaa badaa

Godarreen haroo badaa

Intalli haadha baddii

Ilmi eessuma badaa

Garam goreetaan badaa

Garri lachuu haamtuun qaraa

Akka bodee bakaraa

(Maddi: Obbo A/Zinaab A/Garoo Gaafa 16/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa armaan olii kun Namni yeroo haamaa of jajuu/ of onnachiisuu ykn namni biroon nama onnachiisuu/ kakaasuu danda'a. Kanaaf, Afwalaloon geerarsaa kun intalli haadhatti baatee ilmi eessumatti bahee badaa ani garuu kara lamaaniinuu collummaan qaba Kanaafan Sirriittan haamaa jedhee of onnachiisuusaa agarsiisa.

Fkn. 3 Ce'een haama noolee x2

Gaasa'eera

Biilaan martaa’eera

Dargaggoon macaa’eera

(Maddi: Marii garee 1ffaa Gaafa 17/9/2014)

Afwalaaloon geerarsaa kun haamtuun waan haamuudhaa qabu sirriitti haameeraa jechuu agarsiisa.

Fkn: 4 Haamtuu ciqileetu beekaa

Nyaattuu garaatu beeka

Yoo qonnaas duraa

Yoo haamaas duraa

(Maddi: Afgaaffii Mahaammadamiin A/Fiixaa 18/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa kun kan agarsiisu nama sirriitti haamu ciqileetu isaatu beeksisaa yeroo kamiyyuu /hojii kamittiyyuu ani duraa jedhee yeroo inni cimina isaa ofjajudha.

Fkn. 5 Murtuu haamtuun daliilaa

Somayyoon makkanniisaa

Sumayyoo muka makkanniisaa

Lama kuteen gaaddisa ciisaa

(Maddi: Af gaaffii Obbo Mahaammadamiin A/Fiixaa 18/09/2014fi Marii Garee lammaffaa 6/10/2014)

Anis haamtuun koos cimoodha hanga safaramee naaf kenname si’adhee xumureen gaaddisa makkaniisaa jala boqodha jechuusaati.

4. 2. 2 Onnachiisuuf

Onnachiisuu jechuun hojiin hojjetamaa jiru tokko caalaatti akka hojjetamuuf wal dadammaqsu jechuudha. Hawaasnis yeroo waliin hojjetu wal onnachiisuun hojiin tokko akka si’atu taasisu. Kan ittiin wal onnachiisan keessaa geerarsi haamaa isa tokkodha. Kanas akkas jechuun geeraru:

Fkn. 6 Makkanniisa dhiibuu

Ceekaa mataa qaree

Takkaan dhiira simaa

Dargoo dura goree

(Maddi: Afgaaffii Obbo A/Olii A/Fiixaa Gaafa 15/09/2014)

Geerarsi armaan olii kun bo'oo tokkoffaafi lammaffaan bakka haamanii qaqqabuu qaban kan agarsiisudha. Bo'oo sadaffaafi arfaffaan immoo haamaa keessatti nama umuriinsaa deemetu dargaggoo onnachiisuuf kan geeraredha. Kunis manguddoonni dargaggoota onnachiisuuf bukkee bu'anii haaman kan agarsiisudha.

Fkn.7 Akkam murti haamtuun

Waljala deddeebiftee

Attam murtiree dargoon

Dargoo billoo dikoo

(Maddi: Daawwannaa Gaafa 18/09/2014

Afwalaloon geerarsaa kun kan agarsiisu bo'oo tokoffaafi lamaffaan daboon sirriitti haamuu isaaniikan agarsiisudha. Bo'oo sadaffaafi arfaffaan immooabbaan daboo yookiin daboo sanaaf abbaan daboo waasii waametu hojichi sirriitti akka hojjetamuuf daboo sana onnachiisuuf kan geeraramudha.

Fkn: 8 Qamadii tuullaa bakkaa

Ji'a keessa loon galchuu

Dargaggeessi kayyamaa

Kan maddiin copha warqii

Biyya keetti naa galchuu

(Maddi: Marii garee 1ffaa Gaafa 17/09/2014)

Ergaan geerarsa kun kan agarsisu abbaan daboo haamaan haamamaa oolee xiqqoo jalaa yoo hafe akka xumuraniif yoo kakaasu kan agarsisudha

4. 2. 3 Qeequuf

Qeequun waantoota adda addaatti fayyadamuun waan tokko namatti agarsiisuu yookiin hojii namni tokko hojjete tokko qeequun namichi akka of argu gochuudha. Jieenya dhala namaa keessatti akkuma waantoonni gaarii ta'an hojjetaman al tokko tokko waantoonni gaarii hin taanes ni raawwatamu. Oromoon aadaa isaa keessatti waantoota gaarii ta'an ni jajjabeessa; wantoota yaraa ta'an immoo ni qeeqa. Wantoota inni ittiin qeequ keessaa geerarsi isa tokkodha.

Fkn. 9 Baalloo risaa x2

Eessaa baateree

Lolloo silaa

(Maddi: Afgaaffii Obbo A/Jihaad A/Bulguu 15/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa bo'oo tokkoffaa 'baalloo risaa' kan jedhuufi bo'oo lammaffaan afwalaloo 'eessaa baateree' kan jedhu kan agarsiisu yeroo namoonni hojiif onnatan namichi suutuman kan jedhu yookii bakka biraa turee kan dhufe kan ibsudha. Afwalaloon geerarsaa bo'oo sadaffaa immoo kan agarsiisu hojiin akka saffisuuf namootaaf bo'oodhaan yookiin safaraan waliif qoodanii altokko waliin jalqabanii abbaan dura xumure isa itti aanee xumure kan ittiin qeequdha. Kan hafanis akkasuma wal qeequ.

Fkn. 10 Dargaggeessi kayyamaa

Akuukkuu murtanii

Loosaa danqartanii

Nabuusuu Kuttanii

Qoosaa Dallantanii

(Maddi: Afgaaffii Obbo A/Olii A/Fiixaa Gaafa 15/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa armaan olii kun kan agarsiisu daboo haamaan kun gaafa guyyaa daboo yeroo haamaan eegalu abbaa dabootiin waasii/ wabii nuuf waami jedhuun. Namichi abbaa daboos waasii waamaaf. Waasiin waamamu kun nama obsa cimaa qabu ta'uu qaba. Sababiin isaa namoonni daboo hojjetan kun waamanii arrabsu/abaaru waan ta'eefi. Yeroo waasiin wamamu lama ta'uu qaba. Tokko guyyaa yoo ta'u tokko kan galgalaa ta'a. Namoonni wabii ta'an kun daboo sana cimsuuf, onnachiisuuf,

qeequuf ni geeraru. Yeroo kana daboo keessaa kan dallanu/ itti hin tolle jira; hojiis ni laaffisu namootni wabii ta'an sun daboo sana geerarsa kanaan qeequ.

Fkn. 11 Molmolee xongoree

Farsoo warra kanaa

Burqituutu itti olgoree

(Maddi: Marii Garee 1ffaa irraa 17/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa bo'oo tokkoffaa 'molmolee xongoree' dhugaatii laafaa human hin qamne kan agarsiisudha. Afwalaloon bo'oo lammaffaa ' farsoo warra kanaa' kan jedhu dhugaatii jara daboo kadhatanii jechuudha. Yaadni afwalaloo bo'oo sadaffaa 'biqiltuutu itti olgoree' kan jedhu kan agarsiisu namoonni daboo haamaa oolan guyyaaa yookiin galgala hojii hojjetaa oolanii dhugaatiif yeroo gara manaa galan abbaan daboo farsoo qal'isnaan kan ittiin qeeqan kan agarssiisudha.

Fkn. 12 Jabaadhu ya suutee

Eegeen jifuudhaa

Dhufeen sifuudhaa

(Maddi: Af gaaffii Mahaammadamiin A/Fiixaa Gaafa 18/09/2014

Afwalaloon armaan olii kun kan agarsiisu yeroo haamaa midhaanii namoonni hamaan akka dafee dhumuuf namoota waldorgomsiisu. Yeroo kana bo'oodhaan /safaruudhaan namoota muraasaaf ni kennama abbaan dafee bo'oo/ kan safaramee kennameef xumure geerarsa kana geerara. Yookiin nama haamaa keessatti duduubeetti hafe kan ittiin qeeqanidha.

Fkn 13 Allaattiin muka raree

Kormaafi dhaltuu hin beekani

Geerarsa farsoo keessaa

Lugnaafi jagna hin beekani

(Maddi:Af gaaffii Obbo A/Jihaad A/Diggaa Gaafa 18/09/2014

Afwalaloon bo'oo tokkoffaa 'allaattiin muka rare'n jedhu kun kan agarsiisu akkuma allaatiin walduukaa balali'ee mukarra qubatu akkasuma daboon hojii oolee yeroo gara mana abbaa daboo galu kan itti fakkeeffamu ta'uudha. Bo'oo lammaffaan ' kormaafi dhaltuu hin beekani ' kan jedhuufi bo'oo sadaffaa 'geerarsa farsoo keessaa' kan jedhu kan agarsiisan allaattiwwan yeroo waliin balali'aniifi waliin bakka ta'e qubatan saalli isaanii adda hin ba'u. Daboonis yeroo danatanii jiran abbaan geerareefi dhiise adda baasuun nama rakkisa jechuudha.Bo'oo arfaffaafi inni dhumaa 'jagnaafi lugna hin beekani' kan jedhu daboon haamaa oolani galgala mana abbaa daboo deemanii nyaatanii dhuganii yeroo quufan hunduu ni geerara. Hunduu quufee waan geeraruuf cimaafi laafaan yookiin jagnaafi dabeessi adda bahee akka hin beekamne ta'uu agarsiisa.

4. 3 Geerarsa Yeroo Calleessaa Midhaanii

Afwalaloon kun daboon yeroo oobdii irratti midhaan calleessan kan itti dhimma bahanidha. Innis waa'ee faayidaa oomisha callaa, dandeettii oomshtummaa isaafi bay'ina callaa irraa argatee wajjiin wal qabsiisuun cimina isaa namoota birootti geerarsaan kan baasee dubbatudha. Wayita kanattis namoota achi keessa jiran gidduutti miirri waliin dorgommii kan uumamuufi oomisha bara itti aanutti wal dursuuf xiiqeffatanii karoora bal'aan hojii irratti akka bobba'an isaan gargaara. Kun dur ture.

Yeroo ammaa akka naannoo keenyaatti calleessaan midhaanii haala lamaan raawwata. Innis: tokkoffaa, namni lafa bal'aa qabu xaafii, qamadii, garbuufi kkf.haamee tuuluun ala isa kaan sassabee xumuree booda sangaa/looniin sirribsiisee calleeffata. Namni lafa bal'aa hin qabne immoo haamee nadoodhaan/bissiidhaan gonbisaatti galchee yeroo barbaadu boroodhumatti dullaadhaan yookiin miillaan rirriituun calleeffatee fayyadama. (Maddi Marii garee 2ffaa Gaafa 6/10/2014) mariisifamerraati.)

4. 3. 1 Cimina ibsuuf

Namoonni dhaabbilee ykn waldaa hawwaasummaafi aadawwan qaban afoolatti fayyadamanii ni cimsu; ni jajjabeessu. Kanaafuu, dhalootarraa kaasee hamma du'aatti wantoota raawwataman ciminaafi gaarummaa isaanii himanii amansiisuun wantoonni dalagan kunniin akka hinbanneefi dhalootaa dhalootatti itti fufinsa akka qabaatan taasisu. . Kanamalees, cimsuun amala yookiin gocha gaarii miseensa hawaasaa keessatti mul'atuuf haamilee kennuuf gargaara. Callaa gaarii argatan kanas akkas jechuun cimina isaanii ibsuuf geeraru:

Fkn.1 Galcheen kuntaalaan kaa'a

Kuntaala sirreeffadhee

Birriishee Calleeffadhee

Galche kuntaala dhibbaa

Kanaaf ollaan na jibbaa

Jibbituun maal

Garaa keessa bobaati na gootii

(Maddi: Afgaaffii dargaggoo Eliyaas A/Jabal Gaafa 20/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa armaan olii bo'oo tokkoffaafi lammaffaa midhaan calleeffadhe kana Yeroo malee hin gurguru kuntaala midhaan itti naqan biteen ittiin olka'adha kan agarsiisudha. Bo'oo sadaffaan midhaan kuntaalaa ol kaa'adhe sana haala gabaa ilaaleen yoo gabaan ho'e gurguree gara qarshiitti jijjiirradha kan jedhu agarsiisa. Bo'oo arfaffaafi shanaffaan immoo Midhaan danuu qotee calleeffadhee waanan galfadheef ollaan na hinaafaa kan jedhu ibsa. Bo'oo jaahaffaafi inni dhumaa namoonni yoo na inaafanis ani omishakoo guddisuu yookaan dabaluu hin dhiisuu dudduubatti hin deebi'uu inaaftuu inaaftee dadhabdee dhiistii yookiin immoo " mortuuun osuma mortuu horuu" akka jechuuti

Fkn 2 Dhaabbadheen mazzansiise

Kiiloo madaala dhaabsisee

Maqaa abbaakoon katabsiise

(Maddi: Afgaaffii Dargaggoo Fu'aad A/Jihaad Gaafa 21/09/2014

Geerarsi armaan olii kun bo'oo tokkoffaafi lammaffaan oomishan galfadhe haala gabaa bareedaa argadheen gabaatti baheen safarsiifadheen gurguradhee kan jedhu agarsiisa. Bo'oo sadaffaan immoo oomishan galfadhe gabaa bareedaatti gurguradhee qarshii bareedaaa waanan argadheef namoonni ilmi abaluu cimeera jechuun maqaa abbasaa waamsisuusaa kan agarsiisudha.

Fkn. 3 Boqqolloo isa shumburaa

Lama shaman gurgura

Xaafii shimala adii

Gurgurekaa lama sadii

(Maddi: Afgaaffii Dargaggoo Abdii A/Rashaad Gaafa 20/09/2014)

Geerarsa armaan olii keessatti bo'oo tokkoffaafi lammaffaan kan ibsu osoo akka har'aa sanyii filatamaan hin dhufiin dura boqolloo bifa garaagaraa qabu sirriitti oomishee lama shan gurguruusaati. Bo'oo sadaffaafi arfaffaan immoo dhuki isaa adii oomisheen gabaatti burcuqqoo tokko qarshii tokkoofi saantima shantamattan gurguree. Kunis gabaa yeroo sanaan ho'aa ta'uusaa kan agarsiisudha.

Fkn.4 Ani maalan waakkadha

Elenfadha raafadha

Sangootaaf burreen qaba

Mirgaaf leencan qaba

Eenyutu najalaa qaba.

(Maddi: Agaaffii Obbo Maashar A/Nagaa Gaafa 20/09/2014)

Afwalaloo geerarsaa armaan oliii keessatti bo'oo tokkoffaafi ani oomisha yoo ta'e sirriitti hojjedhee galfadheera beelli natti dhufa jedhee hin yaadda'us; hin sassadhuus kan jedhu kan ibsudha. Bo'oo lammaffaan immoo yooo saawwan ta'es sirriitti horsiifadheeraa aannan, baaduufi dhadhaa sirriitti itti fayyadamaan jiraa kan jedhu ibsa. Bo'oo sadaffaan immoo Qonnaaf yoota'e sangoota colleen qabaa kanaaf callaa gahaa ta'e dhaba jedhee hin yaaduu kan ibsa. Bo'oo arfaffaan immoo yoo gootummaas ta'e leenca ajjeeseen faacha manaa qaba kan jedhudha. Bo'oo shanaffaafi inni dhumaa " eenyutu na jalaa qaba" kan jedhu immoo eenyutu na qeequu danda'aa yookiin eenyutu natti dubbataa kan jedhu ibsa.

4. 3. 2 Barbaachisummaa ibsuuf

Fkn. 5 Maalan godha Gafarsaa

Ani Xaafiin afarsaa

Qoricha warra adamsaa

Ani daagujjaan tuulaa

Qoricha warra duulaa

Ani qamadiin qotaa

Qoricha warra gootaa

(Maddi: Marii Garee 2ffaa 6/10/2014)

Geerarsi armaan olii kun kan inni hubachiisu goototni cimaa jedhamu iyyuu osoo waan nyaatu dhabee hin jiraatu waan ta'eef gootummaa cimaan oomisha oomishuu akka ta'edha. Haaluma kanaan geeraraan kunis ani ajjeesaa ta'uu hin fedhu,jara iyyuu natu jiraachisa jechuun geerarsaan dubbata.

Fkn 6 Yaa nama nyaatee bulee

Mangaagaatu calaqqisaa

Yaa nama agabuu bulee

Mogoleetu wal harkisaa

(Maddi: Marii Garee 2ffaa irraa Gaafa 6/10/2014

Yaadni waliigala afwalaloo kanaa namni hojjetatee jireenya gaarii qabu fayyaafi bifa gaarii kan qabu yoo ta'u, namni jiruu gaarii hin qabne immoo huqqataafi fayyaa guutuu akka hin qabne kan mul'isudha.

Suuraa 5 yeroo Midhaan Calleeffamu Agarsiisu

4. 4 Geerarsa Yeroo Mana Ijaaran

Uummanni oromoo dandeettii waa kalaquun beekama.Beekumsaafi kalaqa addaa addaa barnootaan ala gonfate hedduu keessaa ijaarsi manaa isa tokko. Daboon mana ijaarsaa akka daboo kaanii haala salphaatti ilaalanii keessaa ooluun hin danda'amu. Sababni isaas namni mana malee halkan tokkoyyuu buluu waan hin dandeenyeef tokkummaadhaan harka walqabatee waljajjabeessaa humna walii ta'uun mana walitti ijaaruun beekama. Keessumaa yommuu baaxii manaa irra kaa'an namni kamiyyuu dhaabbatee hin ilaalu. Namni karaa deemullee itti goree gargaaree darba. Namni dadhabaanillee hamma humna isaa yaadaan cina dhaabbatee tumsuun waan aadeffatamedha.Yeroo ammaa kana garuu namoonni hagasmara xiyyeeffannoon ijaarsa manaa irratti waliif hirmaataa hin jirani. Sababni isaas, jaalalli hawaasaa laafaa dhufuu, aadaan walgargaarsaa laafaa dhufuufikkf. Akkasumas dhimma ijaarsa daboo manaarratti itti fayyadamni afoolaa laafaa dhufeera. (Maddi: Obbo A/Olii A/Fiixaa Gaafa 15/09/2014 fi Obbo A/Zinaab A/Garoo gaafa 16/9/2014fi daawwannaa Gaafa Guyyaa 17/09/2014 irraa)

4. 4. 1 Cimina ibsuuf

Dhimma ijaarsa daboo manaarratti itti fayyadamni afoolaa laafaa haa dhufu malee namoota umuriin isaanii deemeen afoolli itti dhimma bahamaa jiran jiru. Kunis namoonni akkatti cimanii mana ijaarratan ibsuudhaaf geerarsatti dhimma bahuun cimina isaanii ibsu. Kanas akkas jechuun geeraru:

Fkn. 1 Mucaankee isheen qaxaleen

Torbaataman waqare

Shantaman itti dabalee

Kushinaas ijaarsisee

(Maddi: Afgaaffii Obbo Xayyib A/Boor Hajii Gaafa 20/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa armaan olii kun kan ibsu namni mana ijaarratu tokko yoo sirriitti cimee hojjetee m ijaarachuu akka danda'u agarsiisa. Bo'oon inni jalqabaa 'Mucaankee isheen qaxaleen' kan jedhu kun gurbaan inni hojiisaaf bakka kennu, yeroosaatti seeraan fayyadamu, hojii kamiyyuu hin tuffanne cimaa ta'uusaa kan agarsiisudha. Bo'oo lammaffaan immoo kan ibsu mana jireenyaaf qorqoorroo baallee torbaatama ijaarrachuusaa agarsiisa. Bo'oo sadaffaan immoo qorqoorroo baallee shantama kushinaa ijaarrachuusaa kan agarsiisudha.

Fkn. 2 Taa’umsa toora galchee

Waan barri waancaa godhe

Gorrookoos faachan godhe

Ani malaan waakkadha gurbaa

Mana yoo ta’e hoo garmaamsa fardaa

(Maddi: Afgaaffii Obbo Abduljaliil A/Diggaa RaajiI Gaafa 21/09/2014)

Geerarsi armaan olii kun kan agarsiisu bo’ooo tokkoffaan mana ijaarrate keessatti taa’umsa barbaachisan guuttachuusaa agarsiisa. Bo’oo lammaffaan immoo meeshaalee faayaa ammayyaas manaa qabaa kan jedhu agarsiisa. Bo’oo sadaffaan Kan ibsu dur baqqoo deemee ajjeeseera. Kanaaf, gootummaakoos hin daganne kunoo gorroo koorratti faachakoo fanniseeraa jechuu isaa ibsa. Bo’oo arfaffaan ‘ani Malan waakkadha’ Kan jedhu Kan agarsiisu wantin qabu Na gahaa hin sassadhuu jechuusaati. Bo’oon shanaffaafi inni dhumaa mana yoo ta’e hoo ‘garmaamsisa fardaa’ kan jedhu immoo kan agarsiisu manni ani ijaarradhe bal’aadha yeroo gaddaafi gammachuuttis wantin yaadda’uuf hin jiruu kan jedhudha.

Fkn. 3 Hundan baase qorqoorroo

Keessa boqolloon godhe

Irra qorqoorroon godhe

Qorqoorroos addeeffadhee

Maqaakoos qajeelfadhee

(Maddi: Afgaaffii Obbo Abarraa Tulluu Gaafa 28/08/2014)

Geerarsi armaan olii Kun Kan agarsiisu bo’oo tokkoffaan qorqoorroo ijaaruuf bite hunda baasee ijaareeraa irraaas hinhambisne; ittis hindaballee kan jedhudha. Bo’oon lammaffaan immoo kan ibsu manan ijaare keessaa kutaa tokko bakka boqolloo itti galfadhun taasisee jechuu isaati. Bo’oo arfaffaafi shanaffaan Kan ibsan dura namoonni namichi Kun maaliif mana qorqoorrooo hin ijaarratuu jedhanii isa hamataa turani kunoo amma immoo mana qorqoorrookoos ijaarradheera; hameetaa namootaa jalaas baheeraa jechuu isaati.

4. 4. 2 Hawwii qaban ibsuuf

Geerarsi daboo yeroo ijaarsa manaa ergaafi hawwii qaban ibsuuf ni tajaajila. Hawwii jechuun waan bira ga'uuf hawwan, fedhanifi yaadaa ofii galmaan ga'achuudha. Geerarsa daboo yeroo ijaarsa manaa keessattis namoonni waan hawwaniifi barbaadan qabu. Kana bira ga'uun immoo salphaa miti. Bu'aa ba'ii adda addaa keessa darbuun ta'a. Kunis cimanii hojjechuu, waa olka'achuufikkf. Namichi yeroo dhihootti mana ijaarrachuuf hawwii qabu akkas jechuun Geerara:

Fkn. 4 Xinnoon Bubbula Malee

Gumjookoon Gurgura Malee

Haa ta'u Akkasuu Bullaa

Unuufoo Kunoo Gurraa

(Maddi: Afgaaffii Obbo Abarraa Tulluu Gaafa 28/09/2014)

Geerarsi kun namoota mana ijaaraa jiran sana keessa nama mana bareedaa hin ijaarranne geerarsaan tuqniiniintu takkan jedhamalee sangaa dhumakoo natti taati malee anis nan ijaarradha jedhee hawwii qabu kan geerare agarsiisa. Walumaa galatti, geerarsi daboo yeroo ijaarsa manaa kun ergaafi hawwii qaban ibsuuf ni tajaajila. Kan namni naan jedhu iyyuu bagan dhagahadhe jechuudha.

4. 4. 3 Inaaffaa Agarsiisuuf

Hawaasa waliin jiraatu keessatti inaaffaan ni mul'ata. Inaaffaan kunis bifa lamaan ilaalamuu danda'a. Innis tokkoffaan Nama hojii tokkoof karoorfatee tooftaa adda ta'een hojii hojjetu argee karooraafi tooftaa namichaarratti kan isaa dabaluun hojii hojjetutti yoo milkaa'e inaaffaan kun akka milkaa'inaatti ilaalama. Lammaffaan immoo ofii karooraafi tooftaa hojii hin qabu. Garuu, karooraafi tooftaa namni biraan ittiin milkaa'e taa'ee inaafa. Namni tokko dhama'ee mana bareedaa yoo ijaarrate, namni hojii hin jaallanne tokko tokko immoo hojii dhumakooti jedhee inaafa yookiin goomata. Hawaasni inaaftuusaa yookiin goomattuusaa beeka. Kanaaf, Nama isa inaafu kana afwalaloo geerarsaatti gargaarameeittiin of irraa gab godha. Akkas jechuun:

Fkn 5 Ati ijaari yaa ijaartuu

Ijaartuun ni ijaartii

Ati inaafi yaa inaaftuu

Inaaftuun ni inaaftii

Mana ijaarrachuun bonaa

Arfaasaan yandoo qabdii

Na jaallachuun ifatti

Kan dhoksaa yaaddoo qabdii

(Maddi: Af Gaaffii Obbo A/Olii A/Fiixaa Gaafa 15/09/2014)

Buufata walaloo lameen jalqabaa yoo ilaalle akkuma namni mana jaaru jiru namicha mana ijaarratu sanas kan inaafu jiraachuu dha. Yaadni Kun daboon afwalaloo kanatti fayyadamee ijaarsa manaa yemmuu raawwatu namicha mana ijaarrachaa jiru kan inaafu daboo sana keessa yoo jiraates yoo hin jiraannes ittiin kan qeeqanidha. Buufanni walaloo itti aanu immoo waktiilee manni itti ijaaramuufi hin ijaaramne jiraachuu agarsiisa. Kunis yeroo arfaasaa rooba cimaan waan jiraatuuf manni waktii Bonaa utuu roobni hin eegaliin ijaaramuu hubachiisa.

Fkn. 6 Abbaan Maccaa Mana oliikse Bakka

Yaa goomattuu Waan Ati Gootun Argaa

(Maddi: Daawwannaa Gaafa 17/09/2014)

Geerarsi armaan olii kan agarsiisu Nama ollaasaa goomatutu jira. Gaafa ollaansaa mana ijaarratu duruu inuma goomatta amma maal gootaa taa'ituma aadii kan jedhudha.

4. 4. 4 Qeequuf

Qeequun waantoota adda addaatti fayyadamuun waan tokko namatti agarsiisuu yookiin hojii namni tokko hojjete tokko qeequun namichi akka of argu gochuudha. Jieenya dhala namaa keessatti akkuma waantoonni gaarii ta'an hojjetaman al tokko tokko waantoonni gaarii hin taanes ni raawwatamu. Oromoon aadaa isaa keessatti waantoota gaarii ta'an ni jajjabeessa; wantoota yaraa ta'an immoo ni qeeqa. Namoota daboo ijaarsa manaa oolaniif abbaan daboo yoo haala gaarii ta'een hin keessummeessine yookiin Manni inni ijaarachuu qabuufi inni ijaarrate wal hin madaalu yoo ta'e geerarsa armaan gadiitti gargaaramee qeeqa. Kanas akkas jechuun:

Fkn. 7 Manakee dilbii keessaa

Godoo ijaartuu taanekaa

Golakee dilbii keessaa

Qochoo nyaattuu taanekaa

(Maddi: Afgaaffii Obbo Abarraa Tulluu Gaafa 28/09/2014)

Geerarsi Kun bo'oo tokkoffaafi lammaffaa manakee keessa osoo qabeenyi jiruu Mana yartuu ijaarrattee akkasumas, bo'oo sadaffaafi arfaffaan golakee keessa wanti bareedaan nyaatamu osuma jiruu waan hin taane nu nyaachifte ati ofiifis namaafi ni sassattaa kan jedhu kan ibsudha.

Fkn.8 Farsoonillee bishaanii

Biddeennillee midhaanii

Maal arginee rakkoo bara kaanii (Afgaaffii Obbo Abarraa Tulluu Gaafa 28/09/2014)

Afwalaloon geerarsaa kun immoo nyaanniifi dhugaatiin jarri nuuf kannan rakkoo kana duraa nu yaadachiise. Bara rakkoo namni ni doqnooma jechuudha. Walumaagalatti, ergaan afwalaloo kanaa wandarbe tokkorra dhaabbatanii isa har'aa qeequun akka danda'amu nu hubachiisa.

Fkn. 9 Maal itti goota mana citaafi galabaa

Qorqoorroo ijaarrata ilmi namaa

(Maddi: Afgaaffii obbo Abarraa Tulluu Gaafa 28/08/2014)

Namni kaan qorqorroo ijaarrannaan inni tokkommoo akkuma humna isaatti mana citaa ijaarrannaan ittiin qeeqani.Yaada walii gala namoota marii garee tokkoffaafi lammaffaa irratti hirmaatan kennan qabiyyeewwan geerarsa daboorratti namoonni baratan geerarsa daboo qonnaa, geerarsa daboo haamaa/muraa/, geerarsa daboo calleessaa, geerarsa daboo ijaarsa manaafi kkf. irratti akka godinaatti waan hawaasa keenya keessa jiru sassaabuun bifa kitaabaan osoo dhaloota biraan gahani bareeda.Yoo kana hin taane ijoolleen keenyi eenyummaa isaanii dagataniiru. Neetoorkii nama biraatiin hojjechaa jiru. Kun immoo eenyummaa ofii wallaluu waan ta'eef abbootiifi qaama baraterraa waan guddaatu eegama.

Suuraa 6 daboo yeroo ijaarsa manaa agarsiisu

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun mata duree sadii ofkeessatti qabata. Isaanis: cuunfaa, argannoofi yaboodha. Qabxiileen kunis duraa duubaan haala armaan gadiin dhiyaataniiru

5. 1 Cuunfaa

Qorannoon kun mata duree xiinxala ergaa geerarsa daboo godina Jimmaa aanaa Sokorruu irratti kan geggeeffamedha. Kaayyoon qorannoo kanaa ergaawwan geerarsa daboo ittiin gargaaraman xiinxaluun barreeffamaan dhaloota duubaan dhufaniif olkaa'uudha. Qorannoon kunis mala akkamtaan adeemsifamee jira. Iddattoo mit-carraan kan filatamedha. Namoota naannoo sanii waa'ee geerarsa daboo irratti hubannoofi muuxannoo qaban jedhamanii yaadaman irraa odeeffannoon karaa afgaaffii, marii gareefi daawwannaan walitti qabaman qacceffamaniiru. Hawaasicha biratti gosootni afwalaloo yeroo daboo dhiyaatus geerarsa dabooti. Isaanis haala dhiyaannaa isaaniitiin waktii hojii yeroo sanaa irratti bakka hojiitti kan dhiyaatanidha.Tokkoon tokkoon afwalaloo kunis boqonnaa afur jalatti dhiyaatanii jiru. Geerarsi daboo yeroo ammaa duubatti harkifachaa dhufuun isaa ni mul'ata. Sababni ijoon dhaloonni si'anaa faayidaa geerarsa daboo hubannaa gahaa dhabuufi dhiibbaawwan gama amantiifi teekinooloojiin dhaloota ammaa biratti geerarsi laafaa dhufeera. Afwalaloon hojii sana si'eessuufi hariiroo hawaasichaa cimsuuf gahee olaanaa qaba.

5. 2 Argannoo

Argannoo qorannoo kana keessatti qorannoon kallattii adda addaan argame boqonnaa afur jalatti xiinxalamee hiikamee jira gaaffilee bu'uuraa boqonnaa tokko jalatti ka'an irratti hundaa'uun argannoon akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

- Yoomessa geerarsa daboo: Yoomessa geerarsa daboo hojii: geerarsoonni daboo hojii kan gaggeeffaman yeroo hojiiwwan sun raawwatamaniifi raawwii hojiichaan booda kan gaggeeffamu ta'u isaa. Innis, yeroo haamaa bakka haamaatti waqtii Bonaa, yeroo qonnaa bakka qonnaatti waqtii Arfaasaafi Gannaa, yeroo Birraa yeroo haamaa midhaani yeroo midhaan dha'iinsaa bakka oogdiitti waqtii Bonaa akka ta'e qorannoo kanaan adda baheera.
- Qabiyyeewwan geerarsa daboo ibsan: Hubannoo hawaasummaafi eenyummaa cimsuu, Diinagdee cimsuu, hubannoo siyaasaa cimsuu akka ta'e adda baheera.
- Ergawwan geerarsa daboo; cimsuuf, jajuu, gaabbii, barbaachisummaa ibsuu, qeequu, akeekkachiisuu, rakkina ibsuu, komii, onnachiisuu, hawwii ibsuu, badhaadhinaa yeroo ofiitti seeraan fayyadamuu, inaaffaa agarsiisuu akka ta'e qorannoo kanaan ibsameera

- Faayidaa geerasi daboo: fedhiifi kaka'umsa hojii namatti horuun hojii oomishaatiif milkaa'ina kenna, amaloota badaa ta'an balaleffachuuf, aadaa yookiin seerri uummatichaa akka hin cabne eeguuf, nageenyaa, jaalalaa, wal hubachuu, wal kabajuu, kutannoo hojii qabaachuu, dhibaa'ummaafi hirkatummaa balaaleffachuu, waliin jiraachuufi tokkummaa hawaasichaa cimsuu akka ta'e gammachuufi boqonnaa nama gonfachiisuun dhiphinaafi yaaddoo namni qaburraa qaamaafi sammuu namaa walaboomsuuf, hojiif miira namaa kakaasuuf, kallattiifi al kallattiin fedhii keessa ofii ibsachuuf, tattaaffii hojii akka qabaatan isaan taasisa, bu'aa hojii irratti hubannoo kan namatti horuufi namoota gidduutti miira waliin dorgommii uumuun misooma saffisiisuun galii misoomaa kan olguddisu ta'uu ibsameera.

5. 3 Yaboo

Yaboon qorannoo kanaa argannoo bu'uuraa irratti hundaa'uun akka armaan gadiitti ibsameera.

- ❖ Gamtaan hojjechuu keessatti hawaasichi (manguddoonni) qabiyyee geerarsa daboo dhiyaatan maalfaa akka ta'e, akkamitti akka dhiyaataniifi maaliif akka barbaachisan hawaasichi ijoollee (dargaggoota) barsiisuun hubannoo keessatti uumuun qajeelchuu qabu. Dargaggoonnis abbootii isaaniirraa aadaafi duudhaa barachuun addunyaa jijjiramaa jirtu keessatti saayinsiifi teekinooloojiin liqinfamuurraa afoola saayinsiifi teekinooloojiitti fayyadamuun ammayyeessanii itti fayyadamuu qabu.
- ❖ Ilaalchota hordoftoonni amantii garaagaraa geerarsa daboo irratti qaban karaa abbootii amantiifi gaggeessitoota amantii sirraa'ee akka duudhaa uummatichaatti fudhatamee yoo kunuunfame gaarii ta'a.
- ❖ Waajjirri aadaafi tuurizimii, barsiisonni Afaan Oromoofi qaamni dhimma kana ilaalu biroon waliin ta'uun geerarsa daboo sassaabuun bifa dookumemteriifi barreeffamaan osoo kaa'anii dhaloonni haaraan akka irraa baratan taasisani gaariidha.
- ❖ " Qabaa mucaakoo natu beeka" jette haati orma harkaa mucaashee fuutee akkuma jedhamu Hayyoonni Afaanii, aadaafi seenaa ammaan booda keessaafi alaan warren afoola keenyarratti qorannoo sirrii gaggeessaa turan galateeffachaa kan dabsan immoo seenaan isaan haa gaafatu jechaa faayidaa afoolaa beekuun qorannoo gadi fageenyaa irratti gaggeessuun dhaloota dhufuuf osoo dabarsanii gaarii ta'a.
- ❖ Dhaloonni amma jiru humna baratan waan ta'aniif dhiibbaa kallattii adda addaan afoolli akka laafu taasisan mara hubatanii osoo itti fufsiisanii guddina dinagdeefi hawaasummaa uummatichaaf gahee guddaa kan qabudha.

- Dabalataanis dhalootni ammaa liqimfamuu irraa osoo of qusatanii afoola beekanii aadaafi eenyummaa saba isaanii ittiin ibsachaa dhaloota biroof osoo dabarsanii gaarii ta’a.
- Walumaagalatti afwalaloo hojii cimsuuf gargaaran walqabatee kan jiru hawaasicha biratti gahee guddaa qaban kunuunsuun qaama tokko qofa osoo hin taane nama hunda waan ilaallatuuf namni kamiyyuu itti fayyadamuun tursiisuun gaariidha.

Wabiilee

Abarraa Nafaa.(1999). *Afoola OromooTuulamaa:* Walaloo Geerarsaa,Faaruleefi Sirboota Adda Addaa. Qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo, BATO:Finfinnee.

Addisuu Tolasaa.(1999). *Geerarsa Folk Song as the Oromoo National Liteature:* Astudy, Ethiography, folklore, And folk life in the Context of the Ethiopia Colonization of Oromia.USA: The Edwin Mallen Press.

Addunyaa Barkeessaa .(2011).*Akkamtaa:* Yaadrimee Qorannoo Hujoo. Finfinnee: Oromiyaa.

Addunyaa Barkeessaa. (2014) *Semmoo, Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo. M*ana maxxansaaFar east Trading Plc Oromiyaa, Finfinnee.

Ben Amos, D. (1977*). Folklore In African Society*: In RAL.Vol.6 No 6. .

Berg B. (2001). *Qualitative Research Methods for the Social sciences*. California State University, Long beach

Bukenya. A. (199). *Understanding Oral Literature*: Narobi: Narobi Unversity Press.

Dundes. Alan (1965). *The study of Folklore*: Endlewood Cliffs, N.J.: Prentice-Hall.

Fedhasaa Taaddasaa (2013) .*Subii:Bu'uura Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Subii printing Price.

Fekede Azeze. (1991*). Introduction to Oral Literature*: Artistic Printing Enterprise .

Filee Jaallataa. (2019). *Malleen Qorannoo*: Mana maxxansaa ADP: ADP printing press.

Finnegan, R. (1970) *Oral Literature in Africa*, Oxford: Clarendon Press.

Finnegan, R.(1976). *Oral literature in Africa.* Nairobi University press.

Finnegan, R. (1977) *Oral Poetry: its Nature, Significance and Social Context*, Cambridge: Cambridge University Press . 2nd edition, Bloomington: Indiana University Press.

Finnegan, R. (1992). *Oral Tradition & Vrebal Arts*: A Guide to Research Practice, London, and New York, Routledge.

Geetaachoo Rabirraa. (2016). *Furtuu:*Seerluga Afaan Oromoo.Finfinnee: Kuraz international

Gemeda Eshete. (2007). *Oral Literature as a field of scholarship:* Folklore Genres in Socio Cultural and Political Environment.

Hinseenee Makuriyaa.(2010). *Gaachana Kormaa*:Addis Ababa, Ethiopia: Printing by Far East Trading PLC

Merriam, A.P. (1969) *The Anthropology of Music, Evanston*: North Western University Press.

Misgaanuu Gulummaa. (2011.) *Dilbii:bu'uura Afoola, Og-afaaniifi Af-walaloo Oromoo*. Finfinnee: subi Printing press.

Misgaanuu Gulummaa. (2012). *Yandoo*: Ogumaafi Ogbarruu Oromoo. Finfinnee

Neuman ,L.W .(2007). *Basic social :*Qualitative and Quantitative Approaches. (2nd ed).Bost peason Edu.Cailiral IC

Okopewho, Isidore. (1992).*African Oral Literature*: Background, Character, and Continuity. Bloomington and IndianaPolis,In:Indiana University Press.

Propp, Vladimir. (1968). *The Morphology of the Folktale*. 2nd ed. Austin: University of Texas Press.

Richard, Dorson.(1972). *Folklore and falklife*: An introduction. Chicago and London: The Univarsity of Chicago Press.

Sims and Stephens .2005. *Living Foklore*: An Introduction to the Study of People and their Traditions. Utahstate: Utah State University Press

Sumner, Claude. (1996). *Proverbs, Falktales: an Anthology of Oromo literature,* Gudina Tumsa

Foundation, AA: Centeral Printing Press.

Yaaddessaa Tolasaa.(2016).*Malleen Qorannoo Walii Galaa*: Finfinnee:Printed by Far East Trading PLC.

Dabalee A

QORANNOON KUN QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATUDHA

Af-gaaffii raga himtoota afgaaffii irratti hirmaataniif qophaa'e.

Kabajamtoota odimtootaaf ga-affii qorannichaa, qorannoon kun, mata duree xiinxala ergaa geerarsa daboo : Haala godina Jimmaa aanaa Sokorruu jedhurratti xiyyeeffata.

Kaayyoon qorannoo kanaas geerarsa daboo Oromoo aanaa Sokorruu walitti qabuun ergaa geerarsa daboo xiinxaluudha. Kanaafuu, ergaa geerarsoota daboo hawaasni aanaa kanaa (Oromoo) itti fayyadamaa tureefi ammas itti fayyadamaa jiru sodaa tokko malee ifaafi bilisaan gaaffii waa'ee geerarsaa daboo akka naa himtaniifi geerarsa beektan akka naa geerartan yookiin walaloosaa akka naa himtan kabajaan isin gaafadha. Gumaacha naaf gootaniif guddaa galatoomaa!

Maqaa_____Saala_____Umurii_____

Ganda_____Gahee Hojii _____Sad.Barnootaa_____Guyyaa_____

Qajeelfama: Afgaaffii armaan gadii dhiyaataniif haala gaafatamterratti (Gaafatamtan Irratti) hundaa'uun afaaniin deebii (kee) keessan kennaa.

1. Yoomessi geerarsa daboo maal fa'i? Tarreessaa! Yoomessa geerarsa daboo tarreessitan kanaaf geerarsa jedhamu yeedaloon (sagaleen) yookiin walaloosaa naaf himaa yookiin jedhaa.

2 Qabiyyeewwan geerarsa daboo maal fa'i?

3.Ergaawwan geerarsa daboo maal fa'i?

4. Faayidaan geerarsi daboo qabu maali?

Dabalee B

QORANNOON KUN QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATUDHA.

Gaaffii raga himtoota marii Garee Xiyyeeffataaf Qophaa'e Agarsiisu.

Jaallatamoo od-himtootaa marii garee qorannoon kun mata duree xiinxala ergaa geerarsa Daboo: Haala godina Jimmaa aanaa Sokorruu jedhurratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoon qorannoo kanaas, ergaa geerarsa daboo danaa Sokorruu xiinxaluudha. Kanaafuu, ergaa geerarsoota hawwaasni aanaa kanaa (Oromoo) itti fayyadamaa tureefi ammas itti fayyadamaa jiru irratti hundaa'uun sodaa tokko malee ifaafi bilisaan gareen mari'attanii deebii akka naaf laattan kabajaan isin gaafadha. Deggersa naaf gootaniif duraan dursee isin galateeffadha.

Qajeelfama: Gaaffiilee Armaan Gadiitti Isiniif Dhiyaate Irratti Gareen Erga Mari'attanii Booda Afaaniin Deebii Keessan Kennaa.

1. Yoomessi geerarsa daboo maal maal fa'i? tarreessaa! yoomessa geerarsa daboo tarreessitan kanaaf geerarsa jedhamu yeedaloon (Sagaleen) yookiin walaloosaa waliin mari'achuun naaf himaa/jedhaa.

2. Qabiyyeewwan geerarsa daboo maal fa'i ?

3. Ergaawwan geerarsi daboo hawaasa keessatti qabu maalfa'i?

4. Faayidaan geerarsi daboo hawaasa Oromoo keessatti qabu maali?

5. Dhaloonni ammaa kun geerarsa daboo geeraruu beekaa? Yoo hin beekne maaliif wallalan?

6. Geerarsi daboo dhaloota dhufu hunda biratti akka yaadatamuufi akka darbu taasisuuf qaamota dhimmi ilaallaturraa maaltu eegama jettanii yaaddu?

7.Yaanni addaa isin geerarsa daboorratti qabdan maali?

Dabalee C

QORANNOON KUN QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATUDHA.

Cheek-listii Daawwannaaf Qophaa'e Agarsiisu.

T/L	Gaafannoo	Guyyaa Daawwannaan Gaggeeffame
1	Bakka yoomessi daboo uumame deemuun Geerarsi daboo haaluma duriin itti fufee jiraachuusaa adda baasuu	
2	Qabiyyee geerarsa daboorratti geerarsi dhimmicha ilaallatu geeraramaa jiraachuu adda baasuu	
3	Faayidaa geerarsa dabootti amanuun yeroo ammaa kana manguddoonni dargaggoota barsiisaa jiru? Dargaggoonnis Abbootii isaaniirraa baruuf hangam akka fedhii qaban daawwachuu	gaafa guyyaa 17/09/2014, gaafa guyyaa 18/09/2014fi
4	sochii qaamaa (Irree, mataa, ijaafi miila), haala taa'umsaafkkf. Akkaataa raawwiisaa daawwachuu	gaafa guyyaa 28/10/2014
5	Ergaawwan geerarsi daboo hojii dabarsan adda baasuu	
6	Yeroo geerarsa daboo hojii miira hojjettoota irratti mul'atan daawwachuu	
7	Sadarkaa geerarsi daboo hojii irratti argamu daawwachuu	

Dabalee D

Maqaa ragaa-himtoota af-gaaffii odeeffannoo kennan

T/L	Maqaa Guutuu	Saala	Umrii	Ganda	Gahee Hojii	Sadarkaa Barnootaa	Guyyaa Odeeffannoo kennan /fudhatame
1	Awwal A/Fiixaa	Dhi	52	Cophaa	Qonnaan /Bulaa	Hin qabu	18/08/2014
2	Abdoo Sheek Shariif	Dhi	50	Unkurree	Qonnaan /Bulaa	Hin qabu	25/08/2014
3	Abarraa Tulluu	Dhi	60	Dannabaa	Qonnaan /Bulaa		28/08/20214
4	A/Jabal A/Bulguu	Dhi	60	Geebjiroo	Waardiyyaa M/B	Hin qabu	15/09/2014
5	A/Jihaad A/Bulguu	Dhi	63	Geebjiroo	Waardiyyaa B/F	Hin qabu	15/09/2014
6	A/Olii A/Fiixaa A/Machii	Dhi	75	Geebjiroo	Jaarsa Biyyaa	Hin qabu	15/09/2014
7	Gaalii A/Jihaad A/Sambii	Dhi	22	Geebjiroo	Barataa	10	15/09/2014
8	Rihaad A/Olii	Dhi	21	Geebjirii	Barataa	8	15/09/2014
9	A/Zinaab A/Garoo	Dhi	72	Wiidaay	Jaarsa Biyyaa	Bu'uura	16/09/2014
10	A/Biyyaa A/Waarrii	Dhi	65	Wiidaay	Qonnaan Bulaa	Hin qabu	16/09/2014
11	Rashaad A/jIHAAD	Dhi	30	Wiidaay	Qonnaan Bulaa	Hin qabu	16/09/2014
12	Mahaammadamiin A/Fiixaa	Dhi	38	Dannaba	M/Galmee B/F	10	18/09/2014
13	Xayyib A/Boor Hajii	Dhi	42	Caalaa	Qonnaan Bulaa	2	20/09/2014
14	RashaadA/Boor A/Qoyyaas	Dhi	48	Unkurree	Qonnaan Bulaa	2	20/09/2014
15	A/TamaamA/Milkii A/Garoo	Dhi	54	Unkurree	Qonnaan Bulaa	6	20/09/2014
16	Mahaammad A/Garoo	Dhi	57	Unkurree	Qonnaan Bulaa	4	20/09/2014
17	Zaakiir A/Garoo A/Bulguu	Dhi	38	Cophaa	Qonnaan Bulaa	4	21/09/2014
18	Abduljaliil A/Diggaa Raajii	Dhi	40	Cophaa	Qonnaan Bulaa	4	21/09/2014
19	A/Jihaad A/Diggaa	Dhi	60	Dannaba	Waardiyyaa M/B	Hin qabu	18/09/2014
20	Ridaa A/Diggaa	Dhi	38	Dannaba	Waardiyyaa M/B	8	18/09/2014
21	Ridaa A/Moggaa	Dhi	37	Dannaba	Bar	DIP	18/09/2014
22	A/Zinaab A/Gumbul	Dhi	45	Dannaba	Qonnaan Bulaa	5	18/09/2014
23	Eliyaa A/Jabal	Dhi	26	Dannaba	Qonnaan Bulaa	3	20/09/2014
24	Abdii A/Rashaad	Dhi		Caalaa	Qonnaan bulaa	6	20/09/2014
25	Maashar A/Nagaa	Dhi	33	Unkurree	Qonnaan Bulaa	Hin qabu	20/09/2014
26	Fu'aad A/Jihaad	Dhi	25	Cophaa	Qonnaan bulaa	7	21/09/2014

Dabalee E

Maqaa ragaa-himtoota Marii Garee 1ffaa n kennan

	Maqaa Guutuu	Saala	Umrii	Ganda	Gahee Hojii	Sadarkaa Barnootaa	Guyyaa Odeeffannoon Fudhatame
1	A/Olii A/Fiixaa	Dhi	75	Geebjiroo	Jaarsa Biyyaa	Hinqaban	
2	A/Jabal A/Bulguu	Dhi	60	Geebjiroo	Wardiyyaa M/B	Hinqaban	17/09/2014
3	A/Zinaab A/Garoo	Dhi	72	Wiidaay	Jaarsa Biyyaa	Bu'uura	
4	A/Biyyaa A/Waarrii	Dhi	65	Wiidaay	Q/Bbulaa	Hinqaban	
5	Gaalii A/Jihaad	Dhi	22	Geebjiroo	Barataa	10	
6	Rashaad A/Jihaad A/Goojjam	Dhi	30	Wiidaay	Q/Bulaa	Q/Bulaa	

Dabalee F

Maqaa ragaahimtoota Marii Garee 2ffaa n kennan

	Maqaa Guutuu	Saala	Umrii	Ganda	Gahee Hojii	Sadarkaa Barnootaa	Guyyaa Odeeffannoon Fudhatame
1	A/Jihaad Diggaa A/Garoo	Dhi	60	Dannabaa	Wardiyyaa	----	
2	Mahaammadamiin A/Fiixaa	Dhi	38	Dannabaa	M/Galmee B/F	10	
3	Xayyib A/Boor Hajii	Dhi	42	Caalaa	Qonnaan Bulaa	6	
4	A/Tamaam A/Milkii A/Garoo	Dhi	54	Unkurree	Qonnaan Bulaa	6	6/10/2014
5	Ridaa A/Diggaa	Dhi	38	Dannabaa	Waardiyyaa	8	
6	Rashaad A/Boor Qoyyaas	Dhi	48	Unkurree	Qonnaan Bulaa	2	
7	Mahaammad A/Garoo Diduu	Dhi	57	Unkurree	Qonnaan Bulaa	4	
8	AbduljaliilA/Diggaa Raajii	Dhi	40	Cophaa	Qonnaan Bulaa	4	
9	Zaakiir A/Garoo A/Bulguu	Dhi	40	Cophaa	Qonnaan Bulaa	4	
10	Ridaa A/Moggaa	Dhi	37	Dannaba	Bar	Dip	

Dabalee G

Suurawwan ragaa himtootaa

Suura 1 Afgaaffii Obbo Awwal A/Fiixaa Ganda Cophaa

Suuraa 2 Af Gaaffii Obbo Abdoo sheek Sharaf Ganda Unkurree

Suuraa 3 Afgaaffii Obbo Abarraa TulluuGanda Dannabaa

Suuraa 4 Afgaaffii Obbo A/Jabal A/Buluu Ganda Geebjiroo 15/9/2014

Suuraa 5 Afgaaffii Obbo A/Jihaad Ganda Geebjiroo 15/9/2014

Suuraa 8 Afgaaffii obbo A/Olii Ganda Geebjiroo 15/9/2014

Suuraa 6 Afgaaffii Dargaggoo Gaalii A/Jihaad A/Sambii Ganda Geebjiroo 15/9/2014

Suuraa 7 Afgaaffii dargaggoo Rihaad A/Olii Ganda Geebjiroo 15/9/2014

Suuraa 8 Afgaaffii Obbo A/Zinaab Ganda Wiidaay

Suuraa 9 Afgaaffii Obbo Biyyaa A/Waarrii Ganda Wiidaay 16/9/2014

Suuraa 10 Afgaaffii Dargaggoo Rashaad A/Jihaad A/Goojjam Ganda Wiidaay 16/9/2014

Suuraa 11 Maree Garee 1ffaa Ganda Geebjiroorratti Gaafa 17/09/2014 Gaggeeffame Agarsiisu.

Suuraa 12 Marii Garee 2ffaa Ganda Dannabaarratti Gaafa 6/10/2014 Mariisifame Agarsiisu.